Addis Ababa University
አዲስ፡አበባ፡ዩኒቨርሲቲ
SEEK WISDOM, ELEVATE YOUR INTELLECT AND SERVE HUMANITY !

# QAACCESSA UNKAAFI AKKAATAA HOJIIWWAN GALAANAA GAAROMSAA BARA 2008 HANGA 2014FI SIRBOOTA AADAA

**ABARRAA WAAQJIRAA YAADATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'EE, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**WAXABAJJII, 2017/2025**

**FINFINNEE**

# QAACCESSA UNKAAFI AKKAATAA HOJIIWWAN GALAANAA GAAROMSAA BARA 2008 HANGA 2014FI SIRBOOTA AADAA

**ABARRAA WAAQJIRAA YAADATAA**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII**

**GORSAAN: ASAFAA TAFARRAA (PHD)**

**WAXABAJJII, 2017/2025**

**FINFINNEE**

Yuunivarsiitii Finfinnee

Dhaabbata Qorannoo Digiriitiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu gamisaan guuttachuuf Abarraa Waaqjiraa Yaadataa mata duree: “Qaaccessa Unkaa Fi Akkaataa Hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa Bara 2008 Hanga 2014fi Sirboota Aadaa” Jedhu irratti qophaa’e ulaagaa sadarkaa yuunivarsiitiin kaa’ame guutee jira.

Koree qormaataa

Gorsaa ________________________________ Mallattoo __________ Guyyaa __________

Qoraa keessaa ____________________________Mallattoo __________ Guyyaa __________

Qoraa Alaa ________________________________ Mallattoo __________ Guyyaa _________

## *Axeeraraa*

*Qorannoon kun mata duree "Qaaccessa Unkaa fi Akkaataa Hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa Bara 2008 Hanga 2014fi Sirboota Aadaa"irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, ka'umsi qorannoo kanaa sirboonni haaraa (ammayyaa) qophaa'an hariiroo isaan sirboota aadaa waliin qaban qorachuun rakkoo dagatamuu sirboota aadaa baraaruun dhalootaaf akka darbu gochuudha. Kaayyoon qorannoo kanaas unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa Bara 2008 Hanga 2014 fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uudhaaf qorataan mala akkamtaa hojiirra oolchee jira. Irraawwatamni qorannoo kanaa hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboonni aadaa filatamanii jiru. Qorannoo kana keessatti akka madda odeeffannootti kan fudhataman sagaleefi suursagalee hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014 fi sirboonni aadaa qorannicha keessatti haammatamaniiru. Iddattoo filachuudhaaf mala iddattoo miti carraa keessaa malli miti carraa akkayyoo hojiirra oolee jira. Bu'uuruma kanaan mala ragaa sakatta'uu fayyadamuun sirboota aadaa qorannoo kanaaf barbaachisan funaanuuf ragaalee sagaleefi suursagaleedhaan marsaalee hawaasaa irratti argamaniifi barreeffamaan jiran funaanuuf hojiirra oolanii jiru. Malli qaaccessa ragaa mala walbira qabaa (comparison) fayya damuun walaloo sirboota Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa filataman walbira qabamuun mala akkamtaatiin kan qaacceffame yoo ta'u, ragaalee sagaleefi suursagaleen jiran gara barreeffamaatti jijjiiruudhaan kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf akka ragaa qorannoof ta'utti mata duree gurguddaa lamaan unka hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa jalatti argaman kanneen akka walaloo unka cufaa, walaloo unka banaa, toora, safara, birsaga, buusaga (walunata sagalee), dhikkisa (yaa'a sagalee),cabsata (buusaa)fi durdura sagaleetti qindaa'anii jiru. Mataduree akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa jedhu jalatti ammoo mata duree xixiqqaa kanneen akka filannoo jechootaa, tartiiba jechootaafi malleen dubbiitti qoqqooduun mala akkamtaatti fayyadamuun qaacceffamanii jiru. Haaluma kanaan, qaaccessa unka hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi Sirboota Aadaa keessatti taassifaameen unka cufaa, unka banaa walbira qabamee qaacceffamee jira. Dabalataanis, qaaccessa Buufata, safara, dhikkisa, birsaga, buusaga (walunata sagalee), cabsataafi durdura sagaleetiin qaacceffameen unkoonni hojii Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa keessatti argaman adda bahanii hariiroon isaan gidduu jiru hubatamee jira. Bifuma walfakkaatuun, akkaataa dhiyaannaa hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa jalatti ilaalamuu qaban keessaa filannoon jechootaa, tartiiba jechoonni ittii qindaa'aniifi itti fayyadama malleen dubbii irratti qaaccessi gadifagoon gaggeeffamee malleen dubbii hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa keessa jiran maal fa'aa akka ta'aniifi walitti dhufeenyi filannoon jechootaa, tartiiba jechoonnifi gama fayyadama malleen dubbiin jiranis qaacceffamanii jiru. Unkoonni sirboota aadaas dagatamaa akka hindeemneef qaama kamiinuu xiyyeeffannoon osoo kennameefi gaariidha. Haalli bo'oowwan buufata keessaa, safarri, dhikkisni sagalee, walunatni sagalee fi durdurri sagalee walalootti sirboota ammayyaa keessatti qophaa'u unka sirboota aadaa tursuu akka danda'utti osoo ta'ee, Akkaataan fayyadamaa, tartiiba qindoomina jechootaafi malleen dubbii ergaan dabarsuuf gahee olaanaa waan qabuuf hojii walaloo kam keessattuu osoo xiyyeeffatamee gaarii ta'a.*

# GALATA

Hunda dursee waaqa uumaa koo isa najiraachisee waan hundumaa irra na’aansee akkan sadarkaa kanarra gahu nagodheef galanni koo daangaa hinqabu. Qorannoon kun akka barraa’etti kompiirata irratti hafuuf ture. Waaqayyo ammoo didee naaf falmee waanjoo du’aa cabsee akkan dandamadhee dhiyeessuuf carraa jireenyaa waan naaf kenneef galanni koo itti xiqqaata. Itti aansuudhaan gorsaa koo akkan qorannoo kan gaggeessuuf kallattii naqabsiisaa kan turan Asafaa Tafarraa (PhD)tiif galanni koo guddaadha. Dabalataanis, maatii koo hundaafi haadha warraa koo akkan jabaadhee qorannoo kana hojjadhuuf humnaafi yaadaan nadeeggaraa turtanis galatoomaa! Itti aansuunis, hiriyoota koo hundumaa dhimma qorannoo kanaan walqabate hundarratti nagargaartaniif galata keessan hindaganne.

## Jibsoo (Hiika Jechootaa)

| | |
|---|---|
| Adiyyoomte | hiyyoomte, onte ykn duwwaatti hafte |
| Dabooroo | dabeessa, lugna, seesaa (Nama gootummaan itti hir’atu) |
| Doloolloo | sulula daandii bishaanii qabu, laga xiqqoo bishaan qabaachuus dhabuus danda’u |
| Gaachana | meeshaa lolaa. yeroo lolaa ykn tapha fardaa harkatti kaawwachuun ittiin qolatan. |
| Hinwaakkatiin | baaddisuu (naaf hintaane jedhanii dhiphachuu) |
| Hossee | duwwaa (kan homtuu keessa hinjirre), fkn gaagura kanniisa hinqabne |
| Irbuu | waadaa seenuu, kakuu galuu |
| Jiisaa | dhaaba dammaa kan ilmooleen kanniisaa keessatti guddattu |
| Koodee | hiriyaa garaa |
| Kotte duudaa | beellada manaa (harree, gaangee, farda) |
| Onnataa | si’aawaa (si’ataa) |
| Qaqawweessa | sagalee yeroo roobaa balaqqeessa uumamurraa dhaga’amu ykn sagalee bakakkaa |
| Randa | lafa tabbaa, lafa ol ka’aa ta’ee ededa kan qabu. |
| Roorroo | gidiraa (dhiibbaa) namarra gahu |
| Soofte | soquu (duuguu) ykn dirra waan tokkoo walqixxeessuuf gocha raawwatamu |

# BAAFATA


**Lakk.** **Qabiyyee** **Fuula**

AXEERARAA ........ I

Galata ........ II

Jibsoo (Hiika Jechootaa) ........ III

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ka'umsa Qorannoo ........ 3

1.3. Kaayyoo Qorannoo ........ 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannoo ........ 5

1.5. Daangaa Qorannoo ........ 5

1.6. Hanqina Qorannoo ........ 6

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 7

2.1. Yaaxxina Qorannoo ........ 7

2.2. Maalummaa Beekumtaa /Fookiloorii ........ 8

2.2.1. Gosoota Beekumtaa ........ 10

2.2.1.1. Wantoota Aadaa ........ 10

2.2.1.2. Aartii Hawaasaa ........ 10

2.2.1.3. Duudhaa Hawaasaa ........ 10

2.2.1.4. Afoola (Oral Literature) ........ 11

2.3. Maalummaa Afoolaa ........ 11

2.3.1 Amaloota Afoolaa ........ 13

2.4. Faayidaa Afoolaa ........ 15

2.5. Gosoota Afoolaa ........ 16

2.5.1. Seeneffamoota Afoolaa ........ 17

2.5.2. Qareeyyii (Witticism) ........ 17

2.5.3. Afwalaloo (Songs And Chants) ........ 17

2.5.4. Gosoota Afwalaloo ........ 19

2.6. Sirba ........ 20

2.6.1. Gosoota Sirbaa ....................................................................................................21
2.6.2. Faayidaa Sirbaa ...................................................................................................21
2.6.3. Unka Walaloo Sirbaa ...........................................................................................23
2.6.3.1. Gosoota Unkaa Walaloo Sirbaa ........................................................................23
2.6.4. Ruqoolee Walaloo ................................................................................................24
2.6.4.1. Toora /Sarara ....................................................................................................24
2.6.4.2. Safara .................................................................................................................25
2.6.4.3. Birsaga ...............................................................................................................25
2.6.4.4. Buusaga/Walunata Sagalee (Rhyme) .................................................................25
2.6.4.5. Gaalee (Phrase) ..................................................................................................25
2.6.4.6. Dhikkisa/Yaa'a Sagalee (Rhythm) .....................................................................25
2.6.4.7. Cabsata /Buusaa (Stanza) ..................................................................................26
2.6.4.8. Durdura Sagalee (Refrain) .................................................................................26
2.6.5. Akkaataa (Style) ...................................................................................................26
2.6.5.1. Filannoo Jechootaa ............................................................................................28
2.6.5.2. Tartiiba Jechootaa ..............................................................................................28
2.6.5.3. Malleen Dubbii ...................................................................................................29
2.6.5.3.1. Gosoota Malleen Dubbii ..................................................................................29
2.7. Barruu Walfakkii .......................................................................................................31
BOQONNAA SADI: MALAA FI ADEEMSA QORANNOO ..............................................32
3.1. Saxaxa Qorannoo .......................................................................................................32
3.2. Mala Akkamtaa ..........................................................................................................32
3.3. Irraawwatama Qorannichaa .......................................................................................33
3.3.1. Madda Odeeffannoo ...............................................................................................33
3.3.2. Mala Iddatteessuu ..................................................................................................34
3.3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee .............................................................................34
3.3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee ......................................................................................35
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE .................................36
4.1. Seensa ........................................................................................................................36
4.2. Unka Walaloo Hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa Keessatti Argaman ..36

4.2.1. Walaloo Unkaa Cufaa ........ 36
4.2.2. Walaloo Unkaa Banaa ........ 37
4.2.3. Toora /Sarara ........ 39
4.2.4. Safara ........ 40
4.2.5. Birsaga ........ 41
4.2.6. Buusaga/Walunata Sagalee (Rhyme) ........ 42
4.2.7. Dhikkisa/Yaa’a Sagalee (Rhythm) ........ 43
4.2.8. Cabsata /Buusaa (Stanza) ........ 44
4.2.9. Durdura Sagalee (Refrain) ........ 45
4.3. Akkaataa (Style) ........ 46
4.3.1. Filannoo Jechootaa ........ 48
4.3.2. Tartiiba Jechootaa ........ 51
4.3.3. Malleen Dubbii ........ 53
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO ........ 63
5.1. Cuunfaa ........ 63
5.2. Argannoo ........ 64
5.3. Yaboo ........ 65
Wabiilee ........ 67
Dabalee A ........ VII
Dabalee B ........ XIX

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqannaa kana jalatti seensa qorannoo, ibsa rakkoo, kaayyoo qorannoo, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannoofi sodaa, malleen qorannoo walduraa duubaan dhiyaatee jira.

### 1.1.Seenduubee Qorannichaa

Fookilooriin akkuma dhala namaa umrii dheeraa kan qabu ta'uu seenaan qo'ata afoolaa nimul'isa. Haaluma kanaan, fookiloorii jecha "fairy tale" jedhu dhuma jaarraa 17ffaa keessa barreessituu Faransaay Madame d'Aulnoy' fayyadamtee jirti (Richard fi kaawwan, 2016). Fookilooriin hayyoota Jarmanii Obboloota lamaan Jacob fi Wilhelm Grimm's bara 1812 hanga 1852 qo'atamaa tureera. Haata'u malee moggaasa Afaan Ingilizii ammaa ittiin waamamu jecha "folklore" jedhu namicha Ingilizii Wiliyaam John Tooms jalqabaaf Joornaalii "The Athenaeum" jedhamu keessatti bara 1846 itti fayyadame (Richardfi kaawwan 2016, Marthafi Martine, 2011). Maddi jecha kanaas jecha afaan Ingilizii "folk" fi "lore" irraa fookilooriin kan argame yoo ta'u, jecha fookiloorii jedhurraa gara Afaan Oromootti yeroo deebi'u, jechi "folk" jedhu uummata yommuu ibsu "lore" kan jedhu ammoo beekumsa (wisdom) bakka bu'uun, adeemsa suphuutiin beekumtaa akka jedhamu (Filee Jaallataa 2021) ibsee jira.

Yeroo adda addaatti Fookilooriif hiikaan gara garaa kennamaa turee jira. Waggoota dheeradhaaf fookilooriin damee hawaasaa barreessuufi dubbisuu hindandeenye irratti akka xiyyeeffatutti ilaalamaa turee jira (Philipfi Kwesi 2004). Jechi "folk" jedhu garee hawaasaa kamiyyuu kan yoo xiqqaate waan tokko waliin qooddatu kan bakka bu'u ta'uu (Dundes, 1965) ibseera. Bifuma walfakkaatuun, Filee Jaallataa (2021.35) Herndonfi Shukla (__) wabeeffachuun ibsetti jechi "folk" jedhu garee namootaa gosa kamiyyuu kan diinagdee, amantaa, seenduubee waliin qooddataniifi fedhii waloo qaban kan bakka bu'u yoo ta'u, "lore" ammoo beekumsaafi gosoota ogummaa kanneen seeneffamaafi qoosaa, aartii, ijaarsa, muuziqaa, shubbisa, duudhaa hawaasaa, amantaa, sirnaafi ayyaanota bakka bu'a. Fookilooriin waan baay'ee kanneen akka yaada ogeessota fookilooriin, wantoota ogummoota garaagaraa jalatti qorataman waan of keessatti haammatuuf gabaabsanii ibsuun rakkisaadha (Marthafi Martine, 2011).

Maalummaa beekumtaa ilaalchisee, Filee (2021:35) yoo ibsu, "Yaad-rimeen beekumtaan kan of keessatti qabatu, beekumsa uummanni tokko jiruuf jireenya isaa mo'achuudhaaf, to'achuudhaaf,

fala ittiin barbaaddachuudhaaf, waan adda addaa kalaquudhaaf, beekumsaafi falaasama isaa itti fayyadamee ammoo keessoo isaa, sochii qaamaa, meeshaalee aadaatiifi afoolaan karaa ittiin waliif dabarsuufi hawaasa biroof ittiin beeksisudha." jedha. Akka yaada kanaatti beekumtaan beekumsa uummataa hundumaa kan of keessatti haammatudha. Hawaasni jiruuf jireenya isaa kan ittiin ibsatu kan walii isaa ittiin barsiisuufi walgorsu, falaasama hawaasaa hundee gadi fagoo akka ta'e nama hubachiisa.

Bifuma walfakkaatuun Marthafi Martine, (2011.8) yoo ibsan, "Folklore is informally learned, unofficial knowledge about the world, ourselves, our communities, our beliefs, our cultures and our traditions, that is expressed creatively through words, music, custom actions, behavior and materials. It's also the interactive, dynamic process of creating, communicating and performing as we share that knowledge with other people." jedha.

Akka yaada waraabbii kanaatti fookilooriin karaa aldileen kan baratamu beekumsa addunyaa galmee qabatee hinjirre kan waa'een eenyummaa keenyaa, uummata keenyaa, amantaa keenyaa, aadaaf duudhaa keenyaa karaa kalaqa garagaraafi jechaan, muuziqaan, gocha duudhaan, amalaafi meeshaaleedhaan ibsinudha. Adeemsi beekumsaafi raawwii sirnoota kanaa walii hiruus hariiroo uummataa cimsuu keessatti gahee guddaa qaba.

Hayyoonni beekumtaa bakka garagaraatti qoodu.  Gosoota beekumtaa ilaalchisee Dorsan R. (1972:2) yoo ibsu, "Foklore can be divided into four categories. These are termed the oral literature, material culture, social folkcustom and the performing folkarts. Each of these intern divided into diffirent subdivision" jedha.

Akka yaada kanaatti gosoonni beekumtaa waanta aadaa, duudhaa hawaasaa, aartii sochii hawaasaafi ogafaan ta'ee isaan jalatti ammoo kan ramadaman gooreewwan hedduu kan jiran ta'uu nu hubachiisa.

Gooroowwan beekumtaa keessaa tokko ogafaan yoo ta'u, innis beekumsa uummataa jechaan daddarban kanneen akka sirboota adda addaa, geerarsa, raagoo, dur durii, sheekkoo, qoosaa, faaruuwwan, mammaaksa, hiibboofi waan kana fakkaatan hunda of jalatti haammata (Marthafi Martine, 2011). Afoolli ogumma (wisdom) labata tokkorraa gara labata itti aanuutti afaaniin daddarbu kan ilmi namaa uumaafi uummama ittiin hubatuufi ibsatu, akkasumas miira isaa, jiruuf

jireenyaafi kanneen kana fakkaatan jechootatti fayyadamuun ittiin dabarfatudha (Addunyaa Barkeessaa, 2018). Dameen ogafaanii sirboota jalatti ramadaman kanneen akka sirboota jaalalaa, sirba hojii, sirba masqalaa, faaruuwwan amantii, tapha ijoollee, sirba seeneffaman (ballad) waan kana fakkaatan akka ta'e (Abram, 1999) ibseera. Og-walaloon kan dhalli namaa gadda, gammachuun, hawwii, fedhii, haala jireenyaafi muuxannoo isaa geerarsaan, sirbaan, weedduufi waan kana fakkaataniin ittiin ibsachaa tureefi jiru akka ta'e (Jaarraa Wasaneefi Wasanee B, 2000) ibsanii jiru.

Akkuma yaada hayyoota asii olii irraa hubachuun danda'amutti, sirbi damee ogafaanii keessaa tokko ta'ee hawaasa barateefi hinbaranne birattis bal'inaan kan beekamudha. Jireenya isaa guyyaa guyyaan gaggeessu keessatti hawaasichi bal'inaan itti dhimma baha. Ittiin of ibsa; hubatees walhubachiisa. Kuufamni beekumsaafi ogummaan isaa achi keessaan labataaf darba.

**1.2.Ka'umsa Qorannoo**

Hawaasni Oromoo sirbatti gargaaramee aadaa isaa calaqqisiisa. Fedhiifi hawwii, gaddaafi gammachuu, jibbaafi jaalala, haala keessa jiru_ quuqqaa, roorroofi gidiraa ittiin himachuuf sirbatti gargaarama. Kan jaalate ittiin faarsee kan jibbe ammoo ittiin balaaleffata. Waan ofii hubate isa hinhubanne sirbaan hubachiisa. Waallaalaa ittiin gorsee, beekaa ittiin faarsa. Dabooroo ittiin qeeqee goota ammoo honnachiisuuf sirbaan gargaarama. Sirbi aadaa, duudhaa, falaasama hawaasaa baatee kan jiru yommuu ta’u afaaniin labata lufurraa gara labata dhufuutti waan darbuuf adeemsa keessa jijjiiramni irratti mul’achuufi baduu danda’a. Yaada kana ilaalchisee, Addunyaa Barkeessaa (2018:166) yoo ibsu "Afoolli afaaniin dhalootaa dhalootatti waan darbuuf, bakka tokko tokkotti ni'irraanfatama." jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti sirbi aadaas afaaniin waan darbuuf hirraanfatamuu ykn jijjiiramuun isa muudachuu danda'a jechuudha.

Sirba aadaas ta’ee sirbi ammayyaa walaloo yeedaloon kennameefi akka gurratti dhaga’aman godhamanii tolfaman waan ta’aniif, amaloota wal isaan fakkeessu hedduu qabu. Afwalaloon akkuma ogwalaloo amaloota akka dhikkisa, walunata, durdura, safaraafi irra deddeebii sagaleen kan guutame yoo ta’u, wanti adda godhu afwalaloon afaaniin kan daddarbuufi ogwalaloon immoo barrreeffamaan (abbaan isaa kan beekamu) ta’uu isaa akka ta’e (Fedhasaa, 2021) ibsee jira.

Dabalataanis, walaloon afoolaa akkuma barwalaloo cabsata, bo'oofi walunata sagalee qabaachuu isaatiin miira namaa tuquufi gurratti kan tolu ta'uu (Uche Nnyagu, 2017) ibsee jira.

Walumaagalatti, akka yaada kanarraa hubatamutti afwalaloos ta'ee barwalaloon ruqooleefi unka walfakkaataa irraa kan ijaaraman waan ta'aniifi hariiroo cimaa akka waliin qaban tilmaamuun nama hinrakkisu. Haata'u malee, sirboonni qophaa'an gara ammayyuummaa qofatti kan deeman yoo ta'e, unkiifi akkaataan walaloon afoolaa (sirboota aadaa) dagatamaa deemuudhaan aadaa, duudhaafi eenyummaan hawaasichaa inni kaleessaa akka hirraanfatamu gochuu danda'a.

Afoolli hawaasa tokkoo aadaa isaa irraa kan maddu akka ta'eefi aadaan ammoo daawwitii jiruuf jireenya hawaasaa ta'uu (Addunyaa Barkeessaa, 2018) ibsee jira. Kanaafuu, sirbi aadaas damee afoolaa keessaa tokko waan ta'eef, sirboonni aadaa hawaasichaa yoo dagataman eenyummaafi aadaan hawaasichaa akka jijjiiramuufi darbees akka dagatamu gochuu danda'a. Ga'ee sirboonni aadaa haala jiruufi jireenyaa hawaasaa keessatti taphatanis nihafa. Bu'aa hawaasichi sirboota aadaa isaarraa gama siyaasaan, dinagdeen, jiruufi jireenyaan argatu, akkasumas hariiroon walii isaaf qabu akka dagatamu godha. Haaluma kanaan, sirboonni haaraa (ammayyaa) qophaa'an hariiroo isaan sirboota aadaa waliin qaban qorachuun rakkoo dagatamuu sirboota aadaa baraaruun dhalootaaf akka darbu gochuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan kaayyoon qorannoo kanaas, Unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi Sirboota Aadaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u qorannoon kunis, gaaffilee asii gadii deebisuuf gaggeeffame.

1. Hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi Sirboota Aadaa keessatti unka akkamiitu argama?
2. Unka hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa keessatti argaman gidduu hariiroo akkamiitu jira?
3. Akkaataan dhiyaannaa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa maal fakkaata?
4. Akkaataan dhiyaannaa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa gidduu hariiroo akkamiitu jira?

### 1.3.Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, dabalataanis qorannoon kun kaayyolee gooree kanaa gadii niqabaata.

1. Unka hojii Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa keessatti argaman tarreessuu.
2. Hariiroo unka hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa gidduu jiru xiinxaluu.
3. Akkaataan dhiyaannaa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa maal akka fakkaatu qaaccessuu.
4. Hariiroo akkaataa dhiyaannaa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa gidduu jiru ibsuu.

### 1.4.Barbaachisummaa Qorannoo

Qorannoon kun unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatudha. Haaluma kanaan barbaachisummaan qorannoo kanaas rakkoo dagatamuu sirboota aadaa hambisuudha. Unkaafi akkaataa sirbootaa xiinxaluun sirboonni qophaa'an aadaa hawaasichaa duukaa akka bu'an nigumaacha. Hawaasa itti fayyadamtoota afoolaaf gosni afoolaa kun deebi'ee akka yaadatamuufi qabiyyee isaa eeggatee akka itti fufuuf ni gargaara. Dabalataanis qorannoon kun namoota dhuunfaa biroo qorannoo biraa gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti fayyaduu danda'a.

### 1.5.Daangaa Qorannoo

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu daangaa qorannoo qabaachuun barbaachisaadha. Daangaa qorannoo ammoo bakkaan, odeeffataafi qabiyyeen ta'uu akka danda'u (Addunyaa Barkeessaa, 2019) ni'ibsa. Haaluma kanaan dameewwan ogafaanii hedduun hawaasicha keessatti kan argaman yoo ta'ellee, ogafaan hedduu kana altokkotti qorachuun hindanda'amu. Kanaaf qorannoon kun unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti qofa kan xiyyeeffatedha.

### 1.6.Hanqina Qorannoo

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu kallattii gara garaatiin hanqinni qorataa muudachuu danda'a. Haaluma kanaan, qorannoon kun yeroo gaggeeffamu hanqinoonni muraasni qorataa muudatanii jiru. Hanqinoota muudatan keessaa tokko hanqina barruu walfakkiiti. Barruun walfakkii kallattiin unkaafi akkaataadhaan ogafaanirratti hojjatame heddumminaan hinmullatani. Kunis qorannichaaf gufuu yoo ta’ellee qorataan barruulee hanga tokko walitti dhufeenya qaban fayyadamuun furee jira. Dabalataanis hanqinni qorataa muudate kitaabilee wabii ga’aa ta’e dhabuu yoo ta’u, kanas maddeen afaan biraan argaman sakatta’uudhaan hanqina kana furee jira.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti barreeffamoota akka yaaxxina qorannoo dhimmoota beekumtaan walqabatan, gosoota beekumtaa, afoolaafi dhimmoota afoola ilaallatan, walaloofi afwalaloo unkaafi akkaataa dhiyaannaa isaaniif wkf irratti yaada hayyoonni kaa'antu sakatta'a barruu gaggeeffameen dhiyaate.

## 2.1. Yaaxxina Qorannoo

Qorannoo tokko adeemsisuudhaaf yaaxxina qorannicha deeggaru bu'uura godhachuun barbaachisaadha. Sababni isaas yaaxxinni kallattii qorannoo namatti agarsiisuun malleen qorannoo hordofamuu qaban waan ibsuuf. Hayyoota adda addaatiin yaaxxinoon hedduun kan lafa kaa'aman yoo ta'u, yaaxxinoota kanneen keessaa yaaxxinni bocummaafi malli walbira qabaa hojii qorannoo kanaaf filatamee jira.

Yaaxxina Bocummaa: Akka Filee Jaalataa (2021) Dorsen (1972) wabeeffachuun ibsetti, yaaxxina bocummaa duudhaa hawaasaa keessatti unkaafi akkaataa (form and style) jec hoota gara garaa qaban, walaloowwan unka gara garaa qaban akkaataa kamiin akka itti fayyadaman addaa addummaa itti fayyadamaafi filannoo jechootaa ogbarruuwwan biroo irraa adda ta'e qorachuuf gahee guddaa qaba. Akka yaada kanaatti yaaxxinni kun unkaafi akkaataa jechoota adda addaa itti fayyadaman qo'ata. Kanaaf qorannoo kana keessattis unkaawwan walaloowwan hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa keessa jiran akkaataa itti fayyadama (filannoo) jechootaa achi keessatti argaman ittiin qorachuun gosoota unkaa hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014 fi sirboota aadaa keessa jiran ittiin qorachuuf hojjirra oolee jira.

Mala Walbira Qabaa: Akka Dirribsaa Abaatee (2020) ibsutti malli walbira qabaa (comparison method) hariiroo wantoota gidduu jiru ibsuuf kan oolu yoo ta'u, innis akkaataa dhimmoonni walbira qabaman ittiin walfakkaataniifi gargar ta'an bu'uureffachuun hariiroo isaanii xiinxaluun ibsuuf oola. Haaluma kanaan unkaawwaniifi akkaataa walaloowwan hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa keessa jiran ittiin qorachuun walfakkeenyaafi garaagarummaa (hariiroo) gidduu isaanii jiru qaaccessuun kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf hojiirra oolee jira.

## 2.2. Maalummaa Beekumtaa /Fookiloorii

Barreessitoonni adda addaa beekumtaa kallattii adda addaan hiikaa turanii jiru. Waggoota dheeradhaaf beekumtaan damee hawaasaa barreessuufi dubbisuu hindandeenye irratti akka xiyyeeffatutti ilaalamaa turee jira (Philip fi Kwesi 2004).

Namoonni hedduun hiikaan beekumtaa bal'aa ta'uu isaa irraa kan ka'e hiika isaa kennuu caalaa wantoota beekumtaan of keessatti haammatu ibsuurratti waan xiyyeefatan fakkaatu. Haaluma kanaan, Abram (1999:100) yoo ibsu, "*Folklore includes legends, superstitions, songs, tales, proverbs, riddles, spells, and nursery rhymes; pseudoscientific lore about the weather, plants, and animals; customary activities at births, marriages, and deaths; and traditional dances and forms of drama which are performed on holidays or at communal gatherings*."jechuun, beekumtaan himamsa gootaa, waa himtuu (raagduu), sirboota, oduu durii, mammaaksa, hiibboo, falfala (spells), fi faaruu daa'immanii of keessatti kan qabatu ta'uu; waa'ee haala qilleensaa, biqiltootaafi bineensotaa, gochoota yeroo dhalootaa, yeroo cidhaafi yeroo du'aa, akkasumas shubbisa aadaafi gochoota bifa diraamaatiin guyyoota ayyaanaa ykn walga'ii irratti raawwataman of keessatti haammatu ta'uu isaa ibsa.

Dabalataanis, David Mikics (2007:124) yoo ibsu, "*Folklore: the realm of rituals, songs, stories, legends, and popular practices handed down orally from one person to another, rather than through written transmission*" jedha. Kunis, beekumtaan sirnoota adda addaa, sirboota, seeneffama gaggabaaboo, himamsa gootaafi gochaalee baratamoo ta'an kanneen afaaniin nama tokko irraa gara nama biraatti daddarban kan of keessatti haammatu akka ta'e ibsa.

Haaluma walfakkaatuun Bascom, (1973:254) maalummaa beekumtaa yoo ibsu,

> "Folklore means folk learning; it comprehends all knowledge that is transmitted by word of mouth and all crafts and techniques that are learned by imitation or example, as well as the products of those crafts... Folklore includes folk art, folk crafts, folk tools, folk costume (uffata aadaa), folk custom (duudhaa), folk belief, folk medicine, folk recipes, folk music, folk dance, folk games, folk gestures, folk speech, as well as those verbal forms of expression which have been called folk literature but which are better described as verbal art" jedha.

Akka yaada kanaatti beekumtaa jechuun beekumsa hawaasaa afaaniin daddarbu hundaafi hojiiwwan harkaafi ogummaalee akkeessuudhaan barataman hunda, akkasumas oomishaalee hojii

harkaa sanaan argaman of keessatti qabata. Beekumtaan aartii hawaasaa, hojii harkaa, meeshaalee aadaa, uffata aadaa, duudhaa, amantaa ummataa, qoricha aadaa, qophii nyaataa, muuziqaa aadaa, shubbisa aadaa, tapha aadaa, sochii qaamaa, haasaa, akkasumas bifa ibsa afaaniin ogbarruu afoolaa jedhamanii waamaman garuu akka aartii afaaniin caalaatti ibsaman sana.

Beekumtaan waan baay'ee kanneen akka yaada ogeessota fookilooriin, wantoota ogummoota garaagaraa jalatti qorataman waan of keessatti haammatuuf gabaabsanii ibsuun rakkisaadha (Marthafi Martine, 2011).

Jechi "folk" jedhu garee hawaasaa kamiyyuu kan yoo xiqqaate waan tokko waliin qooddatu kan bakka bu'u ta'uu (Dundes, 1965) ibseera. Bifuma walfakkaatuun, Filee Jaallataa (2021.35) Herndonfi Shukla (__) wabeeffachuun akka ibsetti jechi "folk" jedhu garee namootaa gosa kamiyyuu kan diinagdee, amantaa, seenduubee waliin qooddataniifi fedhii waloo qaban kan bakka bu'u yoo ta'u, "lore" ammoo beekumsaafi gosoota ogummaa kanneen seeneffamaafi qoosaa, aartii, ijaarsa, muuziqaa, shubbisa, duudhaa hawaasaa, amantaa, sirnaafi ayyaanota bakka bu'a.

Maalummaa beekumtaa ilaalchisee, Filee (2021:35) yoo ibsu, *Yaad-rimeen beekumtaan kan of keessatti qabatu, beekumsa uummanni tokko jiruuf jireenya isaa mo'achuudhaaf, to'achuudhaaf, fala ittiin barbaaddachuudhaaf, waan adda addaa kalaquudhaaf, beekumsaafi falaasama isaa itti fayyadamee ammoo keessoo isaa, sochii qaamaa, meeshaalee aadaatiifi afoolaan karaa ittiin waliif dabarsuufi hawaasa biroof ittiin beeksisudha*" jedha. Akka yaada kanaatti beekumtaan beekumsa uummataa hundumaa kan of keessatti haammatudha. Hawaasni jiruuf jireenya isaa kan ittiin ibsatu kan walii isaa ittiin barsiisuufi walgorsu, falaasama hawaasaa hundee gadi fagoo akka ta’e nama hubachiisa.

Bifuma walfakkaatuun Marthafi Martine, (2011.8) maalummaa beekumtaa yoo ibsan, “*Folklore is informally learned, unofficial knowledge about the world, ourselves, our communities, our beliefs, our cultures and our traditions, that is expressed creatively through words, music, custom actions, behavior and materials. Its also the interactive, dynamic process of creating, communicating an performing and performing as we share that knowledge with other people.*” jedhu. Akka yaada waraabbii kanaatti fookilooriin karaa aldileen kan baratamu beekumsa addunyaa galmee qabatee hinjirre kan waa’een eenyummaa keenyaa, uummata keenyaa, amantaa keenyaa, aadaaf duudhaa

keenyaa karaa kalaqa garagaraafi jechaan, muuziqaan, gocha duudhaan, amalaafi meeshaaleedhaan ibsinudha. Adeemsi beekumsaafi raawwii sirnoota kanaa walii hiruus hariiroo uummataa cimsuu keessatti gahee guddaa qaba.

### 2.2.1. Gosoota Beekumtaa

Qoqqoodinsa dameewwan beekumtaa ilaalchise, Dorson (1972:2) yoo ibsu, "*The matters that occupy the student of folklore and folklife may be placed under four lange grouping*." jechuudhaan beekumtaa gooroowwan gurguddaa afur jalatti oral folklore or oral literature (afoola), social folk customs (duudhaa), material culture (meeshaalee aadaa), performing folk arts (sochii qaamaa) jechuun qoqqoodee jira. Yaaduma kana deeggaruun, (Fedhasaa Taaddasaa 2021) beekumtaan gooroowwan afuritti qoodee jira.

#### 2.2.1.1.Wantoota Aadaa

Filee Jaallataa (2021:246) yoo ibsu, "*Wantoota aadaa jechuun meeshaalee namtolcheefi uumamaa dhalli namaa itti fayyadamu qofa osoo hintaane wantoota kanneen akka bineeldotaa (lubbuu qabeeyyii)fi bu'aalee isaanii dhimmoota adda addaaf jiruufi jireenya dhala namaa keessatti hojiirra oolan hunda of keessatti haammata*" jedha.

#### 2.2.1.2.Aartii Hawaasaa

Filee Jaallataa (2021:268) yoo ibsu, "*Aartii uummataa (folk art) jechuun uummanni tokko haala, karaa, mallattoolee, halluu, bifoota adda addaan gaddaafi gammachuu isaa tooftaalee sochiidhaan, shubbisaan, sagaleedhaan, yeedaloodhaan, uffannaadhaan, bobbocaan, fakkiileefi siidaadhaan, haala sammuu uummatichaatti dhaga'amuun, ogummaa ittiin ibsatudha*" jedha.

#### 2.2.1.3.Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa wanta aadaatiin baayyee walitti dhiyaata. Doorsen akka jedhutti duudhaan hawaasaa gochaafi ogummaa dhuunfaatirra xiyyeeffannaa kan itti godhu hariiroo (walitti dhufeenya) gareetirratti (Dorson 1972:3). Duudhaan hawaasaa ummata keessatti umrii dheeraa kan lakkoofsiseefi hawaasni hundi itti waliigalee fudhateedha. Kutaa kana keessatti kan ramadaman kabaja ayyaanaa, qoricha aadaa, tapha aadaa waaqeffannaafi guddina sadarkaa (kabaja) namaati.

### 2.2.1.4.Afoola (Oral Literature)

Dameewwan beekumtaa keessaa tokko afoola yoo ta’u, garee kana jalatti kan ramadaman unka dubbii afaaniin kanneen argaman, sirbaman, sagaleedhaan irra deddeebi’amuun mul'atan, seeneffamoota, gosoota sirboota aadaa yookiin walaloo, durduriiwwan jecha afaaniin daddarbaniifi barreessaan isaanii eenyu akka ta'e hinbeekamnetu as jalatti ramadama (Dorson1972:2).

## 2.3. Maalummaa Afoolaa

Afoolli damee beekumtaa (folklore) keessaa tokko yoo ta'u, yeroo adda addaatti moggaasni garagaraa kennamaafii turee jira. Hayyoonni garagaraa maqaa adda aaddaan haawaaman malee hiikni isaan laataniif walfakkaataadha. Haaluma kanaan Dorson, (1972:2) afoola yoo ibsu, "*One these sectors is oral literature, sometimes called verbal art or expressive literature*" jechuun kaa'a. Yaaduma kana Encyclopedia of society and culture in the ancient world (2008:641) irratti *'Oral tradition*' or *'Oral literature*' jechuun lamaan isaa walcinaa qabee fayyadamee jira. Bifuma walfakkaatuun Jan Vansina, (1985:11) akkas jedha, "*All art is metaphor and form. Verbal arts, such as poetry, song, sayings, proverbs, and tales, conform to this rule*". Akka yaada kanaatti ogumni hunduu malleen dubbiifi unkaan kan argaman yoo ta'u, ogummaan afaanii kanneen akka walaloo, sirbaa, jechamootaa, mammaaksaafi oduun duriis asuma jalatti akka haammataman mullisu. Dabalataanis, McCormick and White (2011:1234) yoo ibsan "*Verbal art _a branch of folklore encompassing all orally performed genres and ways of speaking*." Yaadni kunis, afoolli gooroowwan beekumtaa keessaa tokko ta'ee gooreewwan afaaniifi dubbiidhaan raawwataman hunda of keessatti kan hammatu ta'uu nutti agarsiisa.

Gama barreessitoota Afaan Oromootiin yoo ilaalles, Jaarraa W. fi Wasanee Bashaa kitaaba "Bantuu Haaraa Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Oromoo" (2000:148-172) jecha 'Oral Literature' jedhuuf afoola bakka buusuun fayyadamanii jiru. Gama biraatiin Wiirtuu Jildii 9 (2001:46) keessatti haalli fookilooriifi afoolli ittiin waamaman waan waldhahe fakkaata. Gammachuu Daadhii, fookiloorii akka afoolaatti yoo waamu, 'verbal art or oral Literature' ammoo ogafaan jechuun waama. Haata'u malee, Wiirtuu Jildii 9 (2001:1-20) jiru keessatti fookiloorii, akkuma fookilooriitti fudhachuudhaan 'oral Literature' ammoo afoolaan bakka buusee fayyadamee jira. Bifuma walfakkaatuun, Asafaa Tafarraa (2009) Fedhasaa Taaddasaa (2021:31) keessatti akka ibsametti fookilooriin afoolaan bakka bu'ee jira. Yaaduma kana Fedhasaan (2021) 'Oral

Literature'dhaan ogafaan yoo jedhame akka oguma afaanii jechuutti hiikkamuu waan danda'uufi waan afaaniin himamu caalaa aartiiwwan afaan keessatti argaman hunda sababii dabalatuuf ogafaan caalaa afoola fayyadamuu wayya jedha.

Gooroowwan beekumtaa keessaa tokko afoola yoo ta'u, innis beekumsa uummataa jechaan daddarban kanneen akka sirboota adda addaa, geerarsa, raagoo, dur durii, sheekkoo, qoosaa, faaruuwwan, mammaaksa, hiibboofi waan kana fakkaatan hunda of jalatti haammata (Martha fi Martine, 2011). Dabalataanis, Okpewho (  :42) afoola gabaabinaan yoo ibsu, "*Oral literature is fundamentally literature delivered by word of mouth.*" jedha. Yaadni kunis, afoolli ogbarruu afaaniin dhiyaatu jechuun yaada olii kana tumsa. Bifuma walfakkaatuun, maalummaa afoolaa Nnyagu, (2017:1149) yoo ibsu, "*Oral literature, therefore, refers to any form of verbal art which is passed down from one generation to another generation by the words of mouth instead of being written down*" jedha. Akka yaada kanaattis afoolli unki ogafaanii kamiyyuu kan barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota irraa gara dhalootaatti darbu hunda of keessatti kan haammatu ta'uu isaati.

Afoolli hambaa uummataa dhalootaa dhalootatti afaaniin daddarbu abbaantummaan isaa uummatummaan kan beekamu ta'ee ragaa qabatamaa aadaafi seenaa dhaloota darbee kan ibsudha (Jaarraa Wasaneefi Wasanee B, 2000). Afoolli ogumma (wisdom) labata tokkorraa gara labata itti aanuutti afaaniin daddarbu kan ilmi namaa uumaa fi uummama ittiin hubatuufi ibsatu, akkasumas miira isaa, jiruufi jireenyaafi kanneen kana fakkaatan jechootatti fayyadamuun ittiin dabarfatudha (Addunyaa Barkeessaa, 2018).

Akka Fedhasaa Taaddasaa (2021:34) Finnegan (1970)fi Bukenya (1994) wabeeffachuun kaa'utti, Afoolli seenaa, eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasaa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatee akka as gahe mullisa. Dabalataanis, afoolli unkaalee kanneen akka weedduu, faaruu, sheekkoo, mammaaksa, hiibboo, tapha ijoollee, durduriifi kanneen biroo haammata. Akka yaada kanaatti, afoolli waan hunda hawaasaa dubbii afaaniin himamu, dhalootarraa dhalootattis afaanumaan darbu of keessatti haammata.

### 2.3.1 Amaloota Afoolaa

A. Jijjiiramummaa

Afoolli kan dhugoomu afaaniin dubbatamuudhaan, himamuun, sirbamuun ykn weeddifamuun waan ta'eef adeemsa keessa jijjiiramni adda addaa irratti mul'achuu danda'a. Yaada kan Addunyaa (2018:166) akkas jedha, "*Afoolli afaaniin dhalootaa dhalootatti waan darbuuf bakka tokko tokkotti ni'irraanfatama. Haata'u malee, yaadrimee isaa yaadachuun hawaasni jecha mataa isaatiin qindeessee dhiyeessan*." Yaada kana irraa wanti hubatamu hanguma hawaasni (qooddattoonni) jijjiiraman itti fayyadamni jechootaas faana jijjiiramuu kan danda'u yoo ta'u qabiyyeen yookiin yaadrimeen isaa hawaasa keessatti kan yaadatamu ta'uu agarsiisa. Afoolli calaqqee uummataa waan ta'eef, uummanni ammoo diinagdee, saayinsii, amantaafi teeknoloojiin guddachuun haalli jiruufi jireenya hawaasaa jijjiiramuu waan danda'uuf jechoonni irraa hir'achuu yookiin itti dabalamuun afoola irratti jijjiirama uuma (Jaarraa W. fi Wasanee B. 2000:167)

B. Miidhagummaa

Miidhagummaan afoolaa haala afoolli sun miira sammuu ilma namaa ofitti hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa mullisa. Miidhaginni afoolaa itti fayyadama malleen dibbii irraa madda (Jaarraa W. fi Wasanee B. 2000). Miidhagina afoolaaf kanneen gumaachan irra deddeebii dhamsagoota dubbachiiftuufi dubbifamaa, irra deddeebii jechootaafi caasaalee walqoomanii, filannoo jechootaafaadha (Addunyaa, 2018:167)

C. Hurruubummaa (Gocha)

Finnegan (1992:87) yoo ibsitu, "*Performance is also used to refer to a concrete event in time*" jetti. Akka yaada kanaatti hurruubummaan raawwiin yeroo sanatti raawwatamu qabatamaa akka ta'uuf gargaara. Afoolli akka afoolaatti jiraachuudhaaf hurruubummaan barbaachisaadha (Jaarraa W fi Wasanee B., 2000:164). Gochaan (hurruubummaan) ulaagaa guddaafi lubbuu afoolaa yoo ta'u, haalli dhiyeenya afoola tokkoo gocha tokko irratti hundaa'a (Addunyaa, 2018:168). Akka yaadota kanarraa hubatamutti hurruubummaan lafee dudgaa afoolaa yoo ta'u, miidhagina afoolaatiif akkaataan gochi itti raawwatamuufi qoodattoonni ittiin dhiyeessan qabatamummaa afoolaaf kan gumaachu ta'uu isaati.

D. Yoomessa

Yoomessi yeroofi bakka ykn naannoo seenaan tokko keessatti raawwatamu ta'uu (Timbaneefi Watts, 2001) ibsanii jiru. Dabalataanis, gochi tokko raawwatamuuf, yeroofi bakka mijaawaa kan barbaadu ta'uu (Addunyaa, 20018) ibsee jira. Akka yaada kanaatti afoolli gochaan kan deeggaramu yoo ta'u, raawwiin jiraachuuf ammoo namni raawwatu, gochi raawwatamuufi yeroofi bakki itti raawwatamu jiraachuu kan qabu ta'uu hubanna.

E. Uummatummaa

Afoolli qabeenyummaan isaa kan uummataa waan ta'eef nama dhuunfaan (kan ebeluu) jedhamuun hinwaamamu. Maddi isaas sammuu uummataa keessaa kan burqu waan ta'eef dhalootaa gara dhalootaatti darbuufis hirmaannaa uummataa barbaada. Hawaasumatu gareen itti fayyadamee dhalootatti akka darbu godha. Gareedhaan taphatama, hurruubbama, sirbama waan ta'eef amala hawaasummaa qaba (Jaarraa W. fi Wasanee B., 2000:166, Addunyaa, 2018:169).

F. Qindoomina Qabaachuu

Qindoomina afoolaa ilaalchisee Jaarraafi Wasanee B (2000:168-169) akkas jedhu, "*Afoolli qindoomina qaba. Sababa qindoomina isaatiin afoolli miidhagina qaba jedhama. Walumaagalatti, qindoomina afoolaa jechuun haala jechoonni ittiin hiriira galanii himaaf dhiyaatan jechuudha*" Akka yaada kanaatti qindoominni afoolaa, akkaataa jechoonni ittiin qindaa'anii hima ijaaraniifi itti fayyadama afaanii unka afoolichaa keessatti hojiirra oolan of keessatti haammata. Yaaduma kana bifa deeggaruun, akkaataan jechoonni, gaaleewwan, ciroowwaniifi himoonni itti dhiyaatan qindoomina yoo jedhamu, seerri kana to'atu ammoo irra caalaa kan afaan dubbiiti. Afaan dubbii yeroo dubbatamu haqaaquu, kottoonfachiisuu, dhamsaga yookiin birsaga haquu, irra deddeebii, duraa duuba jechootaafi gaaleewwaniifi wkf akka ta'e (Addunyaa, 2018:169) ni'ibsa.

G. Lufummaa (Transmission)

Afoolli kalaqa sammuu keessatti qindaa'ee afaaniin himamu waan ta'eef haalli kuufamaafi lufinsi isaa himamsa afaaniitiini (Fedhasaa, 2021:33). Yaadni kun afoolli sammuu namaa keessatti kuufamee baraa baratti kan darbuufi turu ta’uu nama hubachiisa.

## 2.4. Faayidaa Afoolaa

Hawaasni afoola isaa gargaaramee dhuftee dhaloota isaa seenessa; eenyummaa isaa beeksifata; falaasama isaa ittiin ibsata; duudhaa, aadaafi afaan isaa ittiin tursiifata_dagaagfatas. Afooluma isaatiin uumaa isaa kadhata (galateeffata); muuxannoofi muudannoo isaa, gaddaafi gammachuu, hawwii (fedhii), jibbaafi jaalala, quuqqaa isaa ittiin ibsata. Kan jaalate ittiin faarsee deeggaree, gootomsa, kan jibbe ittiin mormee abaaree fonqolcha. Kanaaf afoolli waan hunda hawaasaa yoo ta'u, beektonni adda addaas karaa garagaraan ibsanii jiru.

Faayidaa afoolaa, Georgesfi Jones (1995:314) akkas jedhu, "*Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modify a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionality, knowledge, or competence; and entertain or be entertained*." Yaadni kun afoolli hawaasa keessatti kallattii adda addaan tajaajila hedduu akka kennu mirkaneessa. Afoola gargaaramee hawaasni walbarsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa'ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannanan, walbashannansiisa. Bifuma walfakkaatuun, (Okpewho _:106) yoo ibsu, "*One major usefulness of any form of literature is that it offers delight and so relieves us of various pressures and tensions both physically and mentally*." jechuudhaan gammachuu nuuf kennuun dhiibbaafi dhiphina irraa billisa nama taassisuun bashannansiisuuf kan oolu ta'u nama hubachiisa.

Bifuma walfakkaatuun Dundes, (1965:308) faayidaa afoolaa yoo ibsu, "*One of the most important functions of folklore is its service as a vehicle for social protest. Wherever there is injustice and oppression, one can be sure that the victims will find some solace in folklore. Through jokes, songs, and proverbs, the anger of the folk is vent upon the often frighteningly unassailable individual or institution*." jedha. Yaadni kun afoolli mormii hawaasaa gaggeessuu keessatti gahee guddaa kan qabu ta'uufi, yeroo jallinniifi cunqursaan hawaasatti baay'atu cunqurfamtoonni afoolatti fayyadamanii aarii isaanii kan bahatan, ittiin jajjabaatan ta'uu mullisa.

Haaluma kana fakkaatuun, Asafaa Tafarraa (2015:12) faayidaa afoolaa yoo ibsu, "*The role of Oromo oral literature has been, I argue, not just the cultural transmission of knowledge and conventions from generation to generation but also to comment on the negativistic social*

*transformation, namely evictions from their land, as a major problem affecting the lives of millions of rural peasants and their families in their respective environment*" jedha. Akka yaada kanaatti, gaheen afoolaa aadaa hawaasaa dhalootaa gara dhalootaa dabarsuu qofa osoo hintaane, jijjiiramootaafi ilaalchota hawaasa miidhan, rakkoo buqqa'insa uummataa irratti yaada kennuufis kan oolu ta'uu isaati.

Afoolli honnachiisuuf nifayyada. Dabeessatti onnee horuun gootomsee kan dagatetti ammoo qalbii horuun akka of yaadatu taassisa (Addunyaa, 2018:170). Yaaduma kana, Dundes (1965:1979) akkas jedha, “A work song that helps workers synchronize their efforts may also be sung as recreational entertainment by children at summer camp.” Akka yaada kanarraa hubatamutti afoolli haamlee namatti horuuf, waan dagatamee (seenaa ykn ta’insa) ittiin walyaadachiisuuf, akkasumas humna ofii cimsachuufi bashannanaafillee gahee guddaa taphata.

Afoolli dhiibbaa akka nama dhuunfaatti namatti dhufu jalaa miliquuf nifayyada. Namni tokko yaada yookiin ilaalcha dhimma tokkorratti qabu afoola fayyadamee afoola keessa dhokachuudhaan akka isatti dhaga'ametti yoo ibsate akka nama dhuunfaatti isa hingaafachiisu (Addunyaa, 2018). Yaada kana bifa deeggaruun Dundes, (1965:308) yoo ibsu, "*If the folkloristic protest is permitted, it is perhaps because the blame for its composition usually cannot be affixed to any one person. It is a collective, not an individual, expression, and consequently the singer of a song of protest is not to be blamed for the content of his song. He is only reporting what the folk say*" jedha. Yaadni kun kan nama hubachiisu qaamni afoolatti dhimma bahee quuqqaa, gidiraa uummataa, dhiibbaa uummataa yoo dubbatu fedhii isaa osoo hintaane yaada hawaasa keessa jiru ifoomse yookiin mullise. Kanaafuu afoolli hawaasa keessa dhokachuun fedhiifi ilaalcha qaban ibsatanii balaa akka nama dhuunfaatti isa dhaqqabu jalaa miliquuf nama gargaara jechuudha.

## 2.5. Gosoota Afoolaa

Afoolli baay'ee bal'aafi gosoota adda addaa of keessatti haammata. Gosoota afoolaa kana Asafaa Tafarraa (2015:12) yoo kaa'u "*African oral genres, songs, proverbs, eulogies and hymns, and narratives revolve around the content of past political tradition and current practices, social rules and values transmitted orally while commenting on the status quo*." jedha. Kunis, gooreewwan afoolaa sirboota, mammaaksa, faaruu, fi seeneffama qabiyyee duudhaa siyaasaa darbanii fi barmaatilee yeroo ammaa, seera hawaasummaa fi duudhaa afaaniin dabarfamanidha. Akka

Fedhasaa (2021:37) Okpewho (1992) wabeeffachuun kaa'utti afoolli damee gurguddaa sadi qaba. Isaanis, seeneffamoota afoolaa (oral Narrative), qareeyyii (Witticism), afwalaloo (songs and chants)dha.

### 2.5.1. Seeneffamoota Afoolaa

Seeneffamni afoolaa seenaalee sammuu keessatti kalaqamanii afaaniin himaman kanneen waa'ee taatee bara durii seenessan jaargocha dhangala'aa qabanidha. Qabiyyee bu'uureffachuun seeneffamoonni afoola Afaan Oromoo bakka gurguddaa ja'atti qoodamuu kan danda'an yoo ta'u, isaanis oduu durii, raagamtaa, sheekkoo, himiinsa gootota, hurursa ijoollee, qoosaadha (Fedhasaa, 2021)

### 2.5.2. Qareeyyii (Witticism)

Qareeyyiin gosoota afoolaa bifa gabaabinaan qindaa'ee sammuu qaruuf fayyadu. Yaadrimeen jecha kanaas wantoota bifaan gaggabaabbatanii sammuu namaa qaran kanneen akka mammaaksaa, hiibboo, ciigoo, jechamaafi arrab-qareeyyii (tapha ijoollee arraba qaruuf fayyadu) of keessatti kan qaba qabatu ta'uu (Fedhasaa, 2021) ni'ibsa.

### 2.5.3. Afwalaloo (Songs and Chants)

Afwalaloon walaloo sammuu keessatti kalaqamee afaaniin walalfamudha. Walaloon afoolaa hurruubbiin walqabachuu danda'a. Amaloota akka: dhikkisa, unata, durdura, safaraafi irra deddeebii sagaleen guutamee jira. Addummaan inni kan barreeffamaarraaa qabu akkaataa dhiyaannaa yoo ta'u, kan barreeffamaa dubbisaaf yeroo dhiyaatu afwalaloon immoo afaaniin walaleeffamee dhaggeeffataaf dhiyaata (Fedhasaa, 2021).

Dabalataanis, maalummaa afwalaloo Uche Nnyagu (2017:1153) akkasitti ibsa, "*It is composed in stanzas and lines rather than in prosaic and like the written poetry, oral poetry is embellished in emotive language so that when it is performed, the rhythmic sound appeals to the ears. Oral poetry is synonymous with traditional songs composed by known and unknown composers to be sung in specific occasions*." jedha. Yaadni kun afwalaloon cabsataafi bo'oodhaan qindaa'ee waan dhiyaatuuf amala nama nuffisiisuu kan hin qabne ta'uu isaati. Afwalaloon akkuma ogwalaloo jechoota miira namaa tuttuuqaniin, akkasumas bilbila ykn sagalee wal'unatuun waan qophaa'uuf yeroo dhiyaatu kan gurratti nama toludha. Dabalataanis, afwalaloon sirboota aadaa qindeessisoota

hinbeekamneefi beekamaniin yeroo adda ta'etti sirbamu wajjin kan walfakkaatu akka ta'e nutti hima. Kunimmoo afwalaloofi sirbi adda kan hinbaane ta'uu namatti agarsiisa.

Walaloo ykn ogumi jiruuf jireenya sabicha keessaa bahuu, aadaasaa, sodaafi abdii, jibbaafi jaalala kan calaqqisiisu qofa osoo hintaane, kan darbu, miliqsu, dagachiisu, madaqsu, maqsu, diraasisu (maladjust), ibsu, hiiku, akeeku, qeequ, hirraanfachiisu, yaadachiisu akka ta'e (Asafaa, 2021) ibsee jira. Yaadni kun walaloon waan hunda hawaasaa kan hawaasni ittiin walqajeelchu, hogganu, rakkoo isaa ittiin hiikkatuufi wkf akka ta'e nama hubachiisa.
Og-walaloon kan dhalli namaa gadda, gammachuun, hawwii, fedhii, haala jireenyaafi muuxannoo isaa geerarsaan, sirbaan, weedduufi waan kana fakkaataniin ittiin ibsachaa tureefi jiru akka ta'e (Jaarraa Wasaneefi Wasanee B, 2000) ibsanii jiru.

Saeed Farzane Fard (2017.28) maalummaa walaloo yoo ibsu, "*Poetry is usually in verse. Verse is a language with a definite rhythm, or beat. It is usually arranged in columns down the page. Sometimes these columns of lines are divided into units called stanzas*." jedha. Akka yaada kanaatti walaloon yeroo baay'ee buufataan kan qophaa'uufi buufatni isaas dhikkisaafi unata sagalee ykn rukuttaa qabaachuun gaaffii keessa kan hingalle ta'uu isaati. Walaloon qindoomina qabaachuun kan beekamuufi sararoonni ykn bo'oon walaloos cabsata (stanza)tti kan qoodamuu danda'u ta'uu isaati. Haalli kun ammoo walaloon bifa dhangala'insa qabuun waan gurratti dhaga'amuuf akka yaadatamu godha.

Haaluma walfakkaatuun, Encyclopedia of society and culture in the ancient world (2008:641) akkas itti aanutti ibsa.

> Poetry is thought communicated in verse and an important genre found in most communities of the continent, where the people enjoyed rhyming and rhythmic composition. For many, poetry was synonymous with language, and it was an integral part of daily life. Members communicated about serious issues, such as local politics, or recreational topics, such as romantic love.

Yaadni kunis, walaloon buufatatti fayyadamanii kan yaada ofii ittiin dabarfatan ta'uufi hawaasa ardii kanaatiif isa barbaachisaa ta'eef, qindoomina faaruufi sirbaa kan namoonni ittiin bohaaranidha. Walaloon jireenya guyyaa guyyaa keessattis qaama barbaachisaafi murteessaa miseensonni hawaasaa dhimmoota siyaasaa, dhimmoota bashannanaafi jaalalaan walqabatan irratti ittiin walquunnaman isa baay'ee barbaachisaadha.

### 2.5.4. Gosoota Afwalaloo

Afwalaloon gosoota xixiqqaa akka sirboota awwaalchaa, sirba waraanaa, sirba hojii, sirba ykn faaruu waa leellisu (panegyrics) (faarfannaa /waaqeffannaa) fi faaruu dhalootaa akka of jalatti qabatu (Uche Nnyagu, 2017:1153) ni'ibsiti. Gosoota afwalaloo Fedhasaa (2021) akka kaa'etti, Afwalaloon Oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamuu danda'a. Isaanis, geerarsa, weedduu, sirba, faaruu, eebba/Abaarsa, guungummiifi tabaalliidha.

A. Geerarsa

Hawaasa Oromoo biratti geerarsi baay'ee beekamaa yoo ta'u, Oromoon waan isatti dhaga'ame aarii, gaddaafi gammachuu, xiiqii, quuqqaa, isaa ittiin ibsata. Ittiin of onnachiisee abdii ittiin horata. Kaan ajjeesee abbaa mirgaa ta'ee gootummaan yoo geeraru kaan ammoo yaalee dadhabuun geerara. Inni kaan qotee dhiibee dilbii kuusuun yoo geeraru, kaan ammoo qotee milkaa'uu dhabuun dhama'ee dhabuu isaa geerarsaan ibsata (Fedhasaa, 2021).

B. Weedduu

Gosoota afwalaloo keessaa weedduun tokko ta'ee kan namni dhuunfaan yookiin ammoo gareen ta'uun aariifi xiiqii isaa, tarkaanfii fudhachuuf jiru ittiin ibsatu ta'ee gosoota adda addaa kan qabudha. Walaloon tokko weedduu ta'uuf miirri honnachiisuu of keessaa qabaachuu kan qabu ta'uu isaatiin kaawwan irraa adda ta'a (Fedhasaa, 2021).

C. Faaruu

Faaruun walaloo miira mararfannaan guutame kan ilmi namaa waan faarsu sana (biyya, abbaa, haadha, hiriyaa, loon, goota, uumaa (waaqa isaa), dacheefi waan kana fakkaatan keessaa waan jaalate ittiin mararfatudha. Walaloo faarfannaa keessatti miira mararfannaa yookiin gadda malee miirri onnaa'uu keessatti hin'argamu (Fedhasaa2021).

D. Eebbaa fi Abaarsa

Eebbi gosa afwalaloo keessaa kan bifa walalootiin qindaa'ee jaarsoliidhaan waltajjii irratti dhiyaatu yoo ta'u, waan gaarii ittiin eebbisuuf, kan yaraa hojjate ammoo, ittiin abaaruuf hojiirra kan oolu ta'uu (Fedhasaa, 2021) niibsa. Akka yaada kanaatti eebbi eeyyentaafi hawwii gaarii

dhimma tokkoof qaban ittiin ibsuuf (qajeelchuuf) waa akka namaaf ta’u barbaadan ittiin qajeelchan yoo ta’u, abaarsi ammoo dhimma cigaasisaa akka dhabamu barbaadan ifachuudha.

E. Guungummii

Guungummiin walaloo aarii mullisu ta’ee akka weedduu tarkaanfii kan hinfudhachiifnedha. Guungummiin sagalee gadi bu’aa ta’een, walaloo hinsagaleeffamneen rakkoo ofii himachuudha jechuun (Fedhasaa, 2021) niibsa. Yaada kanarraa kan hubatamu guungummiin osoo sagalee hinbaasiin quuqqaa, miira namatti dhagaamu uumaa ofii yookiin qaama humna ofiitii olta’ee akka barbaadanitti itti dubbachuun hindandaamnetti guungumama.

J. Tabaallii

Akka Fedhasaa, (2021:73) jedhuutti "Tabaalliin gosa walaloo afoolaa ta'ee kofalchiisuuf kan kalaqamudha. Namoota dandeettii walaleessuu cimaa qabantu nama tokko ilaalanii akkaataa dhaabbisaa, haala gochaafii nyaata isaa ittiin tabaalu. Gocha namni itti yaadee hingoone walbira qabee akka waan godheetti dhiyeessuun nama kofalchiisuusaati."

H. Weelluu Ijoollee

Weelluun ijoollee walaloo afoolaa gosa tapha ijoollee keessaa tokko ta'edha. Waan ijoolleen weellisuun itti bashannanan kan isaan itti bohaaraniifi ittiin taphatanidha. Irra deddeebi'anii jechuun dandeettii waa yaadachuu isaaniii ittiin gabbifatu."

## 2.6. Sirba

Maalummaa sirbaa Alan Lomax (1959:928) yoo ibsu, "*A song is a complex human action-music plus speech, relating performers to a larger group in a special situation by means of certain behavior patterns, and giving rise to a common emotional experience*." jedha. Akka yaada kanaatti sirbi gocha dhala namaa walxaxaa muuziqaafi dubbiin (sagaleen) dhiyaatu ta'ee, haala adda ta'e keessatti garee hurruubdotaa amala walfakkaataa qabaniif dhaga'iitiifi miira walii galaa kan uumu ta'uu isaati. Yaaduma kana F. M. Connell (1913:132) yoo ibsu, "*The Song is a short lyric adapted for singing*." jedha. Yaadni kun sirbi walaloo unka gaggabaabaan qophaa'ee ittiin sirbamu (sagaleeffamu) akka ta'e mullisa. Bifuma walfakkaatuun, Fedhasaa (2021:63) yoo ibsu, "*Sirbi walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurruubummaan dhugoomudha*." jedha. Akka yaada kanaarraa

hubannuttis sirbi walaloo yeedaloon kennameefii sagaleeffamuun, hurruubbii ykn sochii qaamaan kan deeggaramee dhiyaatu ta'uu isaati.

### 2.6.1. Gosoota Sirbaa

Sirbi dhimma adda addaaf kan sirbamuu yoo ta'u, kaayyoo sirbamuuf, ergaa, yoomessaafi kkf irratti hundaa'un qoodamuu danda'a. Gosoota sirbaa tarreessu irratti namoonni adda addaa hirmaataniiru. Dameewwan afoolaa kanneen sirba jalatti ramadaman sirba jaalalaa, sirba (faaruu) ayyaanaa, sirba hojii, faaruu galaanaa (sea chanties), faaruu amantii, faaruu daa'immanii (tapha ijoollee), sirba masqalaa fi akkasumas sirba seeneffamaa akka ta'e (Abram, 1999), (Abrams fi Geoffrey Galt Harpham, 2009) ibsanii jiru.

Akka Fedhasaa (2021) kaa'etti sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa'uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosonni kunneenis, sirba jaalalaa, sirba cidhaa, sirba hojii, sirba ajjeessaafi kkf fa'aadha. Akka Asafaa Tafarraa (2015:19) kaa'ettis sirba jalatti kanneen ramadaman sirba hojii, sirba gootaa (heroic song), sirba jaalalaa kan foolleedhaan beekamuufi faaruu (faaruu amantii), faaruu nama du'ee (dirges), faaruu gaa'ilaa, gnostic (ritual) songs), and faarsa; seeneffama muuxannoo dhuunfaa fi seenaa jireenyaa akkasumas, seenaa dinqisisaa (anecdotes) fi tolchituu (ritual incantations) of jalatti qabata.

Akkuma yaada hayyoota asii olii irraa hubachuun danda'amutti, sirbi damee ogafaanii keessaa tokko ta'ee hawaasa barateefi hinbaranne birattis bal'inaan kan beekamudha. Jireenya isaa guyyaa guyyaan gaggeessu keessatti hawaasichi bal'inaan itti dhimma baha. Ittiin of ibsa; hubatees walhubachiisa. Kuufamni beekumsaafi ogummaan isaa achi keessaan labataaf darba.

### 2.6.2. Faayidaa Sirbaa

Sirbi jiruuf jireenya hawaasaa waliin walitti hidhamiinsa cimaa qabaachuu isaa irraa kan ka'e faayidaa hedduu hawaasaaf Kenna. Hawaasni waan isatti dhaga'ame ittiin baasee ibsata. Yoo gaddu gadda isaa, yoo gammadu gammachuu isaa, hawwii fuula isaa dura jiru, yaaddoo qabu, xiiqii keessa isaa bule, jibbaafi jaalala sirba isaatiin ibsata. Kan jaalate ittiin faarsee kan jibbe immoo ittiin balaaleffatan.

A. Hojii Saffisiisa

Faayidaa sirbaa Alan Dundes (1965:279) yoo ibsu, "A work song that helps workers synchronize their efforts may also be sung as recreational entertainment by children at summer camp" jedha. Akka yaada kanaatti sirbi hojii hojjettoonni carraaqqii isaanii akka walsimsiisuun hojii isaanii saffisaan hojjatan kan gargaaruufi bashannansiisuufis ooluu danda'a. Yaaduma kana deeggaruudhaan Encyclopedia of society and culture in the ancient world (2008:641) yoo ibsu "Work songs were call and response because they were sung in a specific rhythmic pattern to pace the work, where the group leader called out the lyric and the group answered" jedha. Akka yaada kanaatti, sirboonni hojii, hojii sana saffisiisuuf haala sirbaa murtaaeen waan sirbaman yoo ta'u, gareen hojii hojjatuu walirraa fuudhamanii dabaree sirbamu. Tokko baasee kaan jalaa qabuun yookiin bifa gaaffiif deebiin sirbuun humnaafi abdii walitti horuun hojiin akka saffisaan hojjatamu taassisa. Yeroo hogganaan garee jechoota waamee gareen immoo deebii kennu.

Akka Meeshaa Qabsootti Fayyada

Sirbi dhiibbaa siyaasaa ykn falmii sirna bittaa ofirraa fonqolchuuf godhamu keessatti iddoo guddaa qaba. Yaada kana Alan Dundes (1965:308) yoo ibsu, "The basic premise is that folklore is a reflection and weapon of class conflict." jedha. Yaadni kunis afoolli mormii hawaasni sirna bittaa irratti gaggeessu, jibbinsa sirnichaaf qaban calaqqisiisuuf gahee kan qabu yoo ta'uu, meeshaa qabsoo hawaasaa kan hawaasni miidhame, cunqurfame ittiin falma gaggeessudha.

Dabalataanis, faayidaa sirbaa ilaalchisee, Ruth Finegan (2012:266) yoo ibsutti, "Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda, and to reflect and mould public opinion. Poetry can also be used to pressurize those in authority or to comment on local politics. Songs of insult, challenge, or satirical comment also have a long history, and can function not only on a personal level but also as politically effective weapons." jetti. Akka yaadni kanaattis, sirbi haala yeroo ittiin ibsuuf waan ta'uu malu, akkasumas silaa ta'ee tolu, yookiin badu (gaariifi yaraa) isaa irratti yaada kennuuf fayyada. Dabalataanis, dhiibbaa siyaasaa, olola siyaasaa akkasumas yaada ummata keessa jiru calaqqisiisuu fi bocuuf itti fayyadamuun kan dandaamu ta'uu isaati. Kana malees, hawaasni walaloon (sirba) isaatti fayyadamee namoota aangoo siyaasaa qaban ykn siyaasa naannoo irratti dhiibbaa gochuufi yaada kennuufis nidanda'u. Sirboonni arrabsoo, dhiibbaa uuman ykn yaada qoosaa seenaa dheeraa kan qaban yoo tau, akka meeshaa waraanaa siyaasaa bua qabeessa taeetti hojjechuu nidandaa.

B. Akka Meeshaa sabqunnamtiitti fayyada

Akka Finegan (2012:266) ibsiteetti sirbi meeshaalee sabquunnamtii hawaasaa ta’ee tajaajiluu danda’a. Meeshaalee sabquunnamtii kanneen akka galaalchaa, raadiyoofi maxxansaalee biroo bakka bu’uudhaan yaada hawaasaa ibsuufi dhiibbaa gareefi namtokkee fiduu danda’a. Bifuma walfakkaatuun Encyclopedia of society and culture in the ancient world (2008:641) faayidaa sirbaa yoo ibsu, "*The song was an important form of communication used by all communities on the continent*" jedha. Yaadni kunis, sirbi gosa qunnamtii hawaasaa, hawaasni ardii kanaa hundi itti fayyadamaa ture ta’uu isaati.

### 2.6.3. Unka Walaloo Sirbaa

Walaloon qaamota (caasaa adda addaa sadarkaa sagalee, birsagaa, gaalee, himaafi wkf) walitti dhufuun qindaa'an irraa ijaarama. Ijaarsa kana keessatti toorri, safarri, walunatni sagalee, buufata/buusaa, dhikkisni/yaa’a sagalee, waliin qindaa'uun unka tokko uumu. Barbaachisummaa unkaa Barnet, Sylvanfi kaawwan (2008:730) yoo ibsan, "*Art is nothing without form. With poems that rhyme, the rhyme-scheme provides a pattern, a shape, a structure that seems inseparable from the content. If you recite a lime rick, you will immediately see how the shape is inseparable from the content."* jedhu. Bifuma yaada kana tumsuun, Asafaa (2021:23) yoo ibsu, *"Walaloo Oromoo keessattis buusagni faayidaan 'saa ijoo dubbiin/qabiyyeen (content) gadi hintahu."* jedha.

Akka yaadota olitti ka'an kanaatti unki aartiidhaaf isa baay'ee barbaachisaa ta'edha. Walaloo keessatti walunatni sagalee akkaataa, boca, caasaan qabiyyee waliin hariiroo cimaa kan qabu ta'uu isaafi unki walaloof qabiyyeen kan adda hinbaane ta'uu nama hubachiisa.

#### 2.6.3.1.Gosoota Unkaa Walaloo Sirbaa

Ogwalaloon unkaa adda addaa qabaachuu danda'a. Akka waliigalaatti unkaa walaloo iddoo lamatti qooduun nidandeenya. Isaanis walaloo unkaa cufaafi walaloo unkaa banaati.

**Unkaa Cufaa**: Walaloon safara, buusaga sagalee /bilbila sagalee, bo'oo fi buufata beekamu/baratame tokko eegee barreeffamu walaloo unkaa cufaa jedhama. Gosti unka kanaa bo'oowwan isaanii safara walmadaalu irraa kan ijaaramaniifi bo'oowwan isaanii sagalee moggoo/ buusaga walfakkaatuun kan xumuramanidha.

**Unkaa Banaa**: Walaloon unka banaa, gosa walaloo safara, buusaga, baay'ina bo'oo cabsata keessaa baramaa ta'e hinqabnedha. Unki kun waloodhaaf bilisummaa waan kennuuf walaloo ammayyaa keessatti hojiirra kan oolu yoo ta'u, innis unka bilisaa (free verse)fi unka duwwaa (Blank verse) qoodamuu danda'a. Akka Barnet, Sylvanfi kaawwan 2008:129) unki bilisaa unka banaa jedhamuu kan danda'u yoo ta'u, bo'oowwan gaggabaaboodhaan qophaa'a. Unka kaawwan irraa wanti adda isa godhu haalli yeedaloo safara walqixaan kan hin'ijaaramne, dheerinni bo'oowwanii murtaa'aa ykn walqixaafi bo'oowwan buusaga walfakkaatu kan hinqabne ta'uu isaati. Dabalataanis, Padgett (1987:85) yaaduma kana yoo ibsu, "*Free verse is just that lines of poetry that are written without rules: no regular beat and no rhyme*." jedha. Akka Barnet, Sylvanfi kaawwan (2008), Padgett (1987) ibsanitti unka duwwaan (blank Verse) buusaa bilisaa (free verse) irraa kan adda godhu safara walmadaalu qabaachuu isaati. Kana jechuun innis akkuma unka bilisaa bo'oowwan buusaa kana keessatti argaman sagalee walqoomuun hinxummuraman jechuudha. Buusagni duwwaan waloo ammayyaa keessatti hojiirra oolaa jira. Kanas, Padgett (1987:26) yoo ibsu, "*Modern poets have continued to use the blankverse line*." jedha. Yaaduma kana cimsuun Asafaa (2021) buusaga duwwaan walaleessuun amala walaloo ammayyaa keessaa isa tokko jechuun ibsa.

### 2.6.4. Ruqoolee Walaloo

Ruqiileen walaloo qaama walaloon irraa ijaaramu 'elements of poetry' akka ta'e (Fedhasaa, 2021) ni'ibsa. Kana jechuun hojii walaloo tokkoo ijaaruuf qaamoolee garaa garaa jiraachuu dandanidha. Isaanis toora/sarara, safara, birsaga, walunata sagalee /buusaga (rhyme), buufata/buusaa, dhikkisa /yeedaloo /yaa'a sagalee (rhythm), irra deddeebii qubee dubbifamaa (alliteration), irra deddeebii qubee dubbachiiftuu (assonance), kkf.

#### 2.6.4.1.Toora /Sarara

Asafaa (2021:22) "Walaloon walaloo durdurii kan akka weedduu jaalalaa toora lamaa sadiis haata'u malee yeroo baay'ee toora afurii. Arfan keessaa toorri lameen unkumaaf, sagalumaaf (sound parallelism) ykn miidhagina dabaluuf, itti-gaalcha (ananlogy), akka itti seensa ijoo dubbiitti fayyaduuf seenu."

#### 2.6.4.2. Safara

Fedhasaa (2021:121) "Safarri birsagaa jechoota bo'oo walaloo keessa jiruu bu'uureffata. Birsagni bo'oo keessa jiru yoo walqixxaate dhikkisa cimaatu uumama. Dhikkisni ammoo amala muuziqaa walaloo sanaati."

#### 2.6.4.3.Birsaga

Abdiisaa Guyyee (2019:2) "*Sarara walaloo keessatti walmadaalliin sagalee jechootaafi gaaleewwanii kan ittiin eegamudha*" jedha. Asafaa (2021:22) Birsagni baay'ina dhikkisa isaa akka akaakuu afoolichaatti addaa adda. Birsagi walaloo ammayyaa ammoo walcaccaaluu danda'a.

#### 2.6.4.4. Buusaga/Walunata sagalee (Rhyme)

Qindoomina walaloo keessatti toora walaloo tokkorraa kan itti aanutti yeroo cehamu irra deddeebiin sagalee uumamuun walalichaaf miidhagina uuma. Fedhasaa (2021:118) maalummaa buusagaa Birhaanuu (2009) wabeeffachuun akka asii gadiitti kaa’a.

> Wal'unatni sagalee bo'oo keessa ykn dhuma bo'oorratti sagalee walfakkaataniin yeroo xumuraman uumama. Wal'unanni sagalee kun bifa lamaan mul'achuu danda'a: unata sududaafi unata qaxxaamuraa jedhamuu danda'a. Wal'unata sududaa: walaloon buufata tokkoon isaa bo'oo bo'oon walfaanee duraa duubaan sagalee walfakkaatu qabaatu wal'unata sududaa uuma. Wal'unanni sagalee bifa kanaan mul'atu bo'oo walitti aanu keessatti argama. Wal'unata Qaxxaamuraa: walaloon isaa tokkoon tokkoon buufata isaa bo'oo bo'oon qaxxaamura yeroo wal'unatu uumama. Sagaleen dhuma bo'oo tokkoffaa, dhuma bo'oo sadaffaa, sagaleen dhuma bo'oo lammaffaa kan dhuma bo'oo afraffaa walqoomu wal'unata qaxxaamuraa jenna.

#### 2.6.4.5.Gaalee (Phrase)

Sarara walaloo tokko keessatti gaaleen  yuunitii bu’uuraa safartuuti. Safarri bo’oo walaloo yeroo safaramu, birsagoota gaalee keessa jiran bu’uureffachuun yoo ta’u, gaaleen tokko birsaga jabaa tokko, lama ykn sadi of keessatti qabachuu danda’a (Barnet, Sylvanfi kaawwan, 2008)

#### 2.6.4.6.Dhikkisa/Yaa’a Sagalee (Rhythm)

Fedhasaa (2021:125) "*Dhikkisni qaama walaloo keessaa isa tokko ta'ee safara, wal'unata, durdura ykn irra deddeebii sagalee irraa kan uumamudha. Safarri birsagaa bo'oo tokko keessa*

*jiru kan bo'oo biroo waliin walmadaalu yoo ta'e, olka'uufi gadi bu'uun sagalee birsagoota sanaa uumamuu amala muuziqaa kenna; kanatus dhikkisa jedhama*"

### 2.6.4.7.Cabsata /Buusaa (Stanza)

Akkuma barreeffama holooloo keessatti qindoominni himootaa keeyyata ijaaru, walaloo keessatti ammoo qindoominni sararootaa (bo'oowwanii) cabsata/buusaa ijaara. Yaada kana Barnet, Sylvanfi kaawwan (2008:730) yoo ibsan akkas jedhu "*Lines of poetry are commonly arranged in a rhythmical unit called a stanza. Usually all the stanzas in a poem have the same rhyme pattern. In discussing stanzas, rhymes are indicated by identical letters.Thus, abab indicates that the first and third lines rhyme with each other, while the second and fourth lines are linked by a different rhyme*." jedhu. Akka yaada kanarraa hubatamutti cabsatni/buusaan qindoomina bo'oo walaloo buusaga ykn wal'unata qaban irraa kan ijaaramu yoo ta'u, yeroo baay'ee buusaan (stanza)n walaloo wal'unata walfakkaataa qabaata. Buusaa walaloo keessatti wal'unanni sagalee argamu qubee walfakkaataadhaan bakka buufamuudhaan kan xiinxalamu ta'a. Fakkeenyaaf walaloo buusaan isaa bo'oo afur qabu, bo'oo tokkoffaafi sadaffaan sagalee walfakkaatuun, akkasumas bo'oo lammaffaafi afraffaanis sagalee walfakkaatuun yoo xumurame wal'unanni isaanii abab bakka buusama.

### 2.6.4.8.Durdura Sagalee (Refrain)

Fedhasaa (2021:120) Birhaanuu (2009) wabeeffachuun yoo kaa'u, "*Durdurri sagalee irra deddeebii sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu jechoota bo'oo walaloo jalqaba, gidduufi dhumarratti mul'atuudha. Durdurri dubbifamaa (allitration) irra deddeebii sagalee dubbifamaa jechoota walaloo keessatti mul'atu yoo ta'u, durdurri dubbachiiftuus (assonance) irra deddeebii sagalee dubbachiiftuus bo'oo walaloo keessatti argamuuti*" jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti irra deddeebiin sagalee dhuma bo’oo qofa osoo hintaane, jalqabaafi gidduu bo’oo walaloo irrattis argamuudhaan miidhagina dhaga’iitii walalichi qabuuf kan gumaachu ta’uu nama hubachiisa.

### 2.6.5. Akkaataa (Style)

Maalummaa akkaataa ilaalchisee, Asafaa (2021:25-26) yoo ibsu akkas jedha.

> Waloon waan uumu afaaniin tolcha. ...Afaan kalaqaa immoo waa lama: tokko kan waloon jechootuma afaanichaa keessaa jecha sirriidha jedhu filee jecha sirrii iddoo sirrii galchuudhaan oguma baasu ykn barreessudha. Kan biroon immoo seerluga utuu hin'eegiin, sababaan jecha haaraa uumu, ykn seerluga dabsee ittiin barreessuufi ilaa kun akkaataa (style) abaluuti, kunimmoo kan abaluuti jennuun sanii. Akkaataan sansakkaa walooti.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, akkaataan (style), hojii ogbarruu ykn ogumaa keessatti haala barreessaan ykn waloon tokko yaada isaa, kalaqaa isaa galmaan gahachuuf karaa ergaa ykn dhaamsa isaa galmaan naaf gahu jedhee yaadeen afaanitti dhimma bahudha. Kan waloon kalaqa ofii isaatiin fedhu jecha haaraa uumuun fedhu ammoo otoo seerlugaaf hindhiphatiin isuma jirutti fayyadamu kan waloon keessatti mul'atudha.

Dabalataanis, Abrams fi Geoffrey Galt Harpham, (2009:349) akkaataa akka asii gadiitti ibsu,

> Style has traditionally been defined as the manner of linguistic expression in prose or verse—as how speakers or writers say whatever it is that they say. The style specific to a particular work or writer, or else distinctive of a type of writings, has been analyzed in such terms as the rhetorical situation and aim; the characteristic diction, or choice of words; the type of sentence structure and syntax; and kinds of figurative language.

Akka yaada olitti ibsame kanaatti akkaataan (style) haala itti fayyadama afaanii holooloo ykn walaloo keessatti hojiirra oolu; akkaataa dubbattoonni ykn barreessitoonni waan dubbachuu barbaadan ittiin ibsatanidha. Akkaataan hojii ykn barreessaa murtaa’e tokkoof adda ta’e, yookiin gosa barreeffamaa adda ta’e, akkaataan haalli dubbiifi kaayyoon ittiin xiinxalamu; amala akkaataa dubbii (the characteristic diction) ykn akkaataa filannoo fi itti fayyadama jechootaa, gosa caasaa himaafi xiinhimaa; akkasumas, gosoota malleen dubbii kan of keessatti qabatu ta'uu isaati.

Abrams, Geoffrey Galt Harpham (2009:269) "*The term diction signifies the kinds of words, phrases, and sentence structures, and sometimes also of figurative language, that constitute any work of literature*." jedhu. Akka yaada kanaatti, filannoon jechootaa (diction) gosoota jechootaa, gaaleewwanii fi caasaa himaa, darbees haala itti fayyadama afaanii ykn malleen dubbii kanneen hojii ogbarruutiif oolan of keessatti haammata.

Haala dubbii (Rhetoric) David Mikics (2007:264) yoo ibsu "*Rhetoric is the technique of persuading an audience through the artful use of words. As such, it remains required equipment for the politician, the poet, and even the philosopher*" jedha. Akka yaada kanaatti jechoota filatamoo ykn jechoota humna qabanitti dhimma bahuudhaan dhaggeeffattoota ofitti harkisuuf

jechoota ogummaadhaan itti fayyadamuun ykn yaadni keenya fudhatama akka argatuuf tooftaan jechootatti fayyadamuu akkaataa haala dubbiiti. Ogummaan itti fayyadama jechootaa kun namoota akka ogeessota siyaasaa, waloo, akkasuma hayyoota falaasamaafis meeshaa barbaachisu ta'uu isaa nama hubachiisa.

#### 2.6.5.1.Filannoo Jechootaa

Akka Fedhasaa (2021) jedhutti filannoon jechootaa ijaarsa qaama walaloo keessatti bu'aa olaanaa qaba. Filannoon jechootaa yoo raawwatamu jechi filatamu sun haalaafi bakka itti galu xiyyeeffatamuu qaba. Jechoota waloon filatu guutummaa yaada isaa bakka bu'uuf yoo ta’u, waloon baay'ee jechoota hiika dhaanquu qabanitti fayyadama. Kunis, meeshaa guddaan waloon kaayyoosaa ittiin bakkaan ga'atu jechoota. Filannoo jechootaa keessatti jechoonni bifaan walfakkaatan yoo waliin hiriiran walalichaaf miidhagina dabaluufi.

#### 2.6.5.2.Tartiiba Jechootaa

Ijaarsi hima Afaan Oromoo caasaa mataa isaa danda’e qaba. Jechoonni hima ijaaran tartiiba caasaan (seerlugni) isaaniif eeyyamu eeguun qindaa’anii ijaaramuun hiika guutuu kennu. Akka Addunyaa Barkeessaa (2012) jedhutti caasaa himaa keessatti matimni jalqabarra dhufuun kutima yookiin qaamolee biroo of dura hiriirsuun ijaarama. Akka Fedhasaan (2021) tartiiba jechootaa bo’oo walaloo ibsutti ammoo, jechoonni bo'oo walaloo keessatti tarreeffaman akka bu'aa tokko buusuu danda'anitti itti yaadamanii ijaaramu. Tartiiba ittiin ijaaramu haala baratame irraa adda gochuun jechoota qindeessuun kan mul'atuufi kunimmoo hiikaaf kan gumaachudha. Walaloo keessatti tartiibni jechootaa yeroo baay'ee tartiiba caaslugaa irraa kan maqu yoo ta'u, seerluga cabsuun, jechoota ergifachuufi haaraa uumuun mirga waloof kenname akka ta'e ibsa. Bifuma walfakkaatuun, yaada kana Asafaa (2021:26) yoo ibsu, "*Afaan kalaqaa immoo waa lama: tokko kan waloon jechootuma afaanichaa keessaa jecha sirriidha jedhu filee jecha sirrii galchuudhaan oguma baasu ykn barreessudha. Kan biroon immoo seerluga utuu hin'eegiin, sababaan jecha haaraa uumu, ykn seerluga dabsee ittiin barreessuufi ilaa kun akkaataa (style) abaluuti, kunimmoo kan abaluuti jennuun sanii*." jedha.

Akka yaadota kanneen irraa hubatamutti waloon hojiin isaa karaa miidhaginaafi mi'aawaa ta'een jamaa biraan ga'uuf bo'oo walaloo ijaaru akkaataa ergaa koo naaf dabarsa, walaloo kootti

miidhagina hora jedhee yaadeen caaslugaaf osoo hindhiphatiin jechoota filateen fedhu ergifatee fedhus haaraa uumee fayyadamuu akka danda'u namatti agarsiisa.

#### 2.6.5.3.Malleen Dubbii

Malleen dubbii gosoota ogbarruu barreeffamaas ta'ee mitibarreeffamaa keessatti iddoo guddaa waan qabaniif barreessaan haala jechoonni ergaa isaa dabarsuufii danda'aniin filatee itti fayyadama. Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaan ergaa hubachiisuuf oolu ta'ee, karaa ittiin guddaa xiqqeessanii, xiqqoo guddisanii /arbeessanii, binoo nameessanii, namoo bineensanii, walcinaas qabanii cinaadhaan himaniifi wkf taassisuun hubannoof haala mijeessanidha (Addunyaa, 2018). Dubbiileen qolaa filannoo jechootaan kan dhugoomu yoo ta'u, barreessaan haala jechoonni kallattiin hiika sirrii qabaatan duubatti hiika dhokataa akka qabaatan gochuun jechoota walaloo qindeessuufi hiika dhokataa dubbii qolaa bira ga'uuf dubbistoonni akka xiinxalan kan gaafatudha (Fedhasaa, 2021).

##### 2.6.5.3.1. Gosoota Malleen Dubbii

Malleen dubbii gosoota gara garaa kan qaban yoo ta'u, isaanis akkasaa, Iddeessa /bakkasaa, habalaka, nameessa, fuggisoo (eemiti), arbeessa, hinjirree dubbisuu, mallatteessuu fa'aadha.

**A. Akkasaa**

Akkasaan dorgommii wantoota lamaati. Wantoonni waldorgoman firooma dhiigaa qabaachuus qabaachuu dhiisuus malu. Waantota wal hinfakkaanne jechoota akka fakkaata, caala, hamma (hanga) jedhan fayyadamuun amalaan, hojjatan, guddinaafi kkf waldorgomsiisu yoo ta'u, hiikni isaa addummaa warra waldorgomsiisneerraa mul'ata. Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’e tokkoon wal-cinaa qabuun dhiyeessuun akka salphaatti akka hubatamu gochuudha.

**B. Iddeessa/Bakkasaa/**

Malli dubbii Iddeessa jedhu gaalee ”iddoo isaa” jedhurraa ijaaramee waan tokko guutumaan guututti amala waan biraa gonfachiisuun dhiyeessu ykn osoo jechoota 'akka', hamma', fakkaata' jedhan hinfayyadamiin waan tokko waan biraan bakka buusee waanuma bakka buusee sana fakkeessuun dhiyeessudha.

**C. Habalaka**

Habalakni dubbii qolaa addummaa wanta fakkaatuufi dhugaan ta'e gidduutti mul'atudha. Yaada kana Jaarraafi Wasanee B. (2000:144) yoo ibsan "Dhaamsi himaa ykn jecha tokkoo oggaa faallaa jecha ykn hima sanaa ta'u, habalaka jedhama" jedhu. Habalakni, waan barreessaan (waloon) dubbatu sirriitti hubachuudhaan hiika isaa bira gahama. Yaada waloon dubbachuu barbaadeef xiyyeeffannoo kennuu gaafata.

**D. Nameessa**

Nameessi lubbu-qabeeyyii ykn lubbu-dhabeeyyii biroo amala namaa goonfachiisuudhaan akka namaatti akka beela'an quufan, deemanii akka galaniifi wkf gochisiisuun amala namaa gonfachiisanii hojii namni hojjatu hojjachiisuudha (Addunyaa, 2018).

**E. Fuggisoo (Eemiti)**

Dubbiin qolaa kun yaada faallaa waan of keessaa qabu fakkaatee yeroo itti siqan dhugaa ta'ee argamudha. Hiikni fuggisoo isa mul'atuun garasitti dhugooma. Waan dubbatamu fuggisoo isa fuulduraan jiruuti. Kanaafis eemiti jedhama (Fedhasaa, 2021). Jechi “eemiti” jedhu “eeyyeefi miti” jechoota jedhanirraa ijaaraman. Jechoonni kunniin faallaa waliiti. Amaluma jechoonni kunniin qaban faanaa bu’uun akka wantoonni faallaan lama walfaanaa dubbataman taasisuun itti fayyadamuudha (Addunyaa, 2018). Akka yaada kanaatti fuggisoo ykn eemitiin yaadota waliif faallaa ta'an lama walcinaa fidee kan fayyadamnu yoo ta'u, yoo ilaalarraa ilaalan soba fakkaatee yoo itti siqan ammoo dhugaa ta'ee kan mul'atudha.

**F. Arbeessuu /Busheessuu**

Arbeessa jechuun waan tokko gurra olguddisanii ykn gadbuusanii ergaa ittiin dabarfachuu danda’uu jechuudha. Waan waa'ee isaa dubbachuu barbaadan tokko guddisanii hamma arbaa, xiqqeessanii ammoo huubaan qixxeessuudha (Addunyaa, 2018). Dhaadhessuun waan dhugaan ta'ee olitti garmalee gurra guddisanii dubbachuu yoo ta'u, busheessuun ammoo waan tokko hamma yaadameen gadiitti gadi buusanii dubbachuudha (Fedhasaa, 2021). Akka yaada kanaatti arbeessuu ykn dhaadhessuun faallaa busheessuu ta'ee waan dubbachuu barbaanne faallaadhaan guddaa xiqqeessinee xiqqaa ammoo dhaadhessinee ergaa barbaanne dabarsuuf kan ooludha.

**G. Hinjirree Dubbisuu /Apostrophe**

Malleen dubbii kun nameessudhaan kan walqabatu ta’ee yeroo baayee nama lubbuun nu bira jiraatee nu dhagahuu hindandeenye yookiin wanta lubbuu hinqabaannefi deebii nuuf kennuu

hindandeenye tokkotti akka waan inni nu dhagahaa jiruu itti dubbachuu jechuudha (Fedhasaa, 2021). Akka yaada kanaatti dubbiin qolaa kun walichi guddinaan akka waa-manaaba keessa galu godha. Ilmi namaatis dharraa, jaalala, gadda, abaarsa, eebba, dhageetti cimaa miira isaatifi kkf ittiin ibsachuuf tajaajila. Galata Rabbii galchuu, kadhannaa dhiyeessuufi gocha eebbaa ykn abaarsaa keessatti niargama. Dubbataafi dhageeffataan kan qaamaan walfuldura jiraatanii osoo hintaane afuuraan waliigalan.

### H. Mallatteessuu

Gosa dubbii qolaa kana Fedhasaa (2021:171) yoo ibsu, "*Mallattoo kan wanti tokko waan biraa bakka bu'ee mallatteessuun agarsiisuudha. Namni, wanti, raawwiin tokko yaada hiika fuulduraa qabuun olitti yeroo dhimma tokko mallatteessu mallattoo jedhama*" jedha. Bifuma walfakkaatuun, Jaarraafi Wasanee B. (2000:145) yoo ibsan "*Fakkeen wanta tokko waan birootiin bakka buusuudhaan akka mallattootti itti fayyadamuudha. Waanti tokko hiika waan biraaf si'a dubbatamudha*" jedhu. Akka yaada kanarraa hubatamutti gosti dubbii qolaa kun kan namni waan sammuu isaa keessatti yaade tokko mallattoo wayiin bakka buufachuun agarsiisuuf itti fayyadamnu ta'uu isaati.

## 2.7. Barruu Walfakkii

Mataduree kana jalatti qorannoowwan kanaan dura hojjataamanii turan kan qorannoo kanaan hariiroo walii qabantu dhiyaata. Haaluma kanaan qorataanis qorannoowwan qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban lama fudhatee haala kanaa gadiitiin dhiyeessee jira.

Qorannoon mata duree kanaan walfakkaatu kanaan dura Tasfaayee Dubarootiin bara 2008 mata duree "Xiinxala Afoolawwan Gooticha Oromoo Jeneraal Huseen Bunee Daraaraa Godina Baalee Aanaa Sawweenaa" jedhurratti gaggeeffamee jira. Kaayyoon qorannoo isaa ergaa afoolawwan gooticha Oromoo Huseen Bunee Godina Baalee aanaa Sawweenaa xiinxaluu irratti xiyyeeffata. Qorannoo lammaffaan kan Faaxumaa Hasan bara 2012 mata duree "Qaaccessa Ergaa Weedduu Fuudhaafi Heerumaa Godina Iluu Abbaa Boor" irratti gaggeessite yoo ta'u kaayyoon qorannoo kanaas, ergaa af-walaloo weedduu gaa’ilaa Godina Iluu Abbaa Booraa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatudha. Garaagarummaan qorannoon Tasfaayee Dubaroofi Faaxumaa Hasan qorannoo kana waliin qaban, qorannoon kun kaayyoon isaa Unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu ta’uu isaati.

# BOQONNAA SADI: MALAA FI ADEEMSA QORANNOO

### 3.1.Saxaxa Qorannoo

Adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti kallattiin qorannoon hordofee deemu beekuun barbaachisaadha. Saxaxa qorannoo ilaalchisee Filee Jaalataa (2021:64) yoo ibsu, "Saxaxni qorannoo tokkoo, qorataan eessa akka jiruufi garamitti akka qorannicha geggeessu beekuuf isa gargaara" jechuun kaa'a. Bifuma walfakkaatuun yaada kana Dastaa Dassaalany (2013:50) yoo ibsu, "Ijaarsa qorannoo kan jedhamu qorannoo gosa kamiituu ta'ee rakkoo jira jedhameef furmaata barbaaduu keessatti gaaffilee kaasuu, akkaataa odeeffannoo itti funaananiifi akkaataa ittiin ibsan kan ibsu ta'uu danda'a." jedha. Akka yaadota kanarraa hubatamutti saxaxni qorannoo adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti kallattii qorataan bu'aa qabeessa ta'uuf irra deemuu qabu daandii kan itti agarsiisu ta'uufi maloota qorannicha keessatti hojiirra ooluu qaban: akkaataa iddattoon ittiin filaman, meeshaaleen ragaan ittiin funaanamu ittiin filamuu odeeffannoon ittiin qaacceffaman ibsuudha.

Itti dabalees Addunyaan Cohen, Manionfi Morrison (2005:63) wabeeffachuun yeroo ibsu: "The purposes of research determine the methodology and design of the research" jechuun kaayyoon qoratamuuf malaafi saxaxa isaa irratti murteessaa akka ta'e addeessa. Qorannichis kan adeemsifamu, unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qorannoo kana geggeessuufis qorataan gosa qorannoo ibsaa akkamtaatti dhimma bahee jira. Sababni isaas, odeeeffannoo argame gadi fageenyaan ibsuuf filatamaa waan ta'eefidha.

### 3.2.Mala Akkamtaa

Adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti xiyyeeffannoo qorannoo irratti hundaa'uudhaan kaayyoo qorannoo bira ga'uuf mala qorannoo filachuun barbaachisaadha. Kunis qorannoo geggeessinu dursinee qorannicha maaliif akka geggeessinu, akkamiin akka geggeessinu, maal irratti akka xiyyeeffatuufi mala kamiin yoo fayyadamne waan barbaanne bira gahuu akka dandeenyu adda baasuu gaafata. Qorataanis unkaafi akkaataa hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa qaaccessuuf mala akkamtaa hojiirra ni'oolchee jira. Mala akkamtaa ilaalchisuun Creswell, J (2003:178) yemmuu ibsu, ''The idea behind qualitative research is to be purposefully selected participant or sites documents on visual that will be best help the researcher understand the

problem and the research quest.'' Jedha. Yaanni kunis qorannoo qulqulleeffataafi maddi ragaa xiyyeeffannaan filatamuun akka jiraatuufi qorataafis haalaan hubatamee ibsuun akka mijatu addeessa. Qorannoon akkamtaa hawaasa keessa seenanii aadaa, duudhaa, dandeettii, dadhabbiina, fedhii, jaalalafi jibba walumaagalatti sochii jiruuf jireenyaa daawwachuu, gaafachuu, yaadannoo qabachuufi waraabuun gaggeeffama.

### 3.3.Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo qaama ykn waanta qorannoon tokko irratti gaggeffamudha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaa Barkeessaa, (2019:64) yoo ibsu, "Qorannoon tokko irraawwatama qaba, Kunis, namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti gaggeeffamu" jechuun yaada kana gabbisa. Kanaafuu irraawwatamni qorannoo kanaas, hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hnaga 2014f sirboota aadaa filataman ta'an.

#### 3.3.1. Madda Odeeffannoo

Madda odeeffannoo filachuuf wanti murteessaan mata duree qorannoo, kaayyoofi malleen qaaccessa ragaalee akka ta'e (Filee Jaallataa, 2021) ibsee jira. Ittuma dabaluun,
"Madda tokkoffaan bakka taatee tokkotti argamuudhaan namoota irraa odeeffannoo argaa-dhageettii walitti qabachuu qofa osoo hintaane, sadarkaa tokkoffaatti odeeffannoo ijoo qoratoonni irraa argatan akka madda tokkoffaatti ilaallamu danda'a." jedha. Akka yaada kanaatti madda sadarkaa jalqabaa ta'uufi dhiisuun sadarkaa odeeffannoon irraa fudhatameefi barbaachisummaa odeeffannoo qorattoonni irratti hundaa'uun qoranoo gaggeessaniin kan murtaa'u ta'uu isaati. Kanuma bu'uureffachuun qorannoo kana keessatti madda odeeffannoo sadarkaa jalqabaatti awudiyoofi viidiyoo hojii Galaanaa Gaaromsaa hojiirra ni'oolu.

Gama biraatiin madda lammaffaa Filee (2021:68) yoo ibsu, "maddi ragaa lammaffaa jechuun, odeeffannoowwan qorannoodhaaf barbaadaman maddeen barreeffamaa kanneen maxxanfamaniifi hinmaxxanfamne, odeeffannoowwan dhimmoota biroof viidiyoodhaan, meeshaalee elektirooniksii suur-sagaleedhaan, waraabamanii jiran, gabaasaalee adda addaa, qaboo yaa'ii, xalayaalee manneen hojii, bobboca adda addaa suuraa kaasuudhaan odeeffannoo walitti qabaman dabalata." jedha. Dabalataanis, madda lammaffaa Kothari (2004:111) yoo ibsu, "Secondary data means data that are already available i.e., they refer to the data which have already been collected and analysed by

someone else. Secondary data may either be published data or unpublished data." jedha. Yaadota olii irraa akka hubatamutti maddi odeeffannoo lammaffaan odeeffannoowwan ykn ragaalee kanaan dura dhimmoota garagaraaf walitti qabamanii jiran ta'ee kanneen maxxanfamaniifi hinmaxxanfamne kan of keessatti qabatu ta'uu nama hubachiisa. Haaluma kanaan sirboota aadaa qorannoo kana keessatti hojiirra oolan argachuuf maddi odeeffannoo lammaffaan hojiirra oolee jira.

### 3.3.2. Mala Iddatteessuu

Qorannoon kun unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hnaga 2014fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti waan xiyyeeffatuuf irraawwatamni qoranoo kanaas sirboota Galaanaafi sirboota aadaati. Iddattoo kana fudhachuuf qorataan malleen iddattoon itti fudhataman keessaa mala miti-carraa (non probability sampling) fayyadamee jira. Mala miti-carraa keessaas, malli akkayyoo (purposive sampling) hojiirra oolee jira.

### 3.3.3. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Adeemsa qorannoo akkamtaa gaggeessuu keessatti odeeffannoo funaanuuf malleen gargaaran keessaa tokko xiinxala dookimentii akka ta'e Addunyaa (2019) ibsee jira. Bifuma walfakkaatuun Dirribsaa Abaatee (2020) ragaa sakatta'uun karaa odeeffannoon ittiin sassaabaman keessaa tokko yoo ta'u, as jalatti kanneen ramadamuu danda'an warreen sagaleen jiran, suursaga, suuraa, fiilmii, yaadannoo, barreeffamoota harkaa (manuscripts), marii toora intarneetii, xalayaalee, barrulee, kitaabotaafi wkf akka of keessatti haammatuu danda'u ibsa.

Yaaduma kana bifa deeggaruun Creswell, John W., and Creswell, J. David (2018:263) yoo ibsan, "During the process of research, the investigator may collect qualitative documents. These may be public documents (e.g., newspapers, minutes of meetings, official reports) or private documents (e.g., personal journals and diaries, letters, e-mails)." jedhu. Yaadni kunis, qorataan adeemsa qorannoo keessatti ragaa akkamtaa gaazexaa, qaboo yaa'iiwwan, gabaasaalee, joornaalota, miidiyaalee hawaasaa ykn marsaalee hawaasaafi wkf irraa walitti qabachuu kan danda'u ta'uu nama hubachiisa.

Kanuma bu'uura godhachuudhaan qorannoo kanaaf ragaa quubsaa argachuuf malli ragaa sakatta'uu kan filatame yoo ta'u, sirboota aadaa qorannoo kanaaf barbaachisan funaanuuf

ragaalee viidiyoodhaan marsaalee hawaasaa irratti argamaniifi barreeffamaan kanneen argaman funaanuuf hojiirra oolanii jiru.

### 3.3.4. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoon kun unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hnaga 2014fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, walaloon sirboota Galaanaafi sirboota aadaa filataman walbira qabamuun qaacceffamu. Akka Dirribsaa Abaatee (2020) ibsutti malli walbira qabaa (comparison) hariiroo wantoota gidduu jiru ibsuuf kan oolu yoo ta'u, innis akkaataa dhimmoonni walbira qabaman ittiin walfakkaataniifi walfaallessan ykn gargar ta'an bu'uureffachuun hariiroo isaanii xiinxaluun ibsuudha. Qorannoo kana keessatti ragaa qaaccessuuf akka toluuf hojii Galaanaa Gaaromsaa gara barreeffamaatti deebisuun, dabalataanis sirboota aadaa filataman barreeffamaan qindeessuun unkaafi akkaataa walaloo sirboota kana keessatti argamu, itti fayyadamni afaanii hojii kana keessatti argamu akkamitti akka hojiirra oole walbira qabuun, kan qaacceffamanii jiru.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1. Seensa

Boqonnaa kana jalatti ragaalee hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa irraa agamantu qaacceffamee dhiyaata. Qaaccessi kunis, Unkaafi Akkaataa Hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, hariiroo isaan gama unkaafi akkaataatiin qaban qaaccessuuf sirboota (hojiiwwan) Galaanaa gara barreeffamaatti jijjiiruun, akkasumas sirboota aadaa dookumentii adda addaa (barreeffamaafi viidiyoo) irraa funaanaman barreeffamaan kaa'uun mata duree gurguddaa lamaafi mata duree xixiqqaatti qoodamee haala armaan gadiin qaacceffamee jira. Haaluma kanaanis, gaaffileen qorannoo ka'an walduraa duubaan deebii argatu.

## 4.2. Unka Walaloo Hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa Keessatti Argaman

Ijaarsa walaloo keessatti qaamoleen akka toora, safara, walunata sagalee, buufata/buusaa, dhikkisa/yaa'a sagalee, waliin qindaa'uun unka tokko uumu. Unki aartiidhaaf baay'ee barbaachisaa akka ta'eefi qabiyyeedhaan adda kan hinbaane ta'uu Barnet, Sylvanfi kaawwan (2008)  ibsanii jiru. Dabalataanis, walaloo keessatti faayidaan buusagaa ijoo dubbii ykn qabiyyeedhaa gadi akka hintaane Asafaa (2021) ni'ibsa. Akka yaadota olitti ka'an kanaatti unki aartiidhaaf isa baay'ee barbaachisaa ta'edha. Walaloo keessatti walunatni sagalee akkaataa, boca, caasaan qabiyyee waliin hariiroo cimaa kan qabu ta'uu isaafi unki walaloof qabiyyeen kan adda hinbaane ta'uu nama hubachiisa.

Ogwalaloon/afwalaloon unkaa adda addaa qabaachuu kan danda'u yoo ta'u, akka waliigalaatti walaloo unka cufaafi walaloo unka banaa jechuun  iddoo lamatti qooduu nidandeenya. Haaluma kanaan walaloon hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa keessatti argaman unka akkamii irraa akka ijaaraman haala armaan gadiitiin qaacceffamanii jiru.

### 4.2.1. Walaloo Unkaa Cufaa

Walaloon safara, buusaga sagalee /bilbila sagalee, bo'oo fi buufata beekamu/baratame tokko eegee barreeffamu walaloo unkaa cufaa jedhama. Gosti unka kanaa bo'oowwan isaanii safara walmadaalu irraa kan ijaaramaniifi bo'oowwan isaanii sagalee moggoo/ buusaga walfakkaatuun

kan xumuramanidha. Kanuma bu’uureffachuun walaloo hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirba aadaa irraa fudhatame haala armaan gadiitiin xiinxalamee jira.

Walaloo Hojii Galaanaa Gaaromsaa

[46] Maaf na nyaaraa na nyaaru <u>kanarra</u>

[47] Maalan aarasi hin’aaru <u>kanarra</u>

[48] Maalan boo'a hin’boo'u <u>kanarra</u>

[49] Yoo jiraanne, birraa <u>wal agarra</u> (x2)

[50] Yoo jabaanne, birraa <u>wal agarra</u>

[51]Yoo wal taane, moonee <u>wal agarra</u> (x2)

Walaloo Sirba Aadaa

[5] Yaa baddeessaa laga soo**lee**

[6] Gowwaan mukaa dhoqonuu**dhaa**

[7] Barbaacha keen laga oo**lee**

[8] Akka kormaa bosonuu**dhaa**.

Walaloon hojii Galaanaa keessaa fudhatame kana yoo ilaalle toorri hundinuu baay’ina birsagaa walqixa qabu. Sararoonni sadan jalqabaa jecha walfakkatu “kanarra” jedhuufi sararoonni sadan gara dhumaa jiran ammo jecha “walagarra” jedhaniin xumuramaniiru. Gama walaloo sirba aadaa olitti fudhatameenis yoo ilaalle, cabsanni walalichaa toora afur irraa kan ijaarame yoo ta’u, tooronni arfanuu baay’ina birsagaa walqixa qabu. Toorri jalqabaafi sadaffaan sagalee moggoo “-**lee**” fi toorri lammaffaafi arfaffaan ammoo “**-dhaa**” xumuramuun wal’unata uumanii jiru. Gabaabumatti fakkeenyi olitti fudhatame kun safara walmadaaluufi wal’unta sagalee waan qabuuf walaloo unka cufaa jalatti kan ramadaman yoo ta’u, walaloon hojii Galaanaa Gaarumsaa keessaa fudhatameefi sirba aadaa keessaa fudhatame unka cufaa qabaachuu isaaniitiin walfakkeenya qabu jechuudha.

### 4.2.2. Walaloo Unkaa Banaa

Walaloon unka banaa, gosa walaloo safara, buusaga, baay'ina bo'oo cabsata keessaa baramaa ta'e hinqabnedha. Walaloon unka banaa unka bilisaa (free verse)fi unka duwwaa (blank verse) qoodamuu danda'a.

A. Unka Bilisaa

Akka Barnet, Sylvanfi kaawwan (2008) jedhanitti unki bilisaa unka banaa jedhamuu kan danda'u yoo ta'u, bo'oowwan gaggabaaboodhaan qophaa'a. Unka kaawwan irraa wanti adda isa godhu haalli yeedaloo safara walqixaan kan hin'ijaaramne, dheerinni bo'oowwanii murtaa'aa ykn walqixaafi bo'oowwan buusaga walfakkaatu kan hinqabne ta'uu isaati. Dabalataanis, Padgett (1987:85) yaaduma kana yoo ibsu, "*Free verse is just that lines of poetry that are written without rules: no regular beat and no rhyme*." jedha. Mee fakkeenya walaloo unka banaa kanaa gadii haa ilaallu.

[179] Onnataa dhiiraa
[180] Sabasaaf gaachana wabiidhaa
[181] hubadhaa ijjoollee
[182] Gaafa roorroo ilmi murtii irraa hinoolle
[183] Akkaafuu koorre
[184]Gaafa lolaa sitti geeraraa
[185] Har’a illee geenyee
[186] Gaafa tolaa goota ta’uu yoo hinfeenee
[187] Ilaamee koodee
[188] Warri biyyaaf darbe lubbuudhaan
[189] Erga nuuf dhiisee
[190] Haqa sabaaf darbe lubbuu isaa baase
[191] Dagachuun taatu
[192] Lammata deebitee aduunuu
[193] Goobantee hinbaatuu
[194] Warra lubbuun darbe anaan haa nyaatu.

Walaloon kanaa olii hojii Galaanaa keessaa kan fudhatame yoo ta’u, safarri toora walalichaa walqixa miti. Baay’inni birsagoota bo’oowwan gidduu jiru baay’ee walgata. Bo’oon jalqabaa birsaga shan, bo’oon lammataa birsaga sagaliifi bo’oon sadaffaan ammoo birsaga kudha sadi qaba. Bo’oowwan hafanis akkasuma safara walmadaalan hinqabani. Haalli dhiyaannaa sararootaa, sararoota gaggabaaboofi giddugaleessaa irraa kan ijaaramedha. Walaloon kun walunata sagalee

darbee darbee kan qabu yoo ta’ellee, safara walqixaa dhabuu isaan unka banaa jalatti akka ramadamu ibsi olii nimullisa. Unki kun waloof bilisummaa waan kennuuf walaloo ammayyaa keessatti hojiirra oolaa kan jiru ta’uu, Padgett (1987)fi Asafaa (2021) ibsanii jiru.

B. Unka Duwwaa

Akka Barnet, Sylvanfi kaawwan (2008), Padgett (1987) ibsanitti unka duwwaan safara walmadaalu kan qabu ta’ee, bo'oowwan buusaa kana keessatti argaman sagalee walqoomuun hinxummuramnedha. Bo'oowwan buusaga walfakkaatuun kan hinqabne ta'uu isaa unka bilisaatiin wal isa fakkeessa. Unki kun waloof bilisummaa waan kennuuf walaloo ammayyaa keessatti hojiirra oolaa kan jiru ta’uu, Padgett (1987)fi Asafaa (2021) ibsanii jiru.

### 4.2.3. Toora /Sarara

Walaloon tokko ergaa dabarsuuf kan danda’u toora lamaafi isaa ol yoo ta’edha. Asafaa (2021:22) "Walaloon walaloo durdurii kan akka weedduu jaalalaa toora lamaa sadiis haata'u malee yeroo baay'ee toora afuri. Arfan keessaa toorri lameen unkumaaf, sagalumaaf (sound parallelism) ykn miidhagina dabaluuf, itti-gaalcha (ananlogy), akka itti seensa ijoo dubbiitti fayyaduuf seenu." Jedha. Fakkeenya asii gadii walaloo hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirba aadaa irraa fudhatame haa ilaallu.

Walaloo Hojii Galaanaa Gaaromsaa

[151] Abbichuurran marmaara
[152] Narraa dhumte kopheen koo
[153] Turteef garaa hirtaaree
[154] Anoo sumaa abdiin koo.

Walaloo Sirba Aadaa

[1] Gaachanni gaachana hincaaluu
[2] Caalekaa gaachanni booyyee
[3] Jaalalli jaalala hincaaluu
[4] Caalekaa jaalalli ijoollee.

Sararoonni qindoomina jechootaa yookiin gaaleewwaniirraa ijaarama. Walaloon asii olii kunis bo’oo walaloo afur afur irraa kan ijaaraman yoo ta’u, sararoonni walalichaa sagalee walqoomu

qabaachuu isaaniitiin bilbilli sagalee akka uumamu godhanii miidhagina itti uumanii jiru. Akkuma olitti ibsame, toorota arfan keessaa lamaan jalqabaa akka itti seensaatti oolanii jiru. Walaloo lamaan keessattuu, ergaan sararoota lamaan dhumarra jiranirratti argama. Kanaafuu, walaloon hojii Galaanaa keessatti argamu unka tooraa (qindoomina tooraatiin) sirba aadaa jaalala giddugaleeffateen hariiroo qabaachuu namatti mul'isa.

### 4.2.4. Safara

Fedhasaa (2021:121) "Safarri birsaga jechoota bo'oo walaloo keessa jiruu bu'uureffata. Birsagni bo'oo keessa jiru yoo walqixxaate dhikkisa cimaatu uumama. Dhikkisni ammoo amala muuziqaa walaloo sanaati." Dhikkisa bo'oo walaloo keessatti argamutu miidhagina walalootti uuma. Walaloo hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa keessattis iddoo adda addaatti safarri birsaga jechootaa bo'oo walaloo keessatti argamanii walqixxaachuun dhikkisa yeroo uuman argina. Mee safarri walaloo asii gadii haa ilaallu.

Walaloo Hojii Galaanaa Gaaromsaa

[139] Manni keenya gaara gooroo 4/4
[140] Inni ammaa Qallittiidhaa 4/4
[141] Wayyaafachaa natti koottuu 4/4
[142] Fuulleen gamaa Qilinxoodhaa 4/4

Walaloo sirba aadaa

[5] Yaa baddeessaa laga soolee 4/4
[6] Gowwaan mukaa dhoqonuudhaa 4/4
[7] Barbaacha keen laga oolee 4/4
[8] Akka kormaa bosonuudhaa. 4/4

Walaloo hojii Galaanaa keessaa fudhatame kana yoo ilaallu, bo'oowwan arfan kun waliin qindaa'uun cabsata tokko kan uuman yoo ta'u, bo'oowwan arfanuu birsagoota afur afur irraa ijaaramanii jiru. Bifuma walfakkaatuun, walaloon sirba aadaa keessaa fudhate kunis bo'oowwan afur kunniinis, cabsata tokko yoo ta'an bo'oowwan arfanuu keessatti birsagoota afur afur irraa ijaaramanii jiru. Tooronni walaloo kanaa walmadaaluun ammoo, walaloo keessatti dhikkisni cimaan akka uumamu gochuudhaan miidhaginni isaa akka dabalu godhanii jiru. Akka ibsa

kanarraa hubatamutti walaloon hojiin Galaanaa Gaaromsaafi sirba aadaa keessaa fudhatame kun safara walfakkaataa qabaachuun isaa hariiroon lamaan isaa gidduu jiraachuu mullisa.

### 4.2.5. Birsaga

Birsagni caasaa dhamsagaan yookiin walta'insa dhamsagootaatiin ijaaramudha. Akka Abdiisaa Guyyee (2019:2) jedhutti, birsagni "*Sarara walaloo keessatti walmadaalliin sagalee jechootaafi gaaleewwanii kan ittiin eegamudha*" Akka yaada kanarraa hubatamutti walmadaalliin sagalee jechootaafi gaalee bo'oo walaloo keessatti yoo uumame walaloo sanaaf miidhagina kan dabalu yoo ta'u, kunimmoo baay'ina birsagootaa achi keessatti argaman irratti hundaa'a. Walaloo hojii Galaanaa Gaaromsaa keessaa fudhatame asii gadii kana haa xiinxallu.

[179] Onnataa dhiiraa
[180] Sabasaaf gaachana wabiidhaa
[181] hubadhaa ijjoollee
[182] Gaafa roorroo ilmi murtii irraa hinoolle
[183] Akkaafuu koorre
[184]Gaafa lolaa sitti geeraraa
[185] Har'a illee geenyee
[186] Gaafa tolaa goota ta'uu yoo hinfeenee
[187] Ilaamee koodee
[188] Warri biyyaaf darbe lubbuudhaan
[189] Erga nuuf dhiisee
[190] Haqa sabaaf darbe lubbuu isaa baase
[191] Dagachuun taatu
[192] Lammata deebitee aduunuu
[193] Goobantee hinbaatuu
[194] Warra lubbuun darbe anaan haa nyaatu.

Walaloon kana yoo ilaallee birsagoonni bo'oo walaloo kana keessatti argaman walhinmadaalani. Sararri jalqabaa birsagoota muraasa irraa kan ijaarame yoo ta'u, sararri itti aanu ammoo birsagoota hedduu irraa uumamuu isaa agarra. Walaloo kanarratti toorri tokkoffaafi sadaffaan birsagoota muraasa irraa yoo ijaaramu, toorri lammaffaafi arfaffaan ammoo birsagoota baay'ee irraa

ijaarameera. Haaluma kanaan toorri hunduu bifa walhinfakkaanneen baay’inni birsaga isaa walbuusaa deemu. Akka Asafaa (2021:22) jedhutti, Birsagni baay'ina dhikkisa isaa akka akaakuu afoolichaatti addaa adda. Birsagi walaloo ammayyaa ammoo walcaccaaluu danda'a. Gabaabumatti walaloon hojii Galaanaa Gaaromsaa iddoo hedduutti birsaga walmadaalu yoo qabaatellee, walaloo asii olitti fudhatameetti birsaga walmadaalu dhabuu isaatiin unka sirba aadaa irraa adda ta’uu danda’a.

### 4.2.6. Buusaga/Walunata sagalee (Rhyme)

Qindoomina walaloo keessatti toora walaloo tokkorraa kan itti aanutti yeroo cehamu irra deddeebiin sagalee uumamuun walalichaaf miidhagina uuma. Akka yaada Fedhasaa (2021) Birhaanuu (2009) wabeeffachuun ibsettis walunatni sagalee, bo'oo keessa ykn dhuma bo'oorratti sagalee walfakkaataniin yeroo xumuraman kan uumamu yoo ta’u bifa lamaan: unata sududaafi unata qaxxaamuraan uumamuu danda’a. Wal'unatni sududaa buufata tokko keessatti bo'oowwan walitti aanan sagalee walfakkaatuun yoo xumuraman uumama. Wal'unatni qaxxaamuraa ammoo, buufata keessatti sagaleen dhuma bo'oo jalqabaafi bo'oo sadaffaa, sagaleen dhuma bo'oo lammaffaa kan dhuma bo'oo afraffaa walqoomu wal'unata qaxxaamuraa jedhama. Hojii Galaanaa Gaaromsaa keessattis ta’ee walaloo sirboora aadaa keessaa fudhamerratti buusagni ykn walunatni sagalee karaa lamaan walunata sududaafi walunata qaxxaamuraatiin argama. Mee akka asii gadiitti haa illaallu.

Buusaga/Walunata Sududaa Hojii Galaanaa Keessaa Fudhatame

[46] Maaf na nyaaraa na nyaaru **kanarra**

[47] Maalan aarasi hin’aaru **kanarra**

[48] Maalan boo'a hin’boo'u **kanarra**

[49] Yoo jiraanne, birraa wal **agarra** (x2)

[50] Yoo jabaanne, birraa wal **agarra**

[51]Yoo wal taane, moonee wal **agarra** (x2)

[52] Wal agarra garraa, Wal agarraa **garraa** (x2)

Buusaga/Walunata Sududaa Sirboota Aadaa Keessaa Fudhatame

[13] Baddeessa soofte mal**ee**

[14] Qilxuu sooftee ‘ingarr**ee**.

[15] Qancaraaf boosse mal**ee**

[16] Kichuu ijoollee ingarr**ee**.

Walaloo armaan olii lamaan isaanii walbira qabnee yoo ilaalle, kan Galaanaa keessatti bo’oowwan jalqabaa sadan jecha walfakkaatu “kanarra” jedhuufi bo’oowwan hafan arfan ammoo jecha “agarra” jedhaniin xumuramuun unata sududaa uumanii jiru. Haaluma walfakkaatuun walaloon sirboota aadaa kunis, bo’oowwan arfanuu sagalee “lee’ jedhuun xumuramuudhaan buusaga sududaa uumanii jiru.

Buusaga/Walunata Qaxxaamuraa Hojii Galaanaa Keessaa Fudhatame

[123] Salgan haroo abbaa Makk**oo**

[124] Iddoo gabaan hinqotan**ii**

[125] Dur manni keenya as**oo**

[126] Gamootti ijaarratan**ii**

[127] Gamoodha ijaarratan**oo**.

Buusaga/Walunata Sududaa Sirboota Aadaa Keessaa Fudhatame

[46] Haati soddaa damma hin nyaatt**uu**

[47] Jiisaa jalaa muraniit**i**

[48] Ati hinsobdaa naman yaadd**uu**

[49] Intala abbaa kudhaniit**i**.

Cabsata walaloo lamaan asii olii keessatti walaloo jalqabaa yoo ilaalle bo’oon jalqabaa, sadaffaafi shanaffaan sagalee “oo”n walqoomuun buusaga sududaa yoo uuman, bo’oon lammaffaafi arfaffaan ammoo sagalee “ii” walqoomuun unata qaxxaamuraa uumanii jiru. Walaloo lammaffaa yoo ilaalles, bifuma walfakkaatuun bo’oon jalqabaafi sadaffaa sagalee “uu”n walqoomuun buusaga sududaa yoo uuman, bo’oon lammaffaafi arfaffaan ammoo sagalee “i” walqoomuun unata qaxxaamuraa uumanii jiru. Kunis hariiroo walaloo kanneen lamaan waliin qaban ta’uu namatti mullisa.

### 4.2.7. Dhikkisa/Yaa’a Sagalee (Rhythm)

Fedhasaa (2021:125) "*Dhikkisni qaama walaloo keessaa isa tokko ta'ee safara, wal'unata, durdura ykn irra deddeebii sagalee irraa kan uumamudha. Safarri birsagaa bo'oo tokko keessa jiru kan bo'oo biroo waliin walmadaalu yoo ta'e, olka'uufi gadi bu'uun sagalee birsagoota sanaa uumamuu amala muuziqaa kenna; kanatus dhikkisa jedhama*."

Hafee hojii galaanaa Gaaromsaa irraa fudhatame

[46] Maaf na nyaaraa na nyaaru kanar**ra**

[47] Maalan aarasi hin’aaru kanar**ra**

[48] Maalan boo'a hin’boo'u kanar**ra**

[49] Yoo jiraanne, birraa wal agar**ra** (x2)

[50] Yoo jabaanne, birraa wal agar**ra**

[51]Yoo wal taane, moonee wal agar**ra** (x2)

[52] Wal agarra garraa, Wal agarraa garraa (x2)

Hafee sirba aadaa irraa fudhatame

[5] Yaa baddeessaa laga soo**lee**
[6] Gowwaan mukaa dhoqonuu**dhaa**
[7] Barbaacha keen laga oo**lee**
[8] Akka kormaa bosonuu**dhaa**.

Walaloon olii kun bo’oowwan isaa safara baay’ee walitti dhiyaatu qabu. Sararoonni cabsata keessatti argaman birsagoota walqixa ta’an irraa ijaaraman. Bo’oowwan hojii Galaanaa irraa fudhataman hundi birsaga /**ra**/dhaan xumuraman walunata uuman, kan sirba aadaa ammoo toorri tokkoofi sadaffaan sagalee “**lee**” walqoomuun lammaffaafi arfaffaan ammo sagalee “**dhaa**” walunata uumanii jiru. Bo’oowwan isaa kunneen durdura cimaa qabu. Kunimmoo walallichi amala muuziqaa (yeedaloo) akka qabaatu isa taassisa,

### 4.2.8. Cabsata /Buusaa (Stanza)

Akkuma barreeffama holooloo keessatti qindoominni himootaa keeyyata ijaaru, walaloo keessatti ammoo qindoominni sararootaa (bo'oowwanii) cabsata/buusaa ijaara. Akka Barnet, Sylvanfi

kaawwan (2008) ibsanitti, cabsatni/buusaan qindoomina bo'oo walaloo buusaga ykn wal'unata qaban irraa kan ijaaramu ta’ee, yeroo baay'ee buusaan (stanza)n walaloo wal'unata walfakkaataa qabaata. Kanas akka asii gadii haa ilaallu.

Cabsata /Buusaa walaloo hojii Galaanaa Keessaa Fudhatame

[107] Baddaa gubbaarra robe
[108] Karaa cufee lolaanii
[109] Ilaallachaa adeemi
[110] Naraafamtii garaanii

Cabsata /Buusaa walaloo Sirboota Aadaa Keessaa Fudhatame

[25] Muree mureen mana ijaaraa
[26] Yoo Sokorruun mana taatee
[27] Dhufee dhufeen si ilaalaa
[28] Jalalloo soogidda taatee.

Hafee hojii Galaanaafi sorboota aadaa keessaa fudhatame kana yoo ilaalle lamaan isaanituu toora afur afur irraa ijaaramani. Tooronni isaanii sagalee walqoomuun kan xumuramaniifi walunata walfakkaataa kan qaban yoo ta’an waliin qindaa’uun cabsata/buusaa walaloo ijaaranii jiru. Walaloon kun toora afur afur kan qabu yoo ta’ellee, buusaan walaloo toora afurii gadis ta’ee afurii olirraa ijaaramuu danda’a. Kunimmoo buusaa kan isa jechisiisu akkaataa qindoomina isaafi ergaa buusaan sun of keessatti qabate. Kanaafuu haala ijaarsa buusaa/cabsataa irratti hojiin Galaanaafi walaloon sirba aadaa irraa fudhatame hariiroo waliin qabu jechuudha.

### 4.2.9. Durdura Sagalee (Refrain)

Fedhasaa (2021:120) Birhaanuu (2009) wabeeffachuun yoo kaa'u, "*Durdurri sagalee irra deddeebii sagalee dubbifamaafi dubbachiiftuu jechoota bo'oo walaloo jalqaba, gidduufi dhumarratti mul'atuudha. Durdurri dubbifamaa (allitration) irra deddeebii sagalee dubbifamaa jechoota walaloo keessatti mul'atu yoo ta'u, durdurri dubbachiiftuus (assonance) irra deddeebii sagalee dubbachiiftuu bo'oo walaloo keessatti argamuuti*" jedha. Akka yaada kanarraa hubatamutti irra deddeebiin sagalee dhuma bo’oo qofa osoo hintaane, jalqabaafi gidduu bo’oo walaloo irrattis argamuudhaan miidhagina dhaga’iitii walalichi qabuuf kan gumaachu ta’uu nama

hubachiisa. Durdurri sagalee kunniin hojii galaanaafi sirboota aadaa keessatti kan argamu yoo ta'u haala asii gadiitiin ilaalla.

Durdura sagalee hojii Galaanaa Keessaa Fudhatame

[133] **K**ottee **d**uudaan **y**aate **k**uunno
[134] **K**ottee **d**uudaan **y**aate **k**eess**a**
[135] **H**inagarree **d**ur loontu dheeda**a**
[136] **H**umna dhaban **w**aakkatii**n**
[137] **N**arraa turten **w**aakkatii**n**
[138] **N**a waammattu siin arreeda**a**.

Durdura sagalee sirba aadaa Keessaa Fudhatame

[29] **J**immaafoo **J**imma **J**imm**aa**
[30] **W**alakkaa Gibe **m**al**ee**
[31] **J**irraafoo **j**irra **j**irr**aa**
[32] **W**al argaa dhibe **m**al**ee**
[33] **I**yyuurewoo **i**yyuuf bakkeen **n**agum**aa**
[34] **Dh**iisuurewoo, **dh**iisuuf lapheen **n**a gub**aa**.
(Warquu Dachaasaa (Wiirtuu Jildii 9 f.17)

Hafee jalqabaa irratti yoo ilaallu, toorri lamaan jalqabaa, jalqaba bo'oo irratti "**K**", toorri sadaffaafi arfaffaan sagalee "**H**"dhaan, toorri shanaffaafi ja'affaan ammo sagalee "**N**"dhaan eegaluu durdura jalqabaa uumanii jiru. Toorri tokkoo hanga sadii jiru gidduutti sagalee "**d**" fi bo'oon tokkoofi lama "**y**"dhaan, toorri afuriifi shan sagalee "**w**"dhaan walqoomuun durdura gidduu uumanii jiru. Bifuma walfakkaatuun toorri lama, sadiifi ja'affaan sagalee dubbachiiftuu "**a**"dhaan walunachuudhaan akkasumas, toorri afuriifi shan sagalee "**n**" dhaan walqoomuun durdura xumuraa uumanii jiru. Hafee sirba aadaas yoo ilaalle, toora jalqabaafi sadaffaan sagalee dubbifamaa "**J**" dhaan, toorri lammaffaafi arfaffaan immoo sagalee "**W**" dhaan eegaluudhaan, akkasumas toora tokkoffaafi sadaffaan Sagalee "j"dhaan lammaffaafi arfaffaan "**m**" dhaan shanffaafi ja'affaan "**n**" waljafuun durdura gidduu yoo uuman, sagaleen dubbachiiftuu "**aa**" fi "**ee**"n dhuma bo'oorratti argamuun durdura dhumaa uumanii jiru. Hafeen kun lamaa amaloota kana mullisuun isaanii hariiroo hojiin Galaanaa Gaaromsaa sirba aadaa waliin qabu calaqqisiisa.

### 4.3. Akkaataa (Style)

Maalummaa akkaataa ilaalchisee, Asafaa (2021:25-26) yoo ibsu akkas jedha.

> Waloon waan uumu afaaniin tolcha. ...Afaan kalaqaa immoo waa lama: tokko kan waloon jechootuma afaanichaa keessaa jecha sirriidha jedhu filee jecha sirrii iddoo sirrii galchuudhaan oguma baasu ykn barreessudha. Kan biroon immoo seerluga utuu hin'eegiin, sababaan jecha haaraa uumu, ykn seerluga dabsee ittiin barreessuufi ilaa kun akkaataa (style) abaluuti, kunimmoo kan abaluuti jennuun sanii. Akkaataan sansakkaa walooti.

Akka yaada kanarraa hubatamutti, akkaataan (style), hojii ogbarruu ykn ogumaa keessatti haala barreessaan ykn waloon tokko yaada isaa, kalaqaa isaa galmaan gahachuuf karaa ergaa ykn dhaamsa isaa galmaan naaf gahu jedhee yaadeen afaanitti dhimma bahudha. Kan waloon kalaqa ofii isaatiin fedhu jecha haaraa uumuun fedhu ammoo otoo seerlugaaf hindhiphatiin isuma jirutti fayyadamu kan waloon keessatti mul'atudha.

Dabalataanis, Abrams fi Geoffrey Galt Harpham, (2009:349) akkaataa akka asii gadiitti ibsu,

> Style has traditionally been defined as the manner of linguistic expression in prose or verse—as how speakers or writers say whatever it is that they say. The style specific to a particular work or writer, or else distinctive of a type of writings, has been analyzed in such terms as the rhetorical situation and aim; the characteristic diction, or choice of words; the type of sentence structure and syntax; and kinds of figurative language.

Akka yaada olitti ibsame kanaatti akkaataan (style) haala itti fayyadama afaanii holooloo ykn walaloo keessatti hojiirra oolu; akkaataa dubbattoonni ykn barreessitoonni waan dubbachuu barbaadan ittiin ibsatanidha. Akkaataan hojii ykn barreeffama barreessaa murtaa'e tokkoof adda ta'e, yookiin gosa barreeffamaa adda ta'e, akkaataan haalli dubbiifi kaayyoon ittiin xiinxalamu; amala akkaataa dubbii (the characteristic diction) ykn akkaataa filannoo fi itti fayyadama jechootaa, gosa caasaa himaafi xiinhimaa; akkasumas, gosoota malleen dubbii kan of keessatti qabatu ta'uu isaati.

Abrams, Geoffrey Galt Harpham (2009:269) "*The term diction signifies the kinds of words, phrases, and sentence structures, and sometimes also of figurative language, that constitute any work of literature*." jedhu. Akka yaada kanaatti, filannoon jechootaa (diction) gosoota jechootaa, gaaleewwanii fi caasaa himaa, darbees haala itti fayyadama afaanii ykn malleen dubbii kanneen hojii ogbarruutiif oolan of keessatti haammata.

Haala dubbii (Rhetoric) David Mikics (2007:264) yoo ibsu "*Rhetoric is the technique of persuading an audience through the artful use of words. As such, it remains required equipment for the politician, the poet, and even the philosopher*" jedha. Akka yaada kanaatti jechoota filatamoo ykn jechoota humna qabanitti dhimma bahuudhaan dhaggeeffattoota ofitti harkisuuf jechoota ogummaadhaan itti fayyadamuun ykn yaadni keenya fudhatama akka argatuuf tooftaan jechootatti fayyadamuu akkaataa haala dubbiiti. Ogummaan itti fayyadama jechootaa kun namoota akka ogeessota siyaasaa, waloo, akkasuma hayyoota falaasamaafis meeshaa barbaachisu ta'uu isaa nama hubachiisa.

### 4.3.1. Filannoo Jechootaa

Akka Fedhasaa (2021) jedhutti filannoon jechootaa ijaarsa qaama walaloo keessatti bu'aa olaanaa qaba. Filannoon jechootaa yoo raawwatamu jechi filatamu sun haalaafi bakka itti galu xiyyeeffatamuu qaba. Jechoota waloon filatu guutummaa yaada isaa bakka bu'uuf yoo ta'u, waloon baay'ee jechoota hiika dhaanquu qabanitti fayyadama. Kunis, meeshaa guddaan waloon kaayyoosaa ittiin bakkaan ga'atu jechoota. Filannoo jechootaa keessatti jechoonni bifaan walfakkaatan yoo waliin hiriiran walalichaaf miidhagina dabaluufi. Haaluma kanaan filannoo jechootaa hojii Galaanaa Gaaromsaa keessa jiru haala armaan gadiitiin xiinxalamee jira.

[103] Ennaa Anboon duumessaa'uu

[104] Beeggii irraan qaqawweessaa

[105] Na jaalannaanuu murteessii

[106] Ani hinfedhu ilmoo dabeessaa.

Walaloo Galaanaa Gaaromsaa asii oliii yoo ilaalle bo'oo lamaan jalqabaa keessatti Amborra duumessaa'uufi Beeggii irraan qaqawweessaa'uu walbira qabee kaasa. Akkaataan jechoonni kun itti filataman hariiroon yookiin walitti dhufeenyi Amboofi Beegii gidduu jiru cimaa ta'uu ibsuuf itti fayyadamee jira. Hiika jechoota kanneenii yoo ilaallu duumessaa'uun adeemsa rooba jalqabuuf taassifamu_ roobuus dhiisuus danda'a. Yoo roobes rooba salphaa, giddugaleessa yookiin cimaas roobuu mala. Akka duumessaa'etti roobuu dhiisuu mala. Qaqawweessi garuu bokkaa cimaa keessa dhufa. Qaqawweessi kan nama sodaachisu ulfaataadha. Jechoonni kun lamaan ta'insi iddoo tokkotti raawwatamu battalatti iddoo biraattis kan ta'uuf tokkummaan uummatichi waliin qabu cimaa ta'uu isaa mullisuuf itti fayyadamee jira.

[123] Salgan haroo abbaa Makkoo

[124] Iddoo gabaan qotanii

[125] Dur manni keenya asoo

[126] Gamootti ijaarratanii

[127] Gamoodha ijaarratanoo.

Walaloo olii kana keessatti “dur manni keenya asi” jechuun isaa yeroo ammaa kana akka achi hinjirre himaa jira. Baroota dura bakka kana jiraataa turre bakki kun bakka jireenyaa keenya duriiti. Bakki kun qee’ee keenya ganamaati irratti horree jiraataa turre. Amma garuu achi hinjirru lafa keenyarraa nu buqqisanii amma qabiyyee isaanii godhatanii jiru jechuudha. “Gamootti ijaarratani” yeroo jedhu warri sabicha buqqise ofii irratti badhaadhee lafa isaan irra jiraataa turan amma gamoon akka irratti ijaarameefi lafti isaanii ormaaf akka oolee ormi akka irratti sooromee abbaa gamoo akka ta’eefi warri abbaa lafaa akka irra hinjirre jechoota muraasaan fayyadamee ibsee jira.

[139] Manni keenya Gaara Gooroo

[140] Inni ammaa Qallittiidhaa

[141] Wayyaafachaa natti koottuu

[142] Fuulleen gamaa Qilinxoodhaa

Walaloon sirba Galaanaa Gaaromsaa asii olii kun yoo xiinxalamu, sarara jalqabaa irratti manni keenya Gaara Gooroo yoo jedhu bakka dur itti jiraataa turan qee’ee jireenya isaanii irraa buqqa’uu isaanii jechoota bo’oo lammaffaa keessatti kaa’ame irraa hubachuun nidanda’ama. Sarara lammaffaa irratti “Inni ammaa Qaallittiidhaa” kan jedhu bakka dur jiraataa turan irraa buqqa’uun Qaallittiitti guuramuu isaanii ibsuu barbaadeeti. Guutummaan keenya hidhamneerra yookiin mana adabaatti guuramneerra (gidirfamnee) jirra jechuurra inni ammaa qaallittiidha jechuun karaa salphaa ta’een ibsuuf fayyadamee jira. Qaallittiin ammoo bakka manni adabaa itti argamu waan ta’eef salphumatti ibsachuu danda’ee jira. Sarara sadaffaafi arfaffaa irratti “Wayyaafachaa natti koottuu, Fuulleen gamaa Qilinxoodhaa” yoo jedhu jecha “fuulleen gamaa” jedhu fayyadamuudhaan ofii isaa Qaallittiitti kan argamu ta’uufi Qilinxoon ammoo Qaallittiin gamatti kan argamu ta’uu ibsa. Waloon kun yoo Qaallittiidhaa na dhabde Qilinxootti na barbaadi_ lamaan keessaa iddoo tokkoo na hindhabdu jechuurra jechoota filatamoo jedhee yaadetti fayyadamee ergaa isaa dabarfatee jira.

[155] Eegee addaata goote

[156] Lakkuu dhaltee re’een koo (x2)

[157] Baraan wareega laanna nutoo (x2)

[158] Hadiyyoomte qe’ee koo

Hafee walaloo sirba Galaanaa Gaaromsaa asii olii irratti fayyadamni jechootaa yoo xiinxalamu, sarara sadaffaa irratti uummanni keenya hedduutu dhume, dargaggoo hedduutu itti wareegame maatii hedduutu miidhame jechuurra karaa gabaabaa ta’een miidhama baroota hedduuf deemaa ture ibsuuf baraan wareega laanna jechuun ibsee jira. Jechi baraan jedhu baroota dhufaa darbaatti hiikama. Wareega jechuun ammoo akka waa siif raawwatamuuf aarsaa waadaa galamudha. Waan barbaanne argachuu dhabuu keenyaan barumaan aarsaa laachaa turree jirra; aarsaa baasuun keenya dhaabachuu dide jechuurra karaa gabaabaafi ifaa ta’ee “baraan wareega laanna*”* jedhee fayyadame. Sarara arfaffaa irratti jechi “hadiyyoomte” jedhu qee’een guutummaan qullaatti hafte, homtuu keessa hinjiru ona ta’eera hiika jedhu qaba. Wareegama barabaraan kaffaluu irraan kan ka’e manni keenya qullaatti hafe homtuu mana hinjiru jechuu isaa hubanna.

Hafee sirba aadaa irraa fudhatame.

[97] Eeboo saanjaa mukaa

[98] Seesaan taa'eet mugaa

[99] Yoo goonni tokkosuu.

Walaloo sirba aadaa keessaa fudhatame asii olii kana keessatti “taa’ee muga” jechi jedhu gocha dabooroon (lugni) raawwatu ibsuuf fayyadamanii jiru. Hiikni taa’ee muguun as keessatti qabu hirribaan qabamuu osoon hintaane lola soodaatee manatti deebi’uu seesaa (lugnaa) ibsuu barbaadeeti. Ebelu sodaatee baqatee gale jechuurra seesaan taa’eet muga jechuun dabooroo ceephessuuf yaalamee jira. Jechi “tokkosu” jedhu kutataan qabsoo hadhaawaa hidhannoon gaggeessaa jiraachuu mullisa. Diinaan lolaa jira ykn waraana gaggeessaa jira jechuurra jecha “goonni tokkosu” jedhu fayyadamuun ibsuu filateera. Yeroon kun yeroo goonni lolu yeroo hidhannoodhaan waa ofirraa faccisan akka ta'e bo'oo sadaffaa irraa hubatama. Yeroo kana keessatti qaamni walfakkaatu dhimma waloo qabu tokko waan waliinii isaanii irratti walta’anii loluu osoo qabanii lugni taa’ee ilaalaa akka jiruufi garuu immoo kan falmaa jiruus akka jiru namatti agarsiisa.

### 4.3.2. Tartiiba Jechootaa

Ijaarsi hima Afaan Oromoo caasaa mataa isaa danda’e qaba. Jechoonni hima ijaaran tartiiba caasaan (seerlugni) isaaniif eeyyamu eeguun qindaa’anii ijaaramuun hiika guutuu kennu. Akka Addunyaa Barkeessaa (2012) jedhutti caasaa himaa keessatti matimni jalqabarra dhufuun kutima yookiin qaamolee biroo of dura hiriirsuun ijaarama. Akka Fedhasaan (2021) tartiiba jechootaa bo’oo walaloo ibsutti ammoo, jechoonni bo'oo walaloo keessatti tarreeffaman akka bu'aa tokko buusuu danda'anitti itti yaadamanii ijaaramu. Tartiibni ijaaramu haala baratame irraa adda gochuun jechoota qindeessuun kan mul'atuufi kunimmoo hiikaaf kan gumaachudha. Walaloo keessatti tartiibni jechootaa yeroo baay'ee tartiiba caaslugaa irraa kan maqu yoo ta'u, seerluga cabsuun, jechoota ergifachuufi haaraa uumuun mirga waloof kenname akka ta'e ibsa. Bifuma walfakkaatuun, yaada kana Asafaa (2021:26) yoo ibsu, “…*seerluga utuu hin'eegiin, sababaan jecha haaraa uumu, ykn seerluga dabsee ittiin barreessuufi ilaa kun akkaataa (style) abaluuti, kunimmoo kan abaluuti jennuun sanii*." jedha. Yaaduma kana bu’uureffachuun walaloo hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirba aadaa keessaa fudhatame haala armaan gadiitiin qaacceffamee jira.

[155] Eegee addaata goote
[156] Lakkuu dhaltee re’een koo (x2)
[157] Baraan wareega laanna nutoo (x2)
[158] Hadiyyoomte qe’ee koo
[159] Garbuu qoteen randa koo
[160] Maaliif haamtani kichuu
[161] Otoo jirruu waldhabnee
[162] Naaf laga labda michuu

Walaloo asii olii kana keessatti tartiiba jechootaa bo’oo lammaffaa irratti “Lakkuu dhaltee re’een koo” jedhu yoo ilaalle matimni jecha “re’ee” fi “dhalte” jedhu bakka caasaa himaatiin iddoo seerlugni isaaniif eeyyamu hingalle. Matimni “re’ee” jedhu jalqabarraafi gochimni “dhalte” jedhu ammoo dhumarra dhufuu qaba ture. Bo’oo sadaffaa keessatti matimni himichaa “nuti” kan jedhu yoo ta’u bakka isaaf eeyyamamu osoo hintaane dhuma himaarratti argama. Bo’oo arfaffaa irrattis gochimnii “hadiyyoomte” jedhuufi matimni “qe’ee” jedhu bakka waljijjiiranii matimni bakka gochimaa, gochimni bakka matimaa qubatanii argamu. Bifuma walfakkaatuun bo’oo shanaffaa

irrattis gochimni “qoteen” jedhu bakka antimaafi matimni “randa” jedhu dhuma bo’oorra qubatanii argamu. Bo’oo ja’affaa irratti irraawwatamni “kichuu” jedhuufi gochimni “haamtani” jedhu bakka waljijjiiranii jiru.

Walumaagalatti, akka yaada olii kanarraa hubatamutti waloon hojiin isaa karaa miidhaginaafi mi'aawaa ta'een jamaa biraan ga'uuf bo'oo walaloo ijaaru akkaataa ergaa koo naaf dabarsa, walaloo kootti miidhagina hora jedhee yaadeen caaslugaaf osoo hindhiphatiin jechoota filateen fedhu ergifatee fedhus haaraa uumee fayyadamuu akka danda'u namatti agarsiisa.

[22] Gadaa malee hinfaarsinu gadoo

[23] Lubaan bullaa hinqabnu madoo

[24] Nan gala hinjedhu namni osoo hingeenye

[25] Fala hin’argatu namni faloo hinbeekne

Walaloo olii kana keessatti tartiiba jechoonni ittiin hiriiran yoo ilaallu, bo’oo lamaan jalqabaa irratti jechoonni gadoofi madoo jedhaniifi gochimoonni hinfaarsinuufi hinqabnu jedhan bakka waljijjiiranii jiru. Bo’oowwan sadaffaafi arfaffaa irratti matimni “namni” jedhu akka caasaa hima Afaan Oromootti bakka matimaaf eeyyamamu jalqaba himaarra osoo galuu qabuu gidduutti argamee jira.

[81] Sangaan usnaan iyyite qacceen

[82] Beekaa riphnaan dhaadatti dawween

[83] Eenyutu na’aaf bubbutaree nyaara

[84] Keessi hinmul'atu beeki garaan dhiiraa

Walaloo armaan olii hojii Galaanaa Gaaromsaa keessaa fudhatame kana keessatti tartiiba jechootaa bo’oon walaloo ittiin qindaa’e yoo xiinxalamu bo’oo jalqabaa keessatti gochimni iyyite jedhuufi qacceen bakka waljijjiiranii jiru. Bifuma walfakkaatuun bo’oo lammaffaa keessatti caasaadhaan yoo ilaalle, jechi dawwee jedhuufi gochimni dhaadatti jedhu bakka waljijjiiranii jiru. Sarara sadaffaa irratti gochimni bubbuttaree jedhuufi nyaara jedhu iddoo waljijjiiranii jiru. Dabalataanis, sarara dhumaa irrattis matimni garaa dhiiraa jedhuufi caasaan kutimaa keessi hinmullatu jedhu bakka waljijjiiranii jiru.  Walumaagalatti waloon kun haala ergaa barbaade sana isaaf dabarsuu danda’uun seerlugaaf otoo hindhiphatiin akka isaaf mijateefi miidhagina uumuufi danda’utti tartiiba jechootaatti fayyadamee  jiraachuu isaa nama hubachiisa.

Walaloo sirba aadaa irraa fudhatame

**[1]** Gaachanni gaachana hincaaluu

[2] Caalekaa gaachanni booyyee

[3] Jaalalli jaalala hincaaluu

[4] Caalekaa jaalalli ijoollee.

Walaloo sirba aadaa irraa fudhatame armaan olii bo'oo tokkoffaafi sadaffaa irratti duraaduuba caasaa himaa eeguun matimni gaachanni jedhuufi jaalalli jedhu jalqaba himaafi gochomni hincaalu jedhu ammoo dhuma himaa irratti argamu. Bo'oo lammaffaafi arfaffaa irratti ammoo matimoonni gidduu himaafi gochimoonni ammoo jalqaba himaa irratti galanii argamuun yaada waloon yaada isaa haala yaadeen ibsachuuf seerluga cabsuun hima ykn bo'oo walaloo ijaaruu danda'a jedhu mirkaneessa. Walumaa galatti, itti fayyadamni tartiibni jechootaa hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa keessatti argamu seerlugaaf dhimmuurra haala barbaadaniin itti fayyadamuun mullachuun hariiroon gidduu isaanii jiraachuu agarsiisa.

### 4.3.3. Malleen Dubbii

Malleen duubbii gosoota ogbarruu barreeffamaas ta'ee mitibarreeffamaa keessatti iddoo guddaa waan qabaniif barreessaan haala jechoonni ergaa isaa dabarsuufii danda'aniin filatee itti fayyadama. Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaan ergaa hubachiisuuf oolu ta'ee, karaa ittiin guddaa xiqqeessanii, xiqqoo guddisanii /arbeessanii, binoo nameessanii, namoo bineensanii, walcinaas qabanii cinaadhaan himaniifi wkf taassisuun hubannoof haala mijeessanidha (Addunyaa, 2018). Dubbiileen qolaa filannoo jechootaan kan dhugoomu yoo ta'u, barreessaan haala jechoonni kallattiin hiika sirrii qabaatan duubatti hiika dhokataa akka qabaatan gochuun jechoota walaloo qindeessuufi hiika dhokataa dubbii qolaa bira ga'uuf dubbistoonni akka xiinxalan kan gaafatudha (Fedhasaa, 2021).

**Akkasaa**

Akkasaan dorgommii wantoota lamaati. Wantoonni waldorgoman firooma dhiigaa qabaachuus qabaachuu dhiisuus malu. Waantota wal hinfakkaanne jechoota akka fakkaata, caala, hamma (hanga) jedhan fayyadamuun amalaan, hojjatan, guddinaafi kkf waldorgomsiisu yoo ta'u, hiikni isaa addummaa warra waldorgomsiisneerraa mul'ata. Tajaajilli isaas ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon wal-cinaa qabuun dhiyeessuun akka salphaatti

akka hubatamu gochuudha. Haaluma kanaan hojii Galaanaafi sirboota aadaa keessatti akkasaan haala kamiin akka hojjirra oole armaan gaditti xiinxalla.

[266] Siin dhaama yaanamanaa

[267] Yaa namicha fira koo (2)

[268] Yaa diimaa diinaaf dibbee

[269] Tulluun sitti jiguu moo

[270] Lammiin sit jiguu wayyaa

[271] Afaan namaan dubbattaa

[272] Akka tamboofi gaayyaa

[273] Duutus awwaalchan qabdu

[274] Badduus barbaachan qabduu

[275] koot lammii kee siif wayyaa

[276] Nu lammii kee siif wayyaa.

Walaloo asii olii keessatti Galaanaan amala namicha tokkoo tamboofi gaayyaadhaan yeroo walbira qabee waldorgomsiisu agarra. Gaayyaan meeshaa tamboo xuuxuuf itti fayyadamanidha. Garaa ishee keessatti bishaan itti naqan baatti_bishaan foolii badaa qabu. bishaanichi aara dhagaa gaayyaa irraa harkifamee dhufe qabbaneessee dabarsuudha. Mataatti ammoo dhagaa gaayyaa kan ibiddaafi tamboo baatu baatti. Aara tamboo dhagaa gaayyaa irraa aaru fuutee namicha harkisaa jiruuf kenniti. Aara kana dabarsuu kan dandeessu yoo namni harkisu ujummoo itti suuqee harkisedha. Yoo kana sagalee walirraa hincinne dhageechifti. Tamboon aara fixannaan gatanii haaraa irra kaawwatu. Gaayyaanis yoo cabde, yoo fedhii nama ishee xuuxuu guutuu dadhabde gatamtee kan biraan bakka buuti. Galaanaanis namicha fira koo jedheen kana tamboofi gaayyaan walbira qabee jira. Kan inni hojjatu, dubbatu kan ofii yaade osoo hintaane kan ormi keessa kaa’e dubbatee kan ormi baachise akka baachaa jiru itti himaa jira. Fedhii ormaa guutaa akka namaaf jiraataa jiru boru garuu alagaan isa miidhuu akka hin’oolle sirriitti itti himaa jira. Walumaagalatti, akkasaa fayyadamuun karaa ifaa ta’een ergaa isaa dabarfatee jira.

Malleen dubbii akkasaa sirba aadaa keessaa fudhatame

[5] Yaa baddeessaa laga soolee

[6] Gowwaan mukaa dhoqonuudhaa

[7] Barbaacha keen laga oolee

[8] Akka kormaa bosonuudhaa.

Walaloo sirba aadaa keessaa fudhatame armaan olii keessatti baay'ee ishee barbaaduu isaa mullisuudhaaf mala akkasaa fayyadamee ibsee jira. Bosonuun jireenya isaa bosona keessa toora lagaatti dabarsuun amala isaati. Lagatti bishaan waan argatuuf lagarraa hinfagaatu. Akkuma kana sirbaan kunis yeroo isheen bishaan waraabuu ykn uffata miichuuf laga dhaqxu achitti argachuuf jecha akkuma bosonuu sana laga ooluu isaa amala bosonuu ofiif kennuun isheef ibsuu yaalee jira.

**Iddeessa/Bakkasaa/**

Malli dubbii iddeessa yookiin bakkasaan amala waan tokko guutummaatti amala waan biraa bakka buusuun dhiyeessu ykn waan tokko waan biraan bakka buusee waan bakka buuse sana fakkeessee dhiyeessuudha. Asiin gadittis hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa keessatti bakkasaan akkamitti akka dhiyaate ilaalamee jira.

Hojii Galaanaa Gaaromsaa keessaa kan fudhatame.

[9] Ijoollee biyya kootii

[10] Gugurraa mataan furaa

[11] Eenyutu eenyuun haale

[12] Maal irbuun gaafa duraa

Walaloo kana keessatti malleen dubbii keessaa bakkasaa yoo ilaalle Galaanaan bo'oo lammaffaa irratti "Gugurraa mataan furaa" jechuun rifeensa ijoollee biyya isaa ibsuuf yaala. Rifeensa isaanii guutummaatti furaan bakka buusee jira. Furri marga (coqorsa) hindheedamne kan yoo ilaalan namatti tolu, gamaagamanatti jigee nama hawwatu yoo ta'u, rifeensa isaaniif amala kana kennee guduruu isaanii ibsuuf yaalee jira. Kanas salphaatti miidhagina guduruu isaanii mullisuuf itti dhimma bahee jira.

[213] Hindhufin jennaan dhufte kaa

[214] Hinxuqiin jennaan xuqxe kaa

[215] Erga xuqxee eeggadhu kaa

[216] Leenca ta'uu beekkadhukaa.

Walaloo asii olii keessatti Galaanaan bo'oo arfaffaa "Leenca ta'uu beekkadhukaa" yaada jedhu keessatti iddeesaa/bakkasaa fayyadamee jira. Bo'oowwan tokkoffaadhaa hanga sadaffaa jiran keessatti waloon qaamni wayii kan isa ykn waa xuxxuqaa jiru akka jiru eeruu kenna. Waloon ofii

isaa ykn gartuu isaa leencaan bakka buusee warra isa xuxxuqan akeekkachiisee jira. Leenci bineensota jiran keessaa gootummaa kan qabuufi abbaa humnaa akka ta'etti amanama. Eenyuun illee kan hinsodaanne qabee kan gadi hindhiifne bineensa humna isaatti amanu akka ta'edha. Kanaaf waloon erga diddee dhuftee, erga diddee xuqxee leencaan tuqxee hingaabbiin jechuun salphaatti akeekkachiisaa jira.

[266] Siin dhaama yaanamanaa

[267] Yaa namicha fira koo (2)

[268] Yaa diimaa diinaaf dibbee

[269] Tulluun sitti jiguu moo

[270] Lammiin sit jiguu wayyaa

Walaloo kana keessatti itti fayyadama afaanii bakkasaa yoo ilaalle Galaanaan bo'oo sadaffaa irratti "Yaa diimaa diinaaf dibbee" jechuun amalaafi hojii namichaa ibsuu yaalee jira. Dibbeen meeshaa muuziqaa keessaa tokko yoo taatu abbuma rukuchuu beekutu rukutee akka isheen sagalee kennitu godha. Kan harkaan qabate hundumaaf haa bareedu ykn fokkisu malee sagalee kennuu hindhiiftu. Ofii dhaanamtee iyyitee orma bashannansiisuun amala dibbeeti. Galaanaanis, qomoo isaa keessaa namticha lammii isaa dhiisee ormaaf hojjatu kana dibbeedhaan bakka buusee jira. Akkuma dibbeen ofii dhaanamtee ormaaf madda bashannanaa taatu namichi kunis qomoo isaa dhiisee alagaaf hojjachuu (kurkuruu) isaa ibsuuf mala kana fayyadamee jira. Akkuma gaafa sirbi raawwate dibbee lafa kaa'an ykn yoo tarsaate gatan atis boruun kee nigatamtaatii saba keetti deebi'i lammii kee siif wayyaa ormaaf hinkurkuriin ergaa jedhu dabarsuu isaati. Maalummaa namtichaas salphaatti ibsuuf yaalee jira.

[307] Hin'amaniin alagaan bineensaa

[308] Bishaan sinyaatu sikofalciisaa.

[309] Nu callifnaan arba ciise seetee

[310] Nu dammaqnaan boolla meeqa buutee!

Walaloo Galaanaa asii olii keessattis bo'oo tokkoffaa irratti amala alagaa ibsuuf, alagaafi bineensa walbira qabee jira. Yeroo hedduu maqaan bineensa jedhu kun waraabessaaf kennama. Bineensi amala isaatiin hamaadha. Orma mitii ofii isaatiif iyyuu yoo walduraa duuba deeme walnyaata jedhama. Hafee kana keessattis alagaa bineensaan bakka buusuun alagaa amanuun dhiibbaa qabaachuu isaa alagaan kan namaaf hinhille ta'uufi irraa ofeeguu akka qabnu nutti agaarsiisa.

Bo'oo sadaffaa irrattis "Nu callifnaan arba ciise seetee" jechuun yaada yeroo sanatti alagaan hawaasichaaf qabaachaa turte ibsa. Arbi yoo ciise danda'ee waan hinkaaneef hinciisu jedhama. Ciifnaan achiin hafuu isaati. Haaluma kanaan callisuu hawaasaa diinni akka dubbachuu dandhabuu (gamteetti) yookiin arba ciisetti hawaasa fakkeessuu isaanii ibsuuf mala dubbii kanatti fayyadamuun karaa salphaan ergaa isaa dabarfatee jira.

Mala dubbii bakkasaa walaloo sirbaa aadaa irraa fudhatame

[25] Muree mureen mana ijaaraa

[26] Yoo Sokorruun mana taatee

[27] Dhufee dhufeen si ilaalaa

[28] Jalalloo soogidda taatee.

Walaloo asii olii keessatti jaalalli soogiddaan yeroo bakka bu'u agarra. Soogiddi amala isaatiin ittoo keessaa hindhabamu. Ittoon soogidda hinqabnes mi'awummaan isaa nihir'ata. Kanaaf waloon kunis jaalalli akkuma soogiddaa barbaachisummaan isaa cimaa ta'uu irraa kan ka'e yeroo yeroon itti deddeebi'ee jaalallee isaa dubbisaa jiraachuu ibsuuf jaalala soogiddaan bakka buusee jira.

**Nameessa**

Nameessi lubbu-qabeeyyii ykn lubbu-dhabeeyyii biroo amala namaa goonfachiisuudhaan akka namaatti akka beela'an, quufan, akka deeman, taa'an, akka galaniifi wkf raawwachisiisuun amala namaa gonfachiisanii hojii namni hojjatu hojjachiisuudhaan amala namaa itti uwwisuu akka ta'e (Addunyaa, 2018) ibsee jira. Kanumarratti hundaa'uudhaan nameessi hojii Galaanaafi sirnoota aadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate armaan gaditti xiinxalamee jira.

[42] Sangaan usnaan iyyite qacceen

[43] Beekaa riphnaan dhaadatti dawween

[44] Eenyutu na'aaf  bubbuttaree nyaara

[45] Keessi hinmul'atu beeki garaan dhiiraa

Hafee walaloo kana keessatti Galaanaan qacceedhaaf amala namaa kennee jira. Uumamaan qacceen lubbuu kan hinqabne, dubbachuu kan hindandeenyedha. Haataa'u malee bo'oo tokkoffaa irratti yeroo qacceen iyyitu agarra. Qacceen meeshaa namni fayyadamee sangaa ittiin hoofu yoo taatu, yeroo ittiin sangaa rukutan sagalee dhukaasa fakkaatu dhageessifti. Kan rukutame sangaa

ta’ee osoo jiruu sangaan rukutame callisee qacceen rukutte ofuma isheetiif iyyite jechuudha. Waloonis, qacceetti amala namaa keessaa hanga tokko itti uwwisee diinni ofumaaf nama tuqxee deebitee kan iyyitu ta’uu karaa salphaan ibsee jira.

[69] Dhugaan qaxxisa tirattii

[70] Akka arge hindeemtu karaadha filatti

[71] Gaafa olbaatu tulluudha nimul'atti

Bifuma walfakkaatuun walaloo kanaan olii keessattis Galaanaan dhugaadhaaf amala namaa kennee jira. dhugaan lubbuu kan hinqabne, yaadaan malee qaamaan mullachuu kan hindandeenye amala namaa kan hinqabne ta’ee osoo jiruu Galaanaan dhugaa qaxxisa tirachiisee jira. Suuta jettee karaa isheedhaaf ta’u filattee akka deemtuufi ol baatee tulluu taatee akka mullattuuf amala namaa keessaa muraasa gonfachiisee jira. Haala kanaan dhugaa mullisuuf yaale.

[254] Garaa laafun hammeenyaa

[255] Diina nutti bitte kaa

[256] Harreedhaaf okaa haamnaan

[257] Garbuu malee jette kaa

Galaanaan hojii isaa asii olii keessatti harreedhaaf amala namaa kennuun harreen akkuma namaa dubbattee fedhii ishee akka himattu, waan feete akka filattu taassisee jira. Uumamaan amala waa filachuun himachuu kanqabu nama ture. Haata’u malee, harreen sooranni ishee okaan haamamnaaniif “ani garbuu naaf kennaa malee okaa hinyaadhu” akka waan jetteetti akka namaa dubbachiisuun akka namaatti fedhii ishee filachiisuun gocha namni raawwatu raaawwachiisanii amala namaa itti uwwisuun harreen hafee olii kana keessatti nyaapha bakka buutee fedhii diinni keenya waa’ee keenyaaf qabu ibsitee jirti. Kunis kalaqa waloon nameessa fayyadamuun kalaqee xiinxaluun hubachuun nidanda’ama.

**Fuggisoo (Eemiti)**

Dubbiin qolaa kun yaada faallaa waan of keessaa qabu fakkaatee yeroo itti siqan dhugaa ta'ee argamudha. Hiikni fuggisoo isa mul'atuun garasitti dhugooma. Waan dubbatamu fuggisoo isa fuulduraan jiruuti. Kanaafis eemiti jedhama (Fedhasaa, 2021). Jechi “eemiti” jedhu “eeyyeefi miti” jechoota jedhanirraa ijaaraman. Jechoonni kunniin faallaa waliiti. Amaluma jechoonni kunniin qaban faanaa bu’uun akka wantoonni faallaan lama walfaanaa dubbataman taasisuun itti

fayyadamuudha (Addunyaa, 2018). Akka yaada kanaatti fuggisoo ykn eemitiin yaadota waliif faallaa ta'an lama walcinaa fidee kan fayyadamnu yoo ta'u, yoo ilaalarraa ilaalan soba fakkaatee yoo itti siqan ammoo dhugaa ta'ee kan mul'atudha. Kanumarratti hundaa’uudhaan eemitiin hojii Galaanaafi sirnoota aadaa keessatti akkamitti akka dhiyaate armaan gaditti xiinxalamee jira.

[72] Gowwaan hosseen karra cufa

[73] Namni kufuu hawwe teessumatti kufa

[74] Gara-kuteessatti dukkanni ni ifa

Walaloo kana keessatti bo’oo sadaffaa irratti gara-kuteessatti dukkanni ni ifa yaanni jedhu dukkanni uumamaan faallaa ifaati. Dukkanni arganii keessa deemuun kan ulfaatuufi kan namatti hintolledha. Gara-kuteessi isa kaayyoo qabu, waa biran gaha jedhee isa abdiin socho’udha. Wareegama dhufu kamiyyyuu keessummeessuuf isa of qopheessedha. Isa beekuuf dukkanni hin’ulfaatu. Kanaafuu, dukkanniifi ifni faallaa walii yoo ta’anillee dhugaa jiru hubatanii yoo ilaalan nama beekuuf dukkanni hin’ulfaatu. Kanaaf dukkanni gara-kuteessaaf salphaa keessa deemuuf kan hinrakkanne akka barbaadanitti keessa socho’uu waan danda’uu soba fakkaatee dhugaa of keessaa qaba jechuudha.

**Hinjirree Dubbisuu /Apostrophe**

Malleen dubbii kun nameessudhaan kan walqabatu ta’ee yeroo baayee nama lubbuun nu bira jiraatee nu dhagahuu hindandeenye yookiin wanta lubbuu hinqabaanneefi deebii nuuf kennuu hindandeenye tokkotti akka waan inni nu dhagahaa jiruu itti dubbachuu jechuudha (Fedhasaa, 2021). Akka yaada kanaatti dubbiin qolaa kun walichi guddinaan akka waa-manaaba keessa galu godha. Ilmi namaatis dharraa, jaalala, gadda, abaarsa, eebba, dhageetti cimaa miira isaatifi kkf ittiin ibsachuuf tajaajila. Galata Rabbii galchuu, kadhannaa dhiyeessuufi gocha eebbaa ykn abaarsaa keessatti niargama. Dubbataafi dhageeffataan kan qaamaan walfuldura jiraatanii osoo hintaane afuuraan waliigalan. Walaloo hojii Galaanaafi sirboota aadaa keessatti hinjirree dubbisuu (apostrophe) akkamiin akka hojiirra oole armaan gaditti ilaalamee jira.

[233] Atilee yaa doloolloo riqicha kajeelte kaa

[234] Raareef riqicha ijaarree galaanni akkam haata’uu

[235] Atillee yaa keessummaa ol darbuuf kajeelte kaa

Walaloo sirnaa asii keessatti yeroo Galaanaan doloollootti haasa'u agarra. Doloolloon laga xiqqoo yeroo bakkaan roobuufi wayita gannaa bishaan keessa yaa'u dhiibbaa cimaa uumuu kan hindandeenyedha. Humni ishee yeroo bakkaa cimaan roobe yeroo muraasaaf kan mullatudha. Galaanaan fedhii daloolloon qabdu irratti bareera. Doloolloon riqichi akka ijaaramuuf barbaaddi. Riqichi ammoo laga guddaa guutee ce'umsa dhoowwatu irratti ijaarama. Kanaaf, Galaanaan doloollootti haasa'a. doloolloon garuu dhaga'uu, dubbachuu waan hindandeenyeef Galaanaadhaaf homaa deebisaa hinjiru. Mala dubbii kana keessatti amala keessummaa (nama alaa dhufe) wayiif amala doloolloo walbira qabee itti isaanitti haasa'aa jira. Keessummaanis akkuma doloolloon of wallaaltee riqicha barbaadde, keessummummaa ishee dagattee gara gorduubaatti darbuu akka barbaaddu itti dubbachuun akka abdii muratan isaan akeekkachiisuuf mala kanatti fayyadamee jira.

Fakkeenya hinjirree dubbisuu sirbaa aadaa irraa fudhatame

[79] Yaa biiftuu hinxillaa Asaase

[80] Osoo calalaqxuu Asaase

[81] Yaa diimtuu nadidda Asaase

[82] Osoo namarartuuu Asaase

Walaloo sirbaa aadaa asii olii bo'oo jalqabaa irratti yeroo biiftuutti haasa'u agarra. "Yaa biiftuu hinlixxaa; osoo calalaqxuu" jedheetu gaafata. Biiftuun gaaffii isaaf deebii kennuufi yoo baattelle akka waan dhageessee waliin dubbattuutti itti haasa'a. Garuu deebii argachuu hindanda'u. Malli kun mala waloon yaada isatti dhaga'ame ittiin ibsachuuf uumamaa isa dhaga'uu hindandeenye waliin dubbatudha.

[35] Ooho ehee Meettaatti wallolee

[36] Maal gochuu buute yaa Fiqiruu

[37] Biyya Badhaadhni jiru

[38] Kilaashiin baroodee deebiin hinjiruu.

Walaloon sirba aadaa irraa fudhatame olii bo'oo lammaffaadhaa hanga arfaffaatti jiru irratti yeroo Fiqiruudhaan maaliif bakka Badhaadhni jiru deemtee duute jedhanii yeroo gaafatan argina. Badhaadha biraa galmi akka hinjirre otoo beektuu maaliif deemte jedhanii itti haasa'u. Haata'u malee, yeroo kanatti Fiqiruun isaan bira jiraatee isaan hindhaga'u. Ta'us mala hinjirree dubbisuu fayyadamuudhaan karaa salphaan yeroo yaada qaban Fiqiruuf ibsan argina.

**Mallatteessuu**

Gosa dubbii qolaa kana Fedhasaa (2021:171) yoo ibsu, "*Mallattoo kan wanti tokko waan biraa bakka bu'ee mallatteessuun agarsiisuudha. Namni, wanti, raawwiin tokko yaada hiika fuulduraa qabuun olitti yeroo dhimma tokko mallatteessu mallattoo jedhama*" jedha. Bifuma walfakkaatuun, Jaarraafi Wasanee B. (2000:145) yoo ibsan "*Fakkeen wanta tokko waan birootiin bakka buusuudhaan akka mallattootti itti fayyadamuudha. Waanti tokko hiika waan biraaf si'a dubbatamudha*" jedhu. Akka yaada kanarraa hubatamutti gosti dubbii qolaa kun kan namni waan sammuu isaa keessatti yaade tokko mallattoo wayiin bakka buufachuun agarsiisuuf itti fayyadamnu ta'uu isaati.

[72] Gowwaan hosseen karra cufa

[73] Namni kufuu hawwe teessumatti kufa

[74] Gara kuteessatti dukkanni ni ifa

Walaloo olii keessatti bo’oo lammaffaan irratti “Namni kufuu hawwe teessumatti kufa” yaanni jedhu yoo xiinxalamu namni kufuu hawwe jechuun isaa kufuuf ofiifuu karaarra kan ga’e sababa xiqqoo kan eeggatu ta’uu isaati. Teessumatti kufa jechuun osuma taa’uu kufa ykn taa’ee kufa jechuu yoo ta’u hiika kanaan gamatti hiikni argamu ofiifuu humnas ta’ee haamleen itti hir’atee waan jiruuf humni aangoo irraa buusuuf of qopheesse humni cimaan tokko salphaatti isa kuffisuuf karaa irra akka jiruufi kuffisee aangoo irraa fudhachuun salphaa ta’uu namatti agarsiisa.

[143] Walisoorraan roobni roobee

[144] Dirree hincinnii loontu dheedaa

[145] Waggumaan koottuu na ilaalii

[146] Sin dharra’uu sin araadaa.

Walaloo kana keessatti bo’oo lamaan jalqabaa irratti “Walisoorraan roobni roobee, Dirree hincinnii loontu dheedaa” yoo jedhu sammuu namaa keessatti Dirree hincinnii lafa jiidhinaan beekamtu lafa margaafi horsiisa looniif baay’ee mijataa ta’e akka ta’eefi fakkii lafa lalisaatu sammuu namaa keessatti yaadaan uumama.

[35] Ooho ehee Meettaatti wallolee

[36] Maal gochuu buute yaa Fiqiruu

[37] Biyya Badhaadhni jiru

[38] Kilaashiin baroodee deebiin hinjiruu.

Walaloo sirba aadaa asii olii keessatti kilaashiin baroodee deebiin hinjiru jedhuun isaa dhukaasa cimaatu jira jechuudha. Hiika kanaan olitti kilaashiin barooduun ulfaatina dhukaasa dhuka'aa jiruu mullisuun lolli hamaan, waraanni ulfaataan gaggeeffamaa turuuf lubbuu galaafachuu akka danda'utu sammuu namaa keessatti uumama.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, dabalataanis unki hojii Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa keessatti argamu unka akkamii akka ta'e, hariiroo unka hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa gidduu jiru ibsuufi akkaataa dhiyaannaa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa maal akka fakkaatu ibsuudhaan hariiroo akkaataa dhiyaannaa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa gidduu jiru qaaccessuu irratti xiyyeeffata.

Kaayyoo kana galmaan ga'uudhaaf qorataan mala akkamtaa hojiirra oolchee jira. Irraawwatamni qorannoo qaama ykn waanta qorannoon tokko irratti gaggeffamu yoo ta'u, qorannoo kanaafis hojiin Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboonni aadaa fidhatamanii jiru. Qorannoo kana keessatti akka madda odeeffannootti kan fudhataman madda odeeffannoo sadarkaa jalqabaatti awudiyoofi viidiyoo hojii Galaanaa Gaaromsaafi madda sadarkaa lammaffaatti ammoo sirboonni aadaa qorannicha keessatti haammatamaniiru

Iddattoo filachuudhaaf mala iddattoo miti carraa keessaa malli miti carraa akkayyoo hojiirra oolee jira. Bu'uuruma kanaan mala ragaa sakatta'uu fayyadamuun sirboota aadaa qorannoo kanaaf barbaachisan funaanuuf ragaalee awudiyoofi viidiyoodhaan marsaalee hawaasaa irratti argamaniifi barreeffamaan argaman funaanuuf hojiirra oolanii jiru. Malli qaaccessa ragaa mala walbira qabaa (comparison) fayyadamuun walaloo sirboota Galaanaa Gaaromsaafi sirboota aadaa filatamaniifi awudiyoofi viidiyoon jiran gara barreeffamaatti jijjiiruudhaan walbira qabamuun mala akkamtaatti qaacceffameffamanii jiru. Xiinxalli gaggeeffames yaada hayyootaan deeggaramee qaacceffamee dhiyaatee jira.

Haaluma kanaan, qaaccessa unka hojii Galaanaa Gaaromsaafi Sirboota Aadaa keessatti taassifaameen unka cufaa, unka banaa walbira qabamee qaacceffamee jira. Dabalataanis, Buufata, safara, dhikkisa, birsaga, buusaga (walunata sagalee), cabsataafi durdura sagaleetiin qaacceffamee hariiroon isaan gidduu jiru hubatamee jira. Bifuma walfakkaatuun, akkaataa dhiyaannaa hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa jalatti ilaalamuu qaban keessaa

filannoon jechootaa, tartiiba jechoonni ittii qindaa'aniifi itti fayyadama malleen dubbii irratti qaaccessi gadifagoon boqonnaa afur keessatti gaggeeffamee jira.

## 5.2. Argannoo

Qaaccessaafi cuunfaa hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa irratti raawwatame bu'uuraffachuun argannoowwan armaan gadii kaa'amanii jiru.

- Hojii Galaanaa Gaaromsaafi sirba aadaa unka cufaa qabaachuun isaanii bira gahamee jira. Unki cufaan lamaan isaanii keessattuu ni'argama. Kunimmoo unki walaloo miidhagina walaloof gumaacha guddaa waan qabuuf dhaamsi walalichaa karaa guutuu ta'een akka darbu taassisa. Kunimmoo dagatamuu sirboota aadaa waan hambisuuf, fuulduraaf sirboonni ammayyaa qophaa'an sirba aadaa irratti akka dhiibbaa hin'uumneef qorattoonni itti dhiyeenyaan yoo hordofan gaarii ta'a.
- Gama biraatiin unki banaan walaloo sirbaa Galaanaa bara 2008 hanga 2014 keessatti kan argamu yoo ta'ellee, sirba aadaa keessatti hinmullatu. Kunimmoo unki banaan amala waloo ammayyaati yaada jedhu sana mirkaneessa. Ta'us, unki sirboota aadaa kun irraanfatamaa yoo deeme siboonni aadaa dagatamuu waan danda'aniif ogeessotni afoolaa xiyyeeffannoon osoo qoratanii wayya.
- Qaaccessa toora walaloo irratti gaggeeffameen walaloon sirba jaalalaa irratti xiyyeeffatu kan Galaanaa Gaaromsaas ta'ee sirboota aadaa baay'ina tooraan hanga tokko walqixa yeroo ijaaraman mullatu. Buufanni sirba jaalalaa heddumminaan bo'oowwan afur afur qabaachuun hariiroo qabaachuu isaaniitu mullata. Gama safaraatiin yoo ilaalamu safarri bo'oowwan gidduu jiru walmadaaluun qaaccessa olii irraa hubatamee jira. Kunimmoo dhikkisni cimaan akka uumamu taassisuun muuziqaan akka uumamu godha. Fuulduraafis, hariiroon kun akka itti fufuus gumaachi qorattoota cimuu qaba.
- Ijaarsa birsagaa bo'oo walaloo hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014 keessaa toorri birsagoonni irraa ijaaraman walhinmadaalle kan jiran yoo ta'u, kunis kan gara walaloo ammayyaatti harkifachuu isaa mullisa. Kunis, sirba aadaa irratti dhiibbaa hangamii uumuu akka danda'u, osoo qorattoonni irratti hojjatanii gaariidha.

- Buusagni/walunatni sagalee bo’oo walaloo tokkorraa isa itti aanutti yeroo ce’u irra deddeebii sagalee moggoo uumamuun walaloof miidhagina uumu yoo ta’u buusagni sududaas ta’ee buusagni qaxxaamuraa lamaan isaanii keessatti argamee jira.
- Walaloo hojii Galaanaafi sirba aadaa keessatti dhikkisni sagalee, cabsataafi durdura sagalee irratti qaaccessa raawwatameen walfakkeenyi gidduu isaanii jiraachuun hubatamee jira. Hariiroon kun sirboota ammaayyaa qophaa’an keessatti akka itti fufuuf qorattoonni beekumtaa gumaacha isaanirraa eegamu bahachuu qabu.
- Qaaccessa akkaataa hojii Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa irratti gaggeeffameen fayyadama jechootaa irratti jechoota sirba aadaa keessaa fudhataman caalaa jechoonni sirba Galaanaa irraa fudhataman bilchina  kan qaban ta’uutu mullatta. Gama tartiiba jechootaatiin lamaan isaa keessattuu seerlugaaf dhiphachuun kan hinmullannedha. Kunimmoo waloon dhimma dabarfachuuf yaada akkaataa ergaa koo naaf dabarsa jedhee yaadeen jechoota akka fedhetti qindeessee fayyadamuu mullisa.
- Itti fayyadama malleen dubbii hojii Galaanaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa keessatti hojiirra ooleen karaa salphaa ta’een ergaa dabarfachuu sirboota aadaa keessatti kan hojiirra oole yoo ta’u kan hojii Galaanaa keessatti mullatu fooyyeedha. Dubbii dacha fayyadamuu caalaa kallattiin haasa’uun baay’inaan waan mullatuuf itti fayyadamni afaanii (malleen dubbii) laafaa ta’uutun nimullata.  Kunimmoo gama guddina itti fayyadama afaaniin dhibbaa uumuu mala. Dhaloonni haaraan  qolaan dubbichuu akka hin’amaleeffanneefi afaanitti haalaan akka hinfayyadamne godha. Kanaaf fuulduraaf qorattoonni itti fayyadama afaanii (malleen dubbiif) xiyyeeffannoo yoo kennan gaarii ta’a.

### 5.3. Yaboo

Qorannoo kana keessatti wantoonni jiran akkuma jiranitti ta’ee argannoowwan gurguddoo armaan olii irratti hundaa’uun unkaafi akkaataa hojiiwwan Galaanaa Gaaromsaa bara 2008 hanga 2014fi sirboota aadaa qaaccessuu irratti xiyyeeffateef yaboowwan ta’uu qaban haala armaan gadiitiin kaa’amanii jiru.

- Unka walaloo ammayyaa waliin deemu fayyadamuun akkuma jirutti ta’ee, unkoonni sirboota aadaas dagatamaa akka hindeemneef qaama kamiinuu xiyyeeffannoon osoo kennameefi gaariidha. Sababni isaas hanguma unkoonni isaanii gara ammayyummaatti dhufaa deemaniin carraan hirraanfatamuu sirba aadaa waan ballatuuf.

- Haalli bo’oowwan buufata keessaafi safarri bo’oowwanii sirboota ammayyaa keessatti itti qophaa’u unka sirboota aadaa tursuufi itti fufsuu akka danda’uutti qaamonni irratti hojjatan hunduu osoo xiyyeeffatannaa kenneefii gaariidha.
- Dhikkisni sagalee, walunatni sagalee fi durdurri sagalee walalootti miidhagina tolchuun muuziqaan akka uumamu gochuun ergaan miiratti akka dhaga’amu waan godhuuf unka sirbaa aadaa tursuuf osoo xiyyeeffannoon kennameefi
- Akkaataan fayyadama jechootaa ergaan dabarsuu barbaadame gahumsaan dabarsuu keessatti gahee olaanaa waan qabuufi dhaggeeffataan xiyyeeffannoo akka itti kennu waan godhuuf hojii walaloo kam keessattuu cimee osoo itti fufee gaarii ta’a.
- Itti fayyadamni malleen dubbii ergaa waloon ykn barreessaan dabarfachuu barbaadu karaa salphaan dabarsuun gamatti guddina afaanii keessatti gahee guddaa taphata. Sirboota aadaas ta’ee ammayyaa keessatti bal’inaan itti fayyadamuun sadarkaa guddina afaanichaa waan dabaluuf malleen dubbii hojii afoolaa keessatti baal’inaan osoo hojiirra oolee gaariidha.

## WABIILEE


Abram, M.H. (1999). A Glossary of Literary Terms 7th Edition. Earl McPeek, USA.

Abrams and Geoffrey Galt Harpham. (2009). *A Glossary of Literary Terms*. Ninth Edition. Michael Rosenberg. USA.

Abdiisaa Guyyee. (2019). *Faaya Oromoo*.Max. 2ffaa . Finfinnee.

Addunyaa Barkeessaa. (2018). *Semmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Max. 3ffaa . Finfinnee, Oromiyaa

________________. (2019). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee, Oromiyaa

Alan Lomax. (1959). *Folk Song Style*.

Asafaa Tafarraa. (2009). *Eela. Oguma Oromoo*. Finfinnee: Far East Trading plc.

______________ (2015:12). Ethnography Of Resistance Poetics Power And Authority in Salale Oromo Folklore and Resistance Culture Ethiopia, Northeast Africa. (Dissertation).

Bascom (1973). Folklore, Verbal Art, and Culture. The Journal of American Folklore, Vol. 86, No. 342. (Oct. - Dec., 1973), pp. 374-381.

Bogucki, P.(Ed.). (2008).*Encyclopedia of society and culture in the ancient world* (Vols. 1). Facts On File.

Bukenya, A. and et all. (1994). Understanding Oral Literature. Nairobi University Press: Nairobi.

Connell, F. M (1913). A text-book for the study of poetry.

Creswell, John W. 2014. *Research design: qualitative, quantitative, and mixed methods approaches.* 4th ed. Sage Publications, Inc. USA

Creswell, John W. and Creswell, J. David. (2018). *Research Design: Qualitative, Quantitative, and Mixed Methods Approaches*. Fifth Edition. Sage Publications, Inc. USA.

Dastaa Dassaalany (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Max. 2ffaa. Printed by Far East Trading PLC.

David Mikics. (2007). A New Handbook of Literary Terms, A New Handbook of Literary Terms. Yale University Press New Haven & London.

Dirribsaa Abaatee. (2020). *Research Methodology: Handbook for Research Students and Practitioners.* 2nd Edition. Mega Publishing and Distribution PLC.*Addis Ababa.*

Dorson,R.(Ed).(1972).*Folklore And Folk Life:* An Introduction University Of Chicago Press.

Dundes, (1965). *The Study of Folklore.* Printed USA.

Faaxumaa Hasan. (2012). "Qaaccessa Ergaa Weedduu Fuudhaafi Heerumaa Godina Iluu Abbaa Boor" MA Thesis.

Fedhasaa Taaddasaa. (2021). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Max. 4ffaa. Raajii Printing.

Filee Jaalataa (2021). *Beekumtaa Oromoo (Oromo Foklore).* Max. 2ffaa. Keyline Printing

Finnegan Ruth. (1970). *Oral Poetry: Its Nature and Significance and social context*. Cambridge: University Press.

_____________(1992). Oral traditions and the verbal arts: A guide to research practices. Routledge: USA.

Georges, R.A and Jones, M.O. (1995). Folkloristic: An introduction. Biloomingonton and Indiana polis: Indiana University Press.

Jaarraa Wasaneefi Wasanee Bashaa. (2000). *Bantuu Haaraa: Caas-lugaafi Ogbarruu Afaan. Oromoo*. Max. 2ffaa. EMAY Printers. Finfinnee, Oromiyaa.

Jan Vansina, (1985). Oral Tradition As History. University of Wisconsin Press. USA.

Kothari, C.R (2004). Research Mothodology*: Methods and Techniques.* New Age International Ltd., Publishers. New Delhi.

Martha fi Stephens, Martine. (2011). *Living Folklore:* An Introduction to the study of people and their Traditions. 2nd Edition. Utah State University Press.

McCormick and White. (2011). Folklore: An Encyclopedia of Beliefs, Customs, Tales, Music, and Art. Second Edition

Ministeera Barnootaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo: Kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa.* Maxxansa jalqabaa. MK Publishers. Kaampaalaa, Yugaandaa

_________________. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo: Kitaaba Barataa Kutaa 9ffaa.* Maxxansa jalqabaa. MK Publishers. Kaampaalaa, Yugaandaa.

Okpewho, I. (1992). African Oral Literature: Backgrounds, Character, and Continuity. Indiana University Press.

Padgett (1987). The Teachers & Writers Handbook of Poetic Forms. Second edition. Philmark Lithographics, New York, N.Y.

Philip M. fi Kwesi. (2004). *African Folklore An Encyclopedia* (Editors). Routledge, New York London.

Richard G. and Others. (2016). *The Literature Book*.(Editors). DK Publishing, USA.

Ruth Finegan (2012). *Oral Literature in Africa:* Open Book Publishers CIC Ltd. UK.

Saeed Farzane Fard (2017). A Short Introduction to English Poetry. *international journal on studies in english language and literature (ijsell)* Volume 5, Issue 3, January 2017, PP 27-31

Tasfaayee Dubaroo. (2008). "Xiinxala Afoolawwan Gooticha Oromoo Jeneraal Huseen Bunee Daraaraa Godina Baalee Aanaa Sawweenaa" MA Thesis.

Warquu Dachaasaafi Kaawwan. (2001). Wiirtuu Jildii 9ffaa: Baruulee Qormaata Waalta'insa Afaan Oromoo. Finfinnee.

# DABALEE A

# YUUNIVARSIITII FINFINNEE

## KOLLEEJJII BARNOOTAAFI  QO'ANNOO AFAANII

## MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

### Dabalee "A"

Walaloo Sirboota Galaanaa Gaaromsaa "Walagarraa, Kormatu Kormaa, Amala kee, Sodaa Qawwee"

**Walaloo Wal Agarraa**

[1] Nan geerara aarii koo

[2] Kan na keessaa boba'u

[3] Yoo gaalee ta'e malee

[4] Supheen gaachana hinta'u

[5] Leenca ta'e dhaladheen

[6] Kodhoollemmoo ta'a ree

[7] Namni bakakkaa beeku

[8] Dibbefimmoo nahaa ree?

[9] Ijoollee biyya kootii

[10] Gugurraa mataan furaa

[11] Eenyutu eenyuun haale

[12] Maal irbuun gaafa duraa

[13] Otoo birbirsi jiru

[14] Maaltu faarsa miciree

[15] Guddaan gaanfa Afrikaa

[16] Oromookoo mitiiree?

[17] Oromiyaa mitiiree?

[18] Sirna gadaa mitiiree?

[19] Oromummaa mitiiree?

[20] Gadaa fi dhugaadha kallachi keenya (x2)

[21] Jifuu fi safuudha kabajni keenya (x2)

[22] Gadaa malee hinfaarsinu gadoo

[23] Lubaan bullaa hinqabnu madoo

[24] Nan gala hinjedhu namni osoo hingeenye

[25] Fala hin'argatu namni faloo hinbeekne

[26] Na nyaartulle hinnawu gonkaa

[27] Dhugaa irraa maaltu na dhorkaa

[28] Eessatti kufee namni dhugaaf guulee

[29] Galgalli hintoluu namni sobaaf duulee

[30] Egaa ergan kudhan obsee

[31] Kudhan dhoqsee kudhan numan gorsee

[32] Hima didnaanan fuguugitti dabsee

[33] Obsii daangaa darbu qabaa

[34] Harki bokkuu qabee bodees numa qabaa

[35] Natu sii baataa situu of dadhabaa

[36] Obsuufi dhoksuu koo dabuma seetee

[37] Ni beektii garaan koo akka na gootee

[38] Sibiilallee sibiilatuu qaraa

[39] Dhugaan namaa galgala galaa

[40] Hadhaba cabsaa inni karaa beeku

[41] Haqatti hingamuu namnii haqqii beekuu

[42] Sangaan usnaan iyyite qacceen

[43] Beekaa riphnaan dhaadatti dawween

[44] Eenyutu na'aaf  bubbuttaree nyaara

[45] Keessi hinmul'atu beeki garaan dhiiraa

[46] Maaf na nyaaraa na nyaaru kanarra

[47] Maalan aarasi hin'aaru kanarra

[48] Maalan boo'a hin'boo'u kanarra

[49] Yoo jiraanne, birraa wal agarra (x2)

[50] Yoo jabaanne, birraa wal agarra

[51]Yoo wal taane, moonee wal agarra (x2)

[52] Wal agarra garraa, Wal agarraa garraa (x2)

[53] Wal agarrees jirra (x2)

[54] Walis arguuf jirra (x2)/

[55] Wal agarra!!

[56] Birraa wal agarraa

[57] Yaa ijoollee…yaa ijoollee…

[58] Kan jenne hin oolle (x2)

[59] Yaa ijoollee…yaa ijoollee…

[60] Ammas na foolee(2)

[61] Gadaa malee hinfaarsinu gadoo

[62] Lubaan bullaa hinqabnu madoo

[63] Nan gala hinjedhu namni osoo hingeenye

[64] Fala hin'argatu namni faloo hinbeekne

[65] Nanyaartulle hinnawu gonkaa

[66] Dhugaa irraa maaltu na dhorkaa

[67] Eessatti kufee namni dhugaaf guulee

[68] Galgalli hintoluu namni sobaaf duulee

[69] Dhugaan qaxxisa tirattii

[70] Akka arge hindeemtu karaadha filatti

[71] Gaafa olbaatu tulluudha nimul'atti

[72] Gowwaan hosseen karra cufa

[73] Namni kufuu hawwe teessumatti kufa

[74] Gara kuteessatti dukkanni ni ifa

[75] Obsuufi dhoqsuu koo dabuma seetee?

[76] Ni beektii garaan koos akka na gootee

[77] Sibiilallee sibiilatuu qaraa

[78] Dhugaan namaa galgala galaa

[79] Hadhaba cabsaa inni karaa beeku

[80] Haqatti hingafuu namnii haqqii beekuu

[81] Sangaan usnaan iyyite qacceen

[82] Beekaa riphnaan dhaadatti dawween

[83] Eenyutu na’aaf bubbutaree nyaara

[84] Keessi hinmul'atu beeki garaan dhiiraa

[85] Gaafa dhiiraa lubbuun haa dabartu

[86] Eessa abbaashii silas du'a hin haftu

[87] Gaafa giitii lubbuun haa dabartu

[88] Eega Haacaaluu lubbuun nan marartu

[89] Eega dhiiraa lubbuun haa dabartu

[90] Gaafa giitii lubbuun haadabartu

[91] Gaafa gootaa lubbuun nan marartu

[92] Gaaf dhugaa kee lubbuun nan marartu

[93] Wal agarraa garraa (2)

[94] Wal agarrees jirra

[95] Walis arguuf jirra

[96] Birraa wal agarraa

**Amala kee**

[97] Amala kee yaa shore koo miidhaga kee

[98] Daandii qalloo nama geessa qe’ee warra kee

[99] Ilmaan saguu waatu waamee

[100] Kaaniin qotee kaaniin meesee

[101] Sanyiin facaafne daraarraan

[102] Eenyu haamee cagachiisee

[103] Ennaa Anboon duumessaa’uu

[104] Beeggii irraan qaqawweessaa

[105] Na jaalannaanuu murteessii

[106] Ani hinfedhu ilmoo dabeessaa.

[107] Baddaa gubbaarra robe

[108] Karaa cufee lolaanii

[109] Ilaallachaa adeemi

[110] Naraafamtii garaanii

[111] Jibaat qilleensi hinraasu

[112] Monyoon eeboo qarsiise

[113] Anoo jibbaa sin beeku

[114] Gidiraan nabarsiise

[115] Muree mureen ijaara

[116] Akka bineensi hinseenne (x2)

[117] Hatee hateen silaala (x2)

[118] Akka alagaan hinbeekne

[119] Farda Birraa Gammadaa

[120] Abbaa Makkooti maqaan

[121] Ee waldhabneen yaadda’iin

[122] Turree walgeenya haqaan

[123] Salgan haroo abbaa Makkoo

[124] Iddoo gabaan qotanii

[125] Dur manni keenya asoo

[126] Gamootti ijaarratanii

[127] Gamoodha ijaarratanoo.

[128] Beeljigii bitee jimaani (x2)

[129] Qawwee bitu gaafa roorroo

[130] Kan konkonni foon muruumi

[131] Kan guntunni qara eebo

[132] Jaalannaan jalloon sorooroo.

[133] Kottee duudaan yaate kuunno

[134] Kottee duudaan yaate keessa

[135] Hin’garree dur loontu dheedaa

[136] Humna dhaban waakkatiin

[137] Narraa turten waakkatiin

[138] Na waammattu siin arreedaa.

…….

[139] Manni keenya Gaara Gooroo

[140] Inni ammaa Qallittiidhaa

[141] Wayyaafachaa natti koottuu

[142] Fuulleen gamaa Qilinxoodhaa

[143] Walisoorraan roobni roobee

[144] Dirree hincinnii loontu dheedaa

[145] Waggumaan koottuu na ilaalii

[146] Sin dharra’uu sin araadaa.

……

[147] Jaamaan ulee gannaanii

[148] Mee akkamiin haadeema

[149] Bar guca jaalalaati ati

[150] Na kaasi siifan dhaama

[151] Abbichuurran marmaara

[152] Narraa dhumte kopheen koo

[153] Turteef garaa hirtaaree

[154] Anoo sumaa abdiin koo.

[155] Eegee addaata goote

[156] Lakkuu dhaltee re’een koo (x2)

[157] Baraan wareega laanna nutoo (x2)

[158] Hadiyyoomte qe’ee koo

[159] Garbuu qoteen randa koo

[160] Maaliif haamtani kichuu

[161] Otoo jirruu waldhabnee

[162] Naaf laga labda michuu

[163] Saawwantu hora dhugaa

[164] Anuunnu karri tokkoo

[165] Waldharra’aas hinhafnuu

[166] Har’as yoo taate rakkoo

[167] Har’a nu miitus rakkoon.

[168] Way tulluu alii yadheertuu (x2)

[169] Lagdi mogee marfataadhaa

[170] Dharraanee koo maaltu dhaane

[171] Hawwinee koo maaltu dhaane

[172] Sabbanni ishee hiikkataadhaa.

[173] Garaan jaalalaa na boo'e

[174] Onneen jalaalaa sis boo'e

[175] Nu waldhabnaan yaadda'iinii.

[176] Yoo milkoofne hammam geessi

[177] Yoo qajeeles hammam geessi

[178] Ayyaanni abbaa koo hindabiini.

**Kormatu Korma**

[179] Onnataa dhiiraa

[180] Sabasaaf gaachana wabiidhaa hubadhaa ijjoollee

[181] Gaafa roorroo ilmi murtii irraa hinoolle

[182] Akkaafuu koorre

[183] Gaafa lolaa sitti geeraraa

[184] Har'a illee geenyee

[185] Gaafa tolaa goota ta'uu yoo hinfeenee

[186] Ilaamee koodee

[187] Warri biyyaaf darbe lubbuudhaan

[188] Erga nuuf dhiisee

[189] Haqa sabaaf darbe lubbuu isaa baase

[190] Dagachuun taatu

[191] Lammata deebitee aduunuu

[192] Goobantee hinbaatuu

[193] Warra lubbuun darbe anaan haa nyaatu.

[194] Wayyaa eemmoo maaloo

[195] Wayyaa eemmolee koo

[196] Gaaleen koo gurraacha

[197] Kan eeboo micciiruu

[198] Sobdee dhaadatteedhaaf

[199] Kaayyoo koo hinjijjiiru

[200] Bajjiin nijabaata

[201] Somboodhaan qottaaree

[202] Otoo hinqonne hiiktee

[203] Korma garaftaaree

[204] Kaayyoof du'an malee lugni eessatti jajamaa

[205] Fardi gameessi yaabbatu inkabajama

[206] Seenaa gaafa gad dhaabe jiraata ilmi namaa

[207] Seenaa malee kan hindulloomne kamuma

[208] Eemmolee gootaa wayyaa seenaa gootaa (x2)

[209] As huuleetti gugsee gootaa wayyaa seenaa gootaa

[210] Abaabootti  jigsee gootaa wayyaa seenaa gootaa

[211] Tur gaafa fardaa gootaa wayyaa seenaa gootaa

[212] Maashoo gaafa sardaa gootaa wayyaa seenaa gootaa

[213] Hindhufin jennaan dhufte kaa

[214] Hinxuqiin jennaan xuqxe kaa

[215] Erga xuqxee eeggadhu kaa

[216] Leenca ta'uu beekkadhukaa.

[217] Waabeen hindammeessituu duruu

[218] Maal gochuu gaaguratti seentee

[219] Urguftee keessaa hinyaaftuu gurbaa(x2)

[220] Dhiisi tuttuqaa kanaa kanaa

[221] Tuttuqnaan leenci nama nyaataa

[222] Onnattee laal jaal kaawoon kormaa (x2)

[223] Kormatu kormaa          Korma yaa dawwee

[224] Ituutu kormaa          Korma yaa dawwee

[225] Humbanna kormaa          Korma yaa dawwee

[226] Maccatu kormaa          Korma yaa dawwee

[227] Tuulamni kormaa Korma yaa dawwee

[228] Karrayyuun kormaa Korma yaa dawwee

[229] Sikkootu kormaa Korma yaa dawwee

[230] Mandootu kormaa Korma yaa dawwee

[231] Qeerrootu kormaa Korma yaa dawwee

[232] Gir godhi (x2)

**Sodaa Qawwee**

[233] Atilee yaa doloolloo riqicha kajeelte kaa

[234] Raareef riqicha ijaarree galaanni akkam haata'uu

[235] Atillee yaa keessummaa ol darbuuf kajeelte kaa

[236] Golaaf gorroon kan abbaa

[237] Keessummaan diinqan gahuu

[238] Bodee abbaa shiraan qabaa

[239] Kan diree keessaa dhahuu

[240] Du'eetan bada malee

[241] Keessummaan diinqan gahuu

[242] Kun du'a abbaa koo haata'uu (2).

[243] Dubbiin kun hicciitumaa

[244] Odaan guyyaa hindaraaruu

[245] Ormi gateettii sobaa

[246] Gadaa Meelbaa sin nyaaruu

[247] Biifilee roorroon sarminee

[248] Raabaaf Dooriidha qabuu

[249] Taankiif jeettiidhaan dhuftus

[250] Dhaloonni qubee kunii

[251] Sodaa qawwee hinqabu

[252] Ajjeesseetu dibataa

[253] Du'us gumaasaan dhabu.

[254] Garaa laafun hammeenyaa

[255] Diina nutti bitte kaa

[256] Harreedhaaf okaa haamnaan

[257] Garbuu malee jette kaa

[258] Kan quba itti qabantu

[259] Quba namatti qabaa

[260] Qaaraa harkaan dhaabanii

[261] Booddeen ishii nama gubaa

[262] Nama haaloon baafannee

[263] Nama lammiin falmannee

[264] Dugdarraan dhabdu qubaa

[265] Hamattuu quba qubaa.

[266] Siin dhaama yaanamanaa

[267] Yaa namicha fira koo (2)

[268] Yaa diimaa diinaaf dibbee

[269] Tulluun sitti jiguu moo

[270] Lammiin sit jiguu wayyaa

[271] Afaan namaan dubbattaa

[272] Akka tamboofi gaayyaa

[273] Duutus awwaalchan qabdu

[274] Badduus barbaachan qabduu

[275] koot lammii kee siif wayyaa

[276] Nu lammii kee siif wayyaa.

[277] Nan dhufa jedhee yoom hafee

[278] Nan lolas jedhee yoom rafe

[279] Dheeratus karaan nan hambisne

[280] Yoon rafe garaan nan raffisuu

[281] Diina qee'eerraa roorriftu

[282] Akkamiin lammitti calliftu?

[283] Boorataan kan booree qabuu

[284] Kormatu lagaa bookkisaa

[285] Diinni haqa keenya dhidhimsaa

[286] Lafti yoo barii dimimmisaa

[287] Hantuuta lubbuudhaan jirtu

[288] Bofatu jiraa liqimsaa

[289] Diinni haqa keenya dhidhimsaa

[290] Dandeenyuu hundeen buqqifnaa

[291] Yoo didde ilmoo itti gudifnaa

[292] Diina buqqisuudhuma qabnaa nifalmanna.

[293] Kan gaaf duraall ee gumaan hinbaane jedha goonni

[294] Dubbiin jabaattee mirgaaf biyyaa falma dhaloonni

[295] Har'uma jabeessii bullaan lafee taati tiruuni

[296] Mirga uumamaallee nurraa mulquuf jirti jarreeni

[297] Ulaan baniini bobaa jalaan seenti gadheenii

[298] Dallaa jabeessii abbaa dhumaan tolti qee'eenii (jedhiinii x2)

[299] Ijaarsa kee tolchi jedhiinii jedhiinii x2

[300] Abbaadhumaan tolti qe'eeni jedhiinii x2

[301] Gumaas hinyaannu maallaqaanii jedhiinii x2

[302] Ajjeefnee baafanna dhiigaanii jedhiinii x2

[303] Sodaa qawwee hinqabnu jedhiinii jedhiinii x2

[304] Of kabachiisuun dhiigumaanii. jedhiinii x2.

[305] Xinnoon qabduu diinan tuffatiinii

[306] Gaayyoonuu dhiira okkolchiisaa

[307] Hin'amaniin alagaan bineensaa

[308] Bishaan sinyaatu sikofalciisaa.

[309] Nu callifnaan arba ciise seetee

[310] Nu dammaqnaan boolla meeqa buutee!

[311] Akka dhukaafteef silaa dhumneerraa

[312] Gamtaan lollee kanumaaf hafneerraa.

[313] Harki mirga kootii cabnaan

[314] Mee harki bitaa maal harkaa

[315] Sana hubataatu argaa

[316] Ormi yoo dhiichisu cidhaa

[317] Keenya hoo lammiin mana hidhaa

[318] Nulleen akka dhiichifnu fedha

[319] Ormi yoo burraaqee kolfuu

[320] Koo garaan didee gammachuu

[321] Jaallan koo dhuman dagachuu

[322] Gootatu gumaa baafataa

[323] Gaafa ijjeeses dhaadataa

[324] Kan du'ee seenaan yaadataa.

[325] Gowwaa bineensaa

[326] Boolla tokkotti sagal waraanuu

[327] Wayi lugna taanee

[328] Tooftaa dhabaaf turree duraanuu

[329] Hayyuun waltaatee

[330] Biyyaaf alaa walitti asaasaa

[331] Lubbuun sodaannee

[332] Harka qullaa morma rasaasaa

[333] Onnees jennaanii

[334] Sanyii Taaddeeti bar dhaloonni

[335] Kan gama hicciitiis

[336] Adam Saaddooti bar fakkeenyii… Jedhiin

[337] Sodaa qawwee hinqabnu jedhiinii jedhiinii x2

[338] Of kabachuun dhiigumaani jedhiinii x2

[339] Damma of dibdanii afaanii jedhiinii x2

[340] Maalum nu sossobdu malaanii jedhiinii x2

[341] Araara kee hinfeenu jedhiinii jedhiinii x2

[342] Ajjeefnee baafanna dhiigaani jedhiinii x2

[343] Sitti jiguuf jira bar gaarrii jedhiinii x2

[344] Bilisummaa keenya araarri jedhiinii x2

[345] Jedhiinii jedhiinii (2)

# DABALEE B

## YUUNIVARSIITII FINFINNEE

## KOLLEEJJII BARNOOTAAFI QO'ANNOO AFAANII

## MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORII

**Dabalee "**B**"**

**Walaloo Sirboota Aadaa Walitti Qabaman**

**Weedduu Jaalalaa**

**[1]** Gaachanni gaachana hincaaluu

[2] Caalekaa gaachanni booyyee

[3] Jaalalli jaalala hincaaluu

[4] Caalekaa jaalalli ijoollee.

[5] Yaa baddeessaa laga soolee

[6] Gowwaan mukaa dhoqonuudhaa

[7] Barbaacha keen laga oolee

[8] Akka kormaa bosonuudhaa.

[9] Handoodeen kutaa 'hin addeessuu

[10] Lakkii kutaa sana miicii

[11] Naan ooddee silaa 'indandeessuu

[12] Lakkii mucaa sana dhiisii.

[13] Baddeessa soofte malee

[14] Qilxuu sooftee 'ingarree.

[15] Qancaraaf boosse malee

[16] Kichuu ijoollee ingarree.

[17] Waaqayyoo roobaa bulee

[18] Baddaan fixeensa hinqabu

[19] Maal yoon sii jedhee du'ee

[20] Garaan hiyyeessa hin qabu.

AO Kutaa 10ffaa F. 134

[21] Ashaakiltii baala nyaatuu.

[22] Naa ergi baala waleensuu

[23] Magaaltittii nyaara kuullee

[24] Naa ergi waan na jabeessuu.

[25] Muree mureen mana ijaaraa

[26] Yoo Sokorruun mana taatee

[27] Dhufee dhufeen si ilaalaa

[28] Jalalloo soogidda taatee.

AO Kutaa 9[ffaa] F. 158

[29] Jimmaafoo Jimma Jimmaa

[30] Walakkaa Gibe malee

[31] Jirraafoo jirra jirraa

[32] Wal argaa dhibe malee

[33] Iyyuurewoo iyyuuf bakkeen nagumaa

[34] Dhiisuurewoo, dhiisuuf lapheen na gubaa.

(Warquu Dachaasaa (Wiirtuu Jildii 9 f.17)

**Walaloo Viidiyoo Marsaalee Hawaasaa Irraa Fudhatame 1[ffaa]**

[35] Ooho eheehee Meettaatti wallolee

[36] Maal gochuu buute yaa Fiqiruu

[37] Biyya Badhaadhni jiru

[38] Kilaashiin baroodee Deebiin hinjiruu.

[39] Saawwan baddaa kormi keessa hinjiruu

[40] Sobaniitii shimala malee kormin jiruu

[41] Yaadawwee sigobee

[42] Saawwan baddaa kormi keessa hinjiruu

[43] Sobaniitii shimala malee firri hinjiruu x2.

[44] Aadee aadee baroodee

[45] Yoo lolaa siwayyaa yakoodee

[46] Haati soddaa damma hin nyaattuu

[47] Jiisaa jalaa muraniiti

[48] Ati hinsobdaa naman yaadduu

[49] Intala abbaa kudhaniiti.

**Walaloo Viidiyoo Marsaalee Hawaasaa Irraa Fudhatame 2ffaa**

[50] Baallammii yaa birraa shoolee, birraa shoolee

[51] Sirraan oollee dargoo koo nan turee male

[52] Baallammii laal gaayii gubanii gaayii gubanii

[53] Hin sodaatiin dargoo koo haasituqanii

[54] Faanaan fardaa cittee

[55] Kan itti ejjatanii

[56] Qomoo waliit dhufee

[57] Kan itti ergatanii.

[58] Heemmolee yaa leellisee

[59] Garaan maal si kajeelchise

[60] Qotisalleen qottaa

[61] Babattee kee cabsee

[62] Lolisalleen loltaa

[63] Amantee keen dhabee.

[64] Foolliyyoo roobee _hoo yaa foollee

[65] Foolleen laga lagaa- yaa yaaddessaa lafoo

[66] Dhufte jabbiin walii

[67] Kan walmaleen qonnee

[68] Dhufte dargoon walii

[69] Kan walmaleen lollee.

[70] Yaa weennii yaa weennii

[71] Yaa utaalaa lagaa

[72] Bakkan ofiin lollee

[73] Siifan guura dhagaa.

**Walaloo Viidiyoo Marsaalee Hawaasaa Irraa Fudhatame 3ffaa (Asaassa’ee Roobe)**

[74] Ohoohoo, eheehee asaassa’ee roobee

[75] Arfaasaa dheeresse birraan baranaa

[76] Masqala barii Asaase

[77] Gaafa irreessaa Asaase

[78] Beenu sin geessaa Asaase

[79] Yaa biiftuu hinxillaa Asaase

[80] Osoo calalaqxuu Asaase

[81] Yaa diimtuu nadidda Asaase

[82] Osoo namarartuuu Asaase

**Walaloo Viidiyoo Marsaalee Hawaasaa Irraa Fudhatame 4ffaa (Eeboo)**

[83] Eeboo 'caammaa' sharaa

[84] Dhiisaa aadaa jiraa

[85] Qee'eetti nu galaa

[86] Eebisha eeboo (x2)

[87] Nan qota jettee, Eebisha eeboo

[88] Meerre kan qortee? Eebisha eeboo

[89] Nan lolas jettee, Eebisha eeboo

[90] Meerre kan loltee? Eebisha eeboo

[91] Qonnaan qotuu, Eebisha eeboo

[92] Yoo rabbii tolee. Eebisha eeboo

[93] Kan najalaa qabdee, Eebisha eeboo

[94] Galii jabbii qabii, Eebisha eeboo

[95] Kan najalaa didee, Eebisha eeboo

[96] Galii qalbii dhabii. Eebisha eeboo

[97] Eeboo saanjaa mukaa

[98] Seesaan taa'eet mugaa

[99] Yoo goonni tokkosuu.

**Iskindir Taammiruu“Lash Godhi Xallaa” irraa kan fudhatame.**

[100] Yaa haamilee, haamilee haamtuu sararaa

[101] ‘Abeet abeet’ yaa quufa baranaa (x2)

[102] Asiin gadi allayyaa

[103] Sodaa eenyuu gallaa?

[104] Asii gadii buunaa

[105] Hambaa hafte fuunaa.

[106] Yaa haamilee haamtuu sidide moo haamaa wallaaltee ? (x2)

[107] Haamtuu sididemoo (x2)

[108] Kaan olii waamtee

[109] Kaan gadii waamtee

[110] Yaa gooftaa warraa waan gootu arraa (x2).

[111] Abuu too nan gala ka’ee too

[112] ‘Miqqanyaa’ kee achi gad ha’ee too

[113] Uffanneen kutaadhaa

[114] Maali naxalaanii

[115] Jaalalli qixxeedhaa

[116] Maali adaraanii?

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataa maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaanne ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa:- Abarraa Waaqjiraa

Mallattoo ___________

Guyyaa _____________

Ani Dr. ________________________________________ barataan kun hojii isaa of ittisuuf dhiyaachuu isaa mallattoo koon mirkaneessa.

Maqaa Gorsaa:- _______________________________________

Mallattoo ___________

Guyyaa _____________